# QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII BAANKIIWWAN AANAA WALMARAA

ADDIS ABDIISAA

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII BAANKIIWWAN AANAA WALMARAA

ADDIS ABDIISAA

GORSAAN: DR. AMAANU’EEL ALAMAAYYOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII,
JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI
FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Addis Abdiisaa mataduree: *Qaaccessa Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa* jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuunivarsiitichi kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa____________________________ Mallattoo____________ Guyyaa _____________

Qoraa Keessaa ___________________________Mallattoo ____________ Guyyaa ____________

Gorsaa _________________________________Mallattoo ____________ Guyyaa____________

______________________________________________________________

**Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii lammaaffaa (MA)**

# Axereera

*Qorannoon kun ‘Qaaccessa Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa‘jedhu irratti xiyyeeffatee qoratame. Qorannoo kana gaggeessuudhaaf wanti qorattuu kakaase, maamiltoonni dhimmaa daddabarsa maallaqaan walqabatuuf yemmuu gara baankiiwwanii dhufan haalli fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti hojirra oolu rakkoo ta’uu yeroo komatan dhagahuufi namoonni waa’ee haala fayyadama afaan achi jiruu hinbeekne tajaajila argachuuf dhiphinaafi sodaa isaan ibsan waan argiteefi. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Fayyadama Afaanii Bankiiwwan Aanaa Walmaraa keessa jiru maal akka fakkaatu qaaccessudha. Haaluma kanaan qorattuun kaayyoo ishee galmaan gahuuf mala qorannoo makootti dhimma baateetti. Argannoowwan gurguddoo qorannoo kanaa akka ibsanitti, maamiltoonni gara baankiiwwanii yeroo dhufan fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru wallaaluu irraa kan ka’e yaada isaanii ibsachuuf kan rakkatan ta’uudha. Gama birootinn baankiiwwan keessatti labsiin fayyadama afaanii hojiirra kan hinoolle ta’uu bira gahameera. Barreeffamoonni maqaa dhaabbatichaa ibsuuf alatti barreeffamanii jiraniifi tajaajilli keessa jiru kan walhinfakkaannedha. Fayyadama afaaniin walqabatee fedhiin hojjattootaafi maamiltoota bira jiru Afaan Oromoo akka ta’u barbaaduun ni mul’ata. Jechoonni akka beeksisaatti barreeffamanii jiran hiikni isaanii kan hinhubatamne ta’uufi xiyyeeffannoon baankiiwwan fayyadama afaaniif kennan laafaa ta’uun qorannoo kanaan bira gahameera. Kanarraa ka’uun, yaboon qorannoo kanaa, baankiiwwan keessatti labsiin fayyadama afaanii jiru hojiirra ooluu akka qabu, barreeffamoonni maqaa dhaabbatichaa ibsuuf alatti barreeffamaniifi tajaajilli keessatti kennamu walsimatee maamilli tajaajila gahaa argachuu akka qabu, Afaan Oromoon dabalataan tajaajila kennuu akka danda’u gochuu, hiikaafi ergaawwan baankiiwwan keessa jiran hubachuuf afaan walteessuufi moggaasuun akka barbaachisu, jedhu yaboo qorattuun furmaata ta’a jettee dhiyeessitedha.*

# Galata

Hundaa olitti qorannoo kana bifa kanaan hojjadhee akkan xumuruuf haalota ulfaataa keessattti, Waaqayyoo humna naaf ta’e guddiseen galateeffadha.

Itti aansuudhaan hojii qorannoo kanaa keessatti haala gaariin beekumsaafi muuxannoo qaban osoo hinqusatiin kan na gorsaniifi sirreeffama hojii kootiif gargaasa guddaa naaf taasisaa kan turan Amaanu’eel Alamaayyoo (PhD) baay’ee galatoomaan jedhaan.

Yeroon qorannoo kana gaggeessaa turetti maatiifi hiriyoonni koo tumsaafi jajjabina naaf ta’uun, kallattii adda addaatiin kan na deeggaraa turtan hundaan galatoomaan jechuun barbaada.

Akkasumas, kaniin baay’ee galateeffachuu barbaadu, abbaa manaa koo aarsaa ati akkan baradhuuf kanfalteef Waaqayyoo bara kee haa eebbisu.

Karaa biraatiin haadha koo Aaddee Lalisee Abdiisaa, bara kee keessatti jaalalliifi gargaarsi kee na biraa hinhafneen baay’ee galatoomi umurii dheeraan siif hawwa.

Dhuma irratti, Adaadaakoo Aaddee Dhangiyee Abdiisaa onnee cimaafi kutannoon bakkaan amma gahe kanatti akkan argamuuf gorsaafi xiiqii na keessatti uumtee na guddisteen galatoomi jechuun barbaada.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ........ i
Galata ........ ii
Baafata ........ iii
Tarree Gabateewwanii ........ v
Baafata Suuraa ........ vi
Gabaajeewwan ........ vii
Boqonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 4
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 6
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 6
1.4. Faayidaalee Qorannichaa ........ 6
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 7
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 7
1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa ........ 8
Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu ........ 10
2.1. Yaadrimee Fayyadama Afaanii ........ 10
2.1.1. Fayyadamaafi Guddina Afaanii ........ 13
2.1.2. Imaammata Afaanii ........ 16
2.2. Fayyadama Afaanii Dhimmoota Hawaasaa Keessatti ........ 18
2.2.1. Fayyadama Afaanii Diinagdee Keessatti ........ 21
2.2.2. Fayyadama Afaanii Ogummaawwan Adda Addaa Keessatti ........ 23
2.2.3. Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Keessatti ........ 24
2.2.4. Fayyadama Afaanii Quunnamtii Milkeessuu keessatti ........ 24
2.3. Fayyadama Afaanii Irratti, Muuxannoo Biyyoota Alaa ........ 26
2.3.1. Naayijeeriyaa ........ 27
2.3.2 Hindii ........ 28

2.3.3 Siwiizarlaand ... 28
2.3.4. Afrikaa Kibbaa ... 30
2.3.5. Afgaanistaan ... 31
2.4. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii Qabanii ... 32
Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa ... 34
3.1 Saxaxa Qorannichaa ... 34
3.2. Hirmaattota Qorannichaa ... 35
3.3. Maddaa Ragaalee ... 35
3.4. Mala Iddatteessuu ... 36
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa ... 37
3.5.1. Daawwannaa ... 38
3.5.2. Sakatta'a Dookumantii ... 39
3.5.3. Afgaaffii ... 40
3.5.4. Bargaaffii ... 41
3.6. Adeemsa Funaansa Ragaalee ... 42
3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee ... 43
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee ... 44
4.1. Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Mootummaafi Dhuunfaa keessatti ... 44
4.2. Fayyadama Afaan Baankiiwwanii, Barjaalee Agarsiisuu keessatti ... 48
4.3. Itti Fayyadama Afaanii Waraqaalee Maxxansaa Adda Addaa Keessatti ... 50
4.4. Dhiibbaa Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Keessatti ... 57
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ... 74
5.1. Cuunfaa ... 74
5.2 Argannoo Qorannichaa ... 75
5.3 Yaboo Qorannichaa ... 76
Wabiilee ... 78
Dabaleewwan

# Tarree Gabateewwanii

Gabatee 1. Haala itti fayyadama afaanii ........................................................................................ 64

Gabatee 2. Haala itti fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti ............................................................ 69

# Baafata Suuraa

Suura 1. Kaartaa Aanaa Walmaraa ........................................................................................... 9

Suura 2. Unka waraqaalee maallaqni ittiin bahiifi galii ta'u....................................................... 47

Suura 3. Barjaa Baankii Daldala Itoophiyaafi Baankii Awaash irraa fudhatame. ...................................... 49

Suura 4. Barjaa Baankii Internaashinaalii Oromiyaa alaan Afaan Oromoon barreeffamee jiruufi waraqaa maallaqni ittiin bahii ta'u. irratti jalqaba Afaan Amariffaan, itti aansee Afaan Ingiliziin kan barreeffame. .......................................................................................................... 51

Suura 5. Barjaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa alaan mul'atuufi maxxansaalee AO tiin barreeffaman.52

Suura 6. 1. Maamila Baankii Daldalaa Itoophiyaafi Maamila BHGO keessatti tajaajilamaa turan. .......... 53

Surra 7. Beeksisaafi waraqaalee maxxansaa adda addaa kan Afaan Amaaraan barreeffame irraa suura kaasuun fudhatame. ........................................................................................................ 55

Suura 8. Maxxansaalee daddabarsa maallaqaa agarsiisu, BDI irraa fudhatame. ....................................... 56

Surra 9. Baankii Daldalaa Itoophiyaafi Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatti waraqaa maallaqni ittiin bahii ta'u......................................................................................................................... 56

Suura 10. Baankii Internaashinaalii Nibiifi Baankii Awaaashitti waraqaa maallaqni ittiin bahii ta'u. ...... 57

# Gabaajeewwan

| | |
|---|---|
| AA | Afaan Amaaraa |
| ADWUI | Adda Dimokiraatawaa Warraaqsa Uummattoota Itoophiyaa |
| AI | Afaan Ingilizii |
| AO | Afaan Oromoo |
| AT | Aadaafi Turiizimii |
| BA | Baankii Awaash |
| BATO | Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa |
| BHGO | Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa |
| BIO | Baankii Internaashinaalii Oromiyaa |
| BN | Baankii Nibii |
| GAONF | Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee |
| KMD | Karooraafi Misooma Diinagdee |
| WATAW | Waajira Aadaafi Turiizimii Aanaa Walmaraa |
| WATBMH | Waajira Aadaafi Turiizimii Bulchinsa Magaalaa Hoolataa |
| KKF | Kan Kana Fakkaatan |

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan jiruufi jireenya ilmaan namaa milkeessuufi waliigaltee uumuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Wantoonni jireenya hawaasaatiif barbaachisan marti kan ibsaman fayyadama afaaniitiini. Haalli fayyadama afaanii kunis iddoowwan garaagaraatti bifa adda addaatiin hojiirra oola. "Language in use is a variety of setting," (Halliday 1994:233). Akka yaada kanaatti namootni haala keessa jiran irratti hundaa'anii fayyadama afaanii waan keessatti dubbataniin yookiin barreessaniin walqabsiisuun dhimma itti bahu. Kunis fayyadamni afaanii iddoo daldalaa, mana yaalaa, dirree siyaasaafi kkf keessatti haala dhimmichi keessatti dubbatamuun yookiin barreeffamuun kan murtaa'uu ta'a. Kana jechuunis fayyadamni afaanii ilaalchaafi raawwii namootaatiin kan walqabatu ta'uudha. Yaada kanas Hodgefi Kress (1993:257) yoo ibsan, "Language is to treat as ideology, actional and relational classification of thoughts and ideas should be taken into consideration," jedhu. Akka yaada kanaatti fayyadamni afaanii namoota yaada garagaraa qaban karaa giddugaleessa ta'een walitti fiduun akka waliif galan taasisuu kan danda'u ta'uu hubanna. Yaadota gubbaatti dhiyaate kanneen irraa ka'uun, afaan haalaafi iddoo garagaraatti, dhimmoota adda addaatiif karaa garaagarummaa qabuun hawaasni waliigalteef kan itti fayyadamu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii iddoofi haala keessatti gargaaramnu sana beekuufi beekuu dhabuun, walquunnamtiii taasifamu irratti dhiibbaa geessisuu danda'a.

Fayyadamni afaanii dhimma, haalaafi iddoo itti tajaajilu wajjiin walqabatee jijjiiramaa kan deemuudha. Dhimma kana ilaalchisee Wolff (2000:298) akka ibsutti, gaaffilee ijoo xinqooqa hawaasaa kanneen akka eenyutu eenyuuf maal dubbata? Yoomiifi eessatti dubbata? Maaliif? Akkamitti dubbata? kan jedhu adda baafachuu qabna jedha. Addunyaan (2010:27) waa'ee fayyadama afaanii ilaalchisee yoo ibsu ammoo, gaaffileen bu'uura afaanii hawaasaa kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattotni waliin dubbii isaanii irratti qaban kan agarsiisu yoo ta'u, yoomiifi eessatti kan jedhu yeroofi bakka dubbiin sun itti dubbatame kan ilaallatuudha. Maaliif, akkamitti kan jedhu ammoo afaan dubbatamu sun haala qabatamaa tajaajila maaliitiif akka oolaa jiru kan agarsiisudha. Kanarraa ka'uun haalli dubbii ykn haasaa taasifnuu, dhimmoota keessatti dubbannuun kan murtaa'u ta'a. Fayyadamni afaanii umurii, sadarkaa barnootaa, saala, ogummaafi aadaan illee daangeffamuu kan danda'udha.

Yaadota gubbatti dhiyaatan kanneen irraa wanti hubannu, namootni afaan tokkotti fayyadaman mata-duree irratti dubbatan bakkaafi haalli akkasumas sirni dubbii keenyaa kan jijjiiramu ta'uu isaati. Fayyadama afaanii ilaalchisee, dhiibbaan kallatti adda addaatiin jiru haala ittiin hawaasni afaan isaatti gargaaramee yaada isaa ibsatu irratti rakkoo uumuu nidanda'a. Akka seenaa biyya keenyaattis haalli kun waggoottan dheeraaf mul'achaa kan turedha. Kanarraa ka'uun sirni ture sun erga jijjiirameen booda, fayyadama afaanii ilaalchisee heera mootummaa Itoophiyaa keessatti seeronni fayyadama afaanii kan tumaman ta'uudha. Akka Heera Mootummaa Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa Bara 1994 baaseefi Bara 1995 irraa eegalee hojii irra oolfame irratti waa'ee walqixxummaa fayyadama afaanii murteesseera. Haaluma kanaan, keeyyanni Shan akka ibsutti, waa'ee afaanootaa ilaalchisee,

- Afaanootni Itiyoophiyaa hundinuu beekkamti walqixa ta'e qabu.
- Afaan Amaaraa Afaan hojii Mootummaa Federaalaa ta'u isaafi
- Miseensotni Federeeshinii afaan hojii ofii isaanii fayyadamu danda'uun heeraan kan murtaa'e dha.

Afaan Oromoo uummata bal'aa Saba Oromoof afaan dhalootaa yeroo ta'u, sabaafi sablammoonni Itoophiyaa keessa jiraatan hedduunis kan dubbatamudha. Darbees, Afaan Oromoo Ardii Afrikaa keessatti Keeniyaa, Ugaandaa, Sudaan, Jibuutiifi biyyoota Afrikaa biroo keessatti bal'inaan kan dubbatamudha. Madda Walaabuu (2005). Kana malees, Afaan Oromoo daangaa biyya Itoophiyaa keessatti bal'inaan akka dubbatamu Gragg (1976:166). "The Oromoo language is spoken over a large area extending from wello in the North to north Kenya in south, and from Wellegga in the west to Harar in the east, with Addis Ababa in the intersection of two axes." Jechuudhaan ibsa. Afaan Oromoo namoota miliyoona 40 oliin kan dubbatamu, ardii Afriikaa keessatti afaan dhalootaan dubbataman keessaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ irratti kan argamuufi uummata Afaan kushii dubbatan harka sadii keessaa harka lamaa oliin kan dubbatamudha. Damee Afaan Afiroo Eeshiyaa keessaa immoo bal'inaan dubbatamuurratti sadarkaa 3$^{ffaa}$ irratti argama. Mekuria Bulcha (1995:36). Haaluma walfakkaatuun Afaan Oromoo Afaanota Afriikaa keesssatti dubbataman tilmaamaan 1000 ta'an keessaa kanneen bal'inaan dubbataman shanan keessatti akka argamu ni addeessa. Gadaa Malbaa (1988:15). Kanaaf, fayyadamni afaanii

tajaajila barbaachisaa bakkaa barbaadametti hawaasaaf kennuu kan danda'u yoo hawaasni afaan ittiin gargaaramu sana beekeefi hubachuu danda'edha.

Akka Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.46/1994 fooyya'ee bahe keeyyata 5 jalatti ragga'een, Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati;kan barreeffamus qubee laatiniitiin ta'a, jedha. Kana jechuun manneen hojii mootummaafi dhaabbileen adda addaa naannicha keessatti argaman Afaan Oromootti fayyadamuun hawaasa tajaajiluu akka qaban kan agarsiisudha. Haaluma kanaan, dhaabbilee mootummaafi mitimootummaa tajaajila hawaasaaf dhaabbatan keessaa baankiiwwan isaan tokko. Kanaaf, baankiiwwan kan hawaasni dhimmoota maallaqaan walqabatan hunda irratti kenna tajaajilaa argachuuf itti gargaaramu ta'uu isaatiin gaheen inni hawaasaaf qabu olaanaadha.

Gama birootiin, akka yaadolee armaan olitti ibsamuuf yaalaman irraa hubachuun danda'amutti, hojiileen tajaajila hawaasaa baankii keessatti gaggeeffaman kan keessummeeffaman fayyadama afaanii mana hojichaatiin akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Waajiraaleen mootummaafi dhaabbileen tokko tokko labsiifi seera biyyattiin fayyadama afaanirratti qabdu cabsuun afaan hojii naannichaan ala yeroo gargaaraman ni mul'atu. Fakkeenyaaf, humna ibsaa, tajaajila bishaaniifi baankiiwwan mootummaafi mitimootummaa maqaa dhahuun ni danda'ama. Dhaabbileewwan kanneen keessatti immoo hawaasni dhimmoota adda addaaf tajaajila kan barbaadu ta'uun isaa beekamaadha. Dhaabbilee tajaajila hawaasaaf kennan keessaa baankiiwwan isaan ijoodha. Baankiiwwan keessatti maallaqa qusachuuf, fudhachuuf, akkasumas waliif daddabarsuufi dhimmootiin biroo karaa fayyadama afaaniitiin gaggeeffamu. Fayyadamni afaanii kunis, karaa dubbiifi barreeffamaa tajaajila kan kennu ta'ee, baankiiwwan keessatti bifa ittiin hojiirra ooluufi bu'aa qabatamaa hawaasni afaan beekuufi hubachuu danda'uun kan madaalamu ta'a. Kanaaf, walquunnamtiin maamiltoota mana baankiitti tajaajilamaniifi baankiiwwan gidduutti taasifamu hunduu gama fayyadama afaaniitiin raawwatama. Baankii keessatti karaa fayyadama afaaniitiin fedhiifi tajaajilli hawaasni dhaabbaticha irraa barbaadu hubatama.

Fayyadama afaanii baankiiwwanii ilaalchisee haalli jiru, kan heerri mootummaa naannoo Oromiyaa jedhuun qofa kan gaggeeffamu osoo hintaanee, afaanota biroo makuun tajaajila kennaa kan jiran ta'uun nimul'ata. Kanaaf, dirreewwan hojii afaanichaan fayyadaman, haala fayyadama afaanii hojiirra oolaa jiru xiinxaluun adeemsa hojii keessatti wantootni sirraachuu qaban yoo jiraatan ammo kallattii kaa'uun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qorannoon kunis

‘Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa’ maal akka fakkaatu qaaccessanii ibsuu irratti kan xiyyeeffatedha.

Aanaan Walmaraa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee keessatti kan argamtu yoo ta’u, godinicha keessatti aanaa bal’inaafi baay’ina ummataa qaban keessaa tokkodha. Aanaan kun magaalaa Finfinnee irraa kiiloomeetira 31 fagaattee argamti. Aanaa kana Kaabaan GAONF Aanaa Muloo, Kaaba Bahaan Bulchinsa Magaalaa Buraayyuu, Dhihaan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ejeree, Kibbaan GAONF Aanaa Sabbataa Hawaasiin, Kaabaa Dhihaan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobiitiin daangeffamtee argamti. Aanaa kana keessatti gandootni baadiyaa 23fi magaalotni 3 kan keessatti argamaniifi dhaabbileen oomisha abaaboo, oomisha bishaan saamsameefi waarshaa simintoo bal’inaan Kan keessatti argamanidha. Akka lakkoofsa ummataa Bara 1997 gaggeeffame agarsiisutti, baay’inni uummata aanichaa dhiira 58,297 dubara 57,734 waliigalatti 116031 akka ta’edha. Ragaan Waajira Karooraafi Misooma Diinagdee Aanaa Walmaraa irraa argame akka ibsutti, uummanni aanichaa harki caalu Afaan Oromoo kan dubbatu yoo ta’u, itti aansee dubbattoota Afaan Amaaraati. Waajiroota mootummaafi dhimmoota hojii birootiif akkasumas, tajaajiloota hawaasummaa hedduu keessattis hojiirra oolaa kan jiru Afaan Oromooti. (Maddi: WKMD 05/02/2011)

### 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Biyya tokko keessatti imaammata fayyadama Afaanii ilaalchisee, haalli hojiirra oolmaa isaa garaagarummaa akka qabu hubachuun barbaachisaadha. Labsiin dhimma afaanii waliin jiru fedhiifi amantaa uummataa bu’uura godhachuu qaba. Haalli kun xiyyeeffannoo hinarganne taanan hojiirra oolmaan afaanichaafi tajaajilli inni kennu bakka itti tajaajiluu qabuun kan walhinsimne yoo ta’e bu’aa qabeessummaan inni hawaasaaf kennu kan daangeffamedha.

Kanaafuu, osoo imaammata fayyadama afaanii tokko hojii irra hinoolchiin fedhiifi amantaa uummataa xiinxaluun murteessaadha. Namoonni imaammata afaanii bocan tooftaalee adda addaa fayyadamuun hojiirra oolmaa isaa mirkaneeffachuu qabu. (Shoham 2006). Waajiraaleen mootummaafi mitimootummaa hundi akkaatuma fedhii isaaniitiin fayyadama afaanii bocatu. Kun immoo akka labsii heera mootummaa naannichaatti sirrii waan hin taaneef dhimmoota furmaata barbaadan ta’anii mul’atu. Kunis akka labsii mootummaa naannoo Oromiyaatti Afaan Oromoo, afaan hojii mootummaa naannichaa ta’ee akka tajaajiluuf, seeraan raggasifamus

baankiiwwan keessatti Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii walmaddii fayyadamuun nimul’ata. Kun immoo yeroo ammaa kana Keessa dhimma furmaata barbaadudha. Sababni isaas, fayyadamni afaanii tajaajila hawaasni dhaabbaticharraa argatu milkeessuufi dhiisuu irratti gahee qaba.

Kanaaf, qorannoon kun ‘Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa’ keessatti argaman jedhu, qaaccessuun rakkinoota fayyadama afaanii jiran adda baasuun kallattii furmaataa agarsiisuuf yaadamee, qorattuuf ka’umsa kan ta’eedha. Haaluma kanaan, dhiibbaa Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii qofa fayyadamuun baankiiwwanii, hawaasa Afaan Oromoo qofa beekan irratti qabu qaaccessuun hanqinootaafi ciminoota jiran adda baasuufi. Hanqinoonni mul’atan kunneenis hawaasa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Aanaa Walmaraa keessa jiraatanii dhaabbilee kanneen irraa tajaajila argachuuf dhufaniif akkataa barbaadamuufi fedhii isaanii kan hingunne, rakkinoota afaan hubachuu dadhabuu, qajeelfamoota raawwii daddabarsaafi qusannaa waliin walqabatee jiran hubachuu dadhabuufi kan biroollee keessatti nimul’atu. Hanqinoonni akkanaa kun immoo, ergaan darbuu qabu akka hindabarreef kanneen gufuu ta’uu danda’anidha. Ergaan barbaadamu hindabarree jechuun immoo walquunnamtii sirriin maamilaafi dhaabbaticha gidduutti akka hingaggeeffamne taasisuun fayyadama afaanii gufachiisa.

Kanaafuu, qorannoon kun ‘Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaaraa keessatti’ maal akka fakkaatu qaaccessuu jedhu keessatti qorattuun ka’umsa haala qabatamaa ofiin yeroo gara dhaabbilee kanneenii dhaqxu ishee muudatan irratti hundaa’uun, dhiibbaa fayyadamni afaanii walquunnamtii hawaasaa gufachiisan adda baasuun qorannoo kanaan furmaata dhiyeessiti. Kaayyoo kana galmaan ga’uufammo gaaffileen bu’uuraa armaan gadii kaa’amniiru.

1. Baankiiwwan aanicha keessa jiran maamiltoota isaanii afaan kamiin keessummeessu?
2. Fayyadamni afaanii baankiiwwan keesa jiru, labsii heera mootummaa kan hordofedhaa?
3. Afaan baankiiwwan tajaajila kennaa jiraniin, uummatni aanichaa itti gammadaa jiraa?
4. Hanqinaalee itti fayyadama afaaniin walqabatee mul’ataniif furmaatni isaa maal maali?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa gooroofi gooreetti qoodamee, akka asiin gadiitti dhiyaate jira.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, ‘Fayyadama Afaanii baankiiwwan mootummaafi dhuunfaa GAONF Aanaa Walmaraa’ keessa jiru maal akka fakkaatu qaaccessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa immoo qabxiiwwan armaan gadii irratti kan xiyyeeffatedha.

1. Afaan hojii baankiiwwan dhuunfaafi mootummaa aanichaa gargaaraman maal akka fakkaatu ibsuu.
2. Fayyadama afaanii baankiiwwaniifi labsii heera mootummaa maal akka fakkaatu agarsiisuu.
3. Fayyadama afaanii hojiirra oolaa jiru irratti itti quufinsi hawaasaa maal akka fakkaatu agarsiisuu.
4. Fayyadama afaaniin walqabatee hanqinoota mul’atan adda baasuun agarsiisuu.

### 1.4. Faayidaalee Qorannichaa

Faayidaan qorannoo, raawwii qorannoo tokkoo booda bu’aa argamuun ibsama. Haaluma kanaan qorannoon kunis, qaamolee gara fuula duraatti qorannoo bifa kanaa qabu gaggeessuu barbaadaniif iddoo olaanaa qaba. Gama birootiin qorannoon kun namoota dhuunfaafi hawaasa bal’aa tajaajiluu akka danda’u niamanama. Kanaaf, faayidaan qorannoo kanaa qabxiilee armaan gadiitti dhihaatan keessatti mirkaana’uu danda’a.

- Barattoota dhaabbileee barnoota olaanoofi namoota qorannoo bifa kanaa qabu gaggeessaniif, haala fayyadamni afaanii baankiiwwan mootummaafi dhuunfaa keessatti hojiirra oolu agarsiisuu danda’a.

- Waajiraalee mootummaafi dhuunfaa kanneen afaan hojii naannoon gargaramaniif, humna ta'uun kanneen kanaan ala deemaniif fayyadama afaanii irratti xiyyeeffannoo akka kennaniif nigargaara.
- Qaamni mata duree kanaan walqabsiisee qorannoo gaggeessu yoo jiraate, kallattii ciminaafi hanqina mata durichaan walqabatee jiru agarsiisuu danda'a.
- Qaamolee baankiiwwan mootummaafi dhuunfaa keessatti tajaajila barbaadanii sababa fayyadama afaaniitiin rakkoof saaxilamaniif furmaata ta'uu danda'a.
- Waajirri AT fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru, argannoo qorannoo kanaa irraa ka'uun hordoffiifi tarkaanfii fudhachuu akka danda'an kallattii ni agarsiisa.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Qaaccessa Fayyadama Afaanii Baankiiwwan GAONF Aanaa Walmaraati jedhu irratti xiyyeeffata. Qorannichi ragaalee baankiiwwan mootummaafi dhuunfaa aanichaa keessatti argamaniifi yeroo ammaa tajaajila kennaa jiran Shan qofa ilaallata. Isaanis: Baankii Daldala Itoophiyaa, Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa, Baankii Awaash, Baankii Internaashinaalii Oromiyaafi Baankii Nibii irratti kan daangeffamedha. Xiyyeeffannoon qorannichaas, dhimmoota afaan dubbiifi barreeffamaan baankiiwwaniifi maamiltoota gidduutti taasifamu kan dabalatudha. Ragaan fudhatames, baankiiwwan mootummaafi dhuunfaa GAONF Aanaa Walmaraa maqaa dha'aman qofa ilaallata.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti jiru qorannoon deeggaranii furmaata dhiyeessuun barbaachisaadha. Haata'u malee, sababa hanqina yeroofi baajataan, dhimmoonni qorannoo kana keessatti hammatamanii hojjatamuu danda'an hedduun jiranis, haalota kanaan daangeffamanii hafuun hanqina qorannichaati. Kana malees, maamiltoonni obsa godhatanii odeeffannoo barbaadamu kennuuf eeyyamamoo hinturre. Kanaaf akkaataa isaaniif mijatuun itti deddeebi'uun, kaayyoo qorannichaa hubachiisuun ragaaleen odeefkennitoota irraa walitti qabamanii qindaa'aniiru. Gama biraan, kitaabileen fayyadama afaanii ilaalchisee AO'n barreeffamaniifi fayyadamni afaanii dhaabbilee baankiiwwanii ibsan argamuu dhabuun rakkoo biroodha. Kanaaf


qorattuun kitaabilee Afaan Ingiliziitiin barreeffaman, yaada hayyootaa, qorannoowwan firoommi qabaniifi toora marsariitii gargaaramuun ragaalee argaman qindeessite.

### 1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aanaan Walmaraa aanolee GAONF argaman keessaa tokkko yoo taatu, magaala guddoo Oromiyaa Finfinnee irraa gara kallattii Lixaatti kiiloo meetira 31, fagaattee kan argamtu yoo taatu, moggaasni maqaa aanaa kanaa, gaarreen kallattii adda addaatiin itti marsanii waan jiraniif Aanaa Walmaraa jedhame. Gaarreen marsanii jiran kunneenis, Gaara Gooroo, Gaara Eegduu, Gaara Wacacaafi Gaara Tulluu Waatoo Daalachaatiin marfamtee jirachuun, Aanaa Walmaraa jechisiise jedhama. (Maddi: Waajira Aadaafi Turiizimii Aanaa Walmaraa 07/02/2011).

Maqaan gandoota aanichaas seenaa adda addaa bu'uureffata. Kunis maqaa namoota naannoo sana jiraachaa turanii, bineensotaafi haala teessuma lafaa irratti kan hundaa'edha. Akka ragaan lakkoofsa uummataa bara 1997 taasifame waajjira Karoora Misooma Diinagdee aanichaa keessa hojjatamee jiru mul'isuttti sabaafi sablammiin aanicha keessa qubatee jiru; uummanni baadiyyaa dhiira 56212, dubara 57203 waliigala 113415fi uummanni magaalaa dhiira 2085 dubara 531 waliigala 2616 yoo ta'an waliigalli uummata baadiyyaafi magaalaa aanaa kanaa 116031 ta'uu ragaan argame ni mul'isa. Haalli qilleensaa, Baddaa 61%fi, Baddadaree 39% kan qabdudha. Bal'ina lafaatiin lafti misoomaa qonnaaf oolu, heektaara 37411, lafti dheechisaa heektaara 1192, lafti bosonaan uwwifamee argamu heektaara 10155, lafti albuuda uumamaafi kaanneen biroo uwwifamee argamu heektaara 8,968 lafti tajaajilaaf hinoolle heektaara 4550tu argama.

Qabeenyi uumamaa hawwata misooma turizimiifi tajaajilan keessatti argamu. Isaanis, Bosona Suubbaa, Fincaa'aa Laga Hoolataafi Tursiisa Bineensotaa Koloboo ofkeessatti hammattee argamti. Hojiin diinagdeefi misoomaa beekamaan midhaan biilaa, midhaan dheedhii, midhaan zayitaafi darbee darbees midhaan agadaa oomishuun beekamtuudha. Akkasumallee warshaalee addaa addaa bal'inaan kan keessatti argamaniifi carraa hojii dargaggootaaf uumuu keessatti gahee kan qabanidha. Haata'u malee, aanaan kun dhiyeenya magaalaa Finfinnee irraa qabduun barattoonni gara mana barnootaa dhaquu caalaa, gara magaalaatti godaanuufi hojii humnaa irratti xiyyeeffachuun bal'inaan kan mul'atuufi hojiin hubannoo uumuu dhimma xiyyeeffannoon hojjatamuu qabudha.




Suura 1 Kaartaa Aanaa Walmaraa (Maddi:Waajira Karooraafi Misooma Diinagdee irraa fudhatame).

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Yaadrimee Fayyadama Afaanii

Boqonnaan kun, sakatta'a barruuwwan qorannoo kana cimsan of keessaa qaba. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti yaadrimee fayyadama afaanii, fayyadama afaanii dhimmoota hawaasaa keessatti, fayyadama afaanii irratti muuxannoo biyyoota alaa, fayyadamaafi guddina afaanii, fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti, imaammata afaanii, jedhuufi qabxiilee mata duree qorannoo kanaa tumsan xixiqqaan walduraa duubaan dhiyaatanii jiru.

Boqonnaa kana keessatti waa'ee fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti hojiirra ooluu, labsii heera mootummaan Itoophiyaa fayyadama afaanii irratti qabdu, muuxannoo biyyoota afheddeefi haala hawaasa naannoo walbira qabuun qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatedha. Kunis dhimmoonni fayyadama afaanii gama labsii mootummaan jiruufi baankiiwwan keessatti haalli ittiin hojiirra oolu, tajaajila hawaasni naannoo baankiiwwan irraa argatu milkeessuufi dhiisuu isaa, hojiirra oolmaa fayyadama afaanii jiruun kan mul'atudha. Kana jechuun tajaajilli hawaasni baankiiwwan irraa barbaadu milkaa'uu kan danda'u fayyadama afaaniitini. Jiruufi jireenya ilma namaa keessatti iddoon afaan hinseenne hinjiru. Kanaaf, afaan kan ilmi namaa jiruufi jireenya isaa keessatti dhimmoota adda addaa ittiin raawwatuufi tajaajila meeshummaa kan qabu ta'uun isaa beekamaadha.

Yaada kana irraa ka'uun afaan waan hunda kan hammatu, jiruufi jireenyi namaa kan ittiin ibsamudha. Akkasumas, afaan karaa odeeffannoon qaama tokkorraa kan birootiif darbu qofa osoo hintaane, qaamolee hawaasa tokkoo, kan biroo wajjiin, walitti fiduuf kan tajaajiludha. (Addunyaa; 2010:1), Flowler 1978:15 wabeeffachuun, "Language is not simply autilization means of passing information to another party. It is also a link between members of a society or a link between societies themselves, jechuudhaan ibsa. Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, fayyadama afaanii keessatti odeeffannoon qofti qaama tokko irraa gara qaama birootti kan darbu qofa osoo hintaane, miseensa hawaasaa kan walitti fiduufi hariiroo hawaasa gidduu jiru walitti fiduun karaa walhubachuu danda'aniin kallatti agarsiisudha.

Gama birootiin, afaan kan hawaasni tokko kan biroo wajjiin walitti dhufanii jiruufi jireenyaasaanii geggeessan keessatti kan itti fayyadaman ta'uu hubanna. Afaan jechuun, akka saayinsiin afaanii barsiisutti, meeshaa ittiin waliigalan, kan uummattootni muuxannoo

hawaasummaatiin horatan yookan gonfatan ta'uu isaati. Gama birootiin maalummaa afaanii ilaalchisee, hayyoonni garaagaraa karaa adda addaatiin hiika kennanii jiru. Akka Krauss and Chiu (1994: 87) "Language is the medium of communication through which we express our emotions, ideas, feelings and thoughts to our fellow people" jedhu. Ibsa kana irraa akka hubatamutti, afaan karaa ilmi namaa walquunnamtii ittiin adeemsisu ta'ee, kan namoonni miira isaaniitti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsatanidha.

Afaan yoo jedhamu akka feeteen kan uumame, qaamolee dubbii uumanitti fayyadamuudhaan dhalli namaa waliigalteen akka fudhateef, akka isaa galutti yaada isaa kan dabarsu meeshaa waliigalteeti. Afaan ilaalchisee Addunyaan (2014: 1) yoo ibsu:

> *Afaan waahalle, kan itti jiraatan; kan ittiin jiraatan immoo jireenya. Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessu yoo ta'u, yaaduun garuu, bakka addaaniiti (point of departure). Afaan, kan ittiin yaadaniifi wal-qunnamaniidha.*

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, afaan sochii jiruufi jireenya dhala namaa keessatti iddoo olaanaa kan qabu, kan dhalli namaa qofti karaa adda ta'een itti gargaaramuufi namoota biroo waliin hariiroo ykn quunnamtii uumu kan agarsiisudha. Dabalataanis waa'ee afaanii ilaalchisee, Goshgarian (2001:26) akka armaan gadiitti ibseera.

> *Language is the highest intellectual activity we practice. It is the way we define our selves who we practice. It is the way we define ourselves who we are as a species, as individuals, as society and as a culture. It is the bases of thought because it contains the symbols of thought*

Akka ibsa armaan olii kanarraa hubannutti, afaan gocha sammuu isa olaanaa dhalli namaa badhaafame ta'ee, afaan yaada nama dhuunfaa yookaan waan hawaasaatti dhagahame kan ittiin ibsataniidha. Akkasums, afaan mallattoo eenyummaa, aadaa saba tokkoo kan ittiin ibsataniifi, handhuura jireenya dhala namaa akka ta'e hubachiisa. Namni miira isatti dhagahame afaan isaatiin ibsata. Waa'ee faayidaa afaanii ilaalchisee, Cook (2010: 85) akka ibseeti,

> *Language is at the center of human life. We use it to express our love or our hatred, to achieve our goals and further our cares, to gain artistic satisfaction or*

*simple pleasure. Through language we plan our live and remember our past: we exchange ideas and experiences, we from our social and individual identities.*

Akka yaada kanarraa hubannutti, afaan meeshaa bu'uuraa ilma namaa ta'ee, ilaalcha, jaalala yookan jibba nutti dhagahame, muuxannoo qabnu irraa ka'uun kan ittiin ibsannudha. Karaa afaanii jireenya karoorsina; kan darbe ittiin yaadachuun muuxannoo qabnu kan waljijjiirrudha. Faayidaa afaanii keessaa muraasni, qorannoofi qo'annoo dhimmoota hawaasummaan wal-qabatan ifa baasuuf, beekumsa dhokate sammuu keessaa jiru ifa godhee agarsiisuuf, miira sammuu keessa jiru ifa gochuuf, aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo ifatti baasuuf, siyaasa hawaasa tokkoo olkaasee dubbachuufi kan kana fakkaatan ibsachuu danda'uudha.

Fayyadama afaanii jechuun akkaataa afaan ogummaalee afaanii hordofee baratamuufi hawaasni afaan sanatti gargaaramee, haala qabatamaa keessa jiruun walqabsiisee kan dhimma itti bahudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee hayyoonni garaagaraa hiika kennanii jiru. Akka (Cooper1976) ibsutti, xiyyeeffannoon xiinqooqaa garaagarummaa afaan tokkoo akkasumas, looga tokko keessatti haala dubbiin, seerlugaan, jecha uumamu yookaan addaa addummaa afaanotaa jiddutti uumamudha jedha. Kana malees, xiyyeeffaannoon xiinqooqaa, fayyadama afaanii keessatti garaagarummaa garee murtaa'e tokko keessatti jiru yookaan haala fayyadamaa irratti addaa addummaa garee hundarratti mul'atu kan ilaaluudha. Fayyadama afaanii jechuun naamusa dandeetti afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, akkaataa afaan itti baramuufi addunyaa ammayyaawaa ta'e keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha jedha. "Applied linguistic is the one of several academic disciplines focusing on how language is acquired and used in the modern world." Jedha.

Kana malees, fayyadamni afaanii, afaan guddisuufi tajaajila kennuu dabaluu keessatti gahee olaanaa qaba. Kunis hojiirra oolmaan fayyadama afaanii hanguma dabalu guddinni qabus nidabala. Kana jechuun yaaxxinni fayyadama afaanii hojiirra oolmaa fayyadama afaanii dhimmoota adda addaa keessatti akkaataa ittiin afaan tajaajila kennuu kan xiinxaludha. Kanaaf, fayyadama afaanii qorachuun, afaan tokko dagaagsuufi guddisuu, akkasumas, hojiirra oolchuuf kan gargaarudha. Gama birootiin, fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabataniif furmaata barbaaduun yaadiddama bu'uuraa kaa'uudha. Keessattuu rakkoo afaan barnootaa yoo ta'e, afaan tokkoffaa, afaan lammaffaa yookaan afaan alaa baruu barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniif furmaata kaa'uudha. Akkasumas, rakkoo jijjiirraa afaanii

keessatti mul’ataniifis fala barbaaduudha. Kana malee, caasaa afaan tokkoo qaaccessuun yookaan qorannoofi qu’annoo taasisuun furmaata barbaaduudha jedha.

> *Applied linguistic provides the theoretical and descriptive foundations for the investigation and solution of language related problems, especially those of language education (first language, second languageand foreign teaching and learning), but also the problems of translation and interpretation, lexicography, forensic linguistic and perhaps. Young Richard (1998:).*

Akka yaada kanaatti, xiinxalli fayyadama afaanii, afaan guddisuuf hubannaa kennuu irratti gahee guddaa qaba. Gahee fayyadamni afaani jireenya namaa keessatti taphatu xiinxaluu keessatti jiddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qo’atuudha. “Applied linguistic is concerned with the promoting our understanding of the role of language plays in human life. At its centers are theatrical investigations real world issues in which language playsleading role.” Goldman-Rakic (1998:67). Karaa biraatiin, fayyadamni afaanii hubannoo namoonni afaan irratti qaban kan dabaluufi jireenya ilma namaa keessatti gahee guddaa akka qabudha. Addunya dhugaa keessa jirannus haalaan hubachuuf fayyadamni afaanii murteessaadha.

Gama birootiin fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanii haala garaagaraa keessatti qabu kan agarsiisudha.Yaada kana ilaalchisee, Clark (1996:51) yoo ibsu: fayyadamni afaanii hojii hunda keessatti barbaachisaafi murteessa ta’uu ibsee jira. Kanaaf, hojiileen guyya guyyaan raawwataman marti adda addummaa haala xiinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuu irratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun fayyadama afaanii, garaagarummaa fayyadama afaanii hawaasa gidduu jirullee kan hammatudha. Kunis, hawaasni afaan beekutti fayyadamee yaada isaa ibsachuu danda’uu kan agarsiisudha.

### 2.1.1. Fayyadamaafi Guddina Afaanii

Guddinni afaanii hawaasa afaan isaatiin tajaajilamuuf yoo bifa hammayyoomeen karoorfame bu’aa buusuu eegale mul’achuu danda’a. Karaa dubbiitiin waliigaltee namoota giddutti taasifamu mijeessuu bira darbee bifa barreeffamaatiin guddina saayinsiifi teeknoolojii faana guddachuun, fedhii hawaasaa guutuu qaba. Gama kanaan Afaan Oromoo sirnoota darban keessatti walquunnamtii afaanii bira darbee barreeffamaan faayidaa kennaa hinturre. Haata’u malee, mootummaan ADWUI heera federaalaa bara 1987 keewwata 5.3 gubbatti taa’een mootummaan

naannolee hunduu imaammata fayyadama afaanii mataasaanii akka baafatanii afaan isaanii guddifachuu danda'an murteesseera. Haaluma kanaan, Afaan Oromoo carraa kana argachuun guddina agarsiisuu eegale. Afaan Oromoo guddisuurratti gahee kan qaban dhimmamtoota A/O irratti hojjataniifi A/Otiin hojjatan akka ta'e Abbabaa Qannoo (2006:58) "Wiirtuu" lakk.10 irratti ibseera.

Dhimmoonni fayyadama afaaniifi guddina afaanii jedhaman kan walbiraa hafanii miti. Sababni isaa afaan kallattii adda addaatiin yoo hojiirra oole guddachuu waan danda'uufi. Afaan guddatee kan jennu sadarkaa dubbii afaaniitti dubbatamuun ykn barreeffamuu qofaan kan dhufu osoo hintaane, afaan hojii, afaan ogbarruun adda addaa ittiin barreeffamu, afaan sabquunnamtii, afaan barnootaa ta'ee yoo tajaajile, guddinni afaanii sadarkaa barbaadamu irra gahe jechuu dandeenya. Guddinni afaanii hojiirra oolmaa fayyadama afaaniin akka calaqqisuu yaadolee dhiyaatan irraa hubachuun nidanda'ama.

Kanaaf, afaan bal'inaan hojiirra oole tokko guddinni isaas hagasuma akka dabalu hubachuun nidanda'ama. Kanaaf guddina afaaniif qaamoleen dhimmi ilaallatu hunduu gahee isaanii bahuu akka qaban hubachuun barbaachisaadha. Guddina afaanii mirkaneessuuf, fayyadamni dhuunfaan taasifamu akkuma jirutti ta'ee, heerriifi labsiin fayyadama afaanii biyyoonni tumatanis hojiirra ooluu qaba. Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne biyyi keenya labsii fayyadama afaanii ilaalchisee seera tumatte niqabdi. Haata'u malee, seeronni fayyadama afaanii ilaalchisee biyyi keenya baafattee jirtuufi hojiirra oolmaan isaa kan walhinfakkaanne ta'uudha. Kanaaf, akka qabatamaa biyya keenyaatti mootummaan naannolee afaan hojii naannoo isaanii akka fayyadamaniif heeraan kan tumame ta'ullee dhiibbaa kanaan dura afaan sabaafi sablammootaa irra gahaa turen seerri fayyadama afaanii naannolee keessatti osoo hinsirratiin kan hafedha. Dhimma guddina afaanii wantoota mirkaneessan keessaa fayyadamni isa ijoodha. Haalli fayyadama afaanii yeroo ammaa dhaabbileewwan keessatti mul'atau immoo afaan akkaataa barbaadamuun akka hinguddannee taasisaa jira. Kanaaf dhimma guddina afaanii mirkaneessuuf haalota fayyadama afaanii jiran sirreessuun murteessaadha. Kana gochuuf, seeronniifi labsiiwwan dhimma fayyadama afaanii irra deebiin waan ilaalamuu qabuufi xiyyeeffannoo barbaadudha. Afaan tokko guddachuu kan danda'u ammoo wantootni lama hojiitti yoo hiikaman akka ta'e hayyootni nidubbatu.1. Afaan murteessuu yookiin gahee murteessuu (Status planning) yoo qabate. Kana jechuun tajaajila afaan tokko heeraafi seera biyyattii keessatti keeyyata mirga afaan sana dhimma adda addaatiif fayyadamuu mirkaneessu, murtee siyaasaa kennuufi hojiirra oolchuudha.

Fakkeenyaaf, afaan barnootaa, afaan hojii, miidiyaalee, dhaabbileefi kkf. keessatti kennu murteessuudha. Afaan Oromoo guddisuuf sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti tajaajila ykn gahee afaanichaa murteessuu hedduu kennamaniiru. Isaan keessaa muraasni:

Afaan Oromoo Afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'uu, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.46/1994:4 fooyya'ee bahee keewwata 5 jalatti "Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati. Kan barreeffamus qubee Afaan Oromootiin ta'a." jedha. Labsii kanarraa ka'uun waajjiraaleen mootummaafi miti mootummaa naannoo Oromiyaa jalatti bulan hunduu, Caffeen Oromiyaa, Dhaabbileen daldalaa mootummaafi dhuunfaa, Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Miidiyaaleen Ummataa kan naannoofi federaalaa muraasni Afaan Oromootiin hojjataa jiru.

Afaan Barnootaa ta'uu. Kanarratti Wiley (1996:130) afaan barnootaa yoo ibsu "Afaan barnootni ittiin kennamu murteessuu, barsiisota afaanichaan barsiisan qopheessuu, meeshaalee barnootaa kan akka sirna barnootaa, silabasii, meeshaalee gargaarsa barnootaa qopheessuufi haala aadaa hawaasichaatiin walsimsiisuun dhiyeessuudha," jedha. Afaan Oromoos erga carraa kana argatee, manneen barnoota sadarkaa 1ffaafi dhaabbilee leenjii barsiisotaa sadarkaa dippiloomaatti kan mootummaafi dhuunfaattille afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa jira. Akka barnoota afaaniitti ammoo oolmaa daa'immanii irraa eegalee manneen barnoota sadarkaa 1ffaafi mana barnootaa sadarkaa 2ffaa keessatti akka gosa barnootaa tokkotti kan kennamu yoo ta'u, Yuunivarsiitii muraasa keessatti digrii 1ffaa, 2ffaafi 3ffaan ittiin kennamaa jira.

2. Afaan karoorsuu (Language planning) Afaan biyya tokkoo afaan hojii mootummaa ta'ee erga mirkanaa'ee booda haala afaan sun hawaasicha ittiin tajaajilu mijeessuudha. Afaan guddina diinagdee, hawaasaafi teeknoolojii faana deemuu akka danda'u dhaabbata guddina afaanii karoorsu, kan aangoon akkaataa fayyadamaarratti seera baasuu kennameef yookiin giddu gala qorannoo afaanii qabaachuudha. Abbabaa (2006:87). Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti qaamni afaan karoorsu jijjiiramoota hawaasaafi diinagdee waliin fayyadamni afaanii mijachuu akka qabu kan ibsudha. Haata'u malee, aangoon qaama afaan karoorsuuf kennamee akka qabatamaa biyya keenyaatti fayyadama afaanii hawaasa itti tajaajilamuuf mijeessuu jedhu kan hinmul'anne ta'uudha. Kanaaf dhimma fayyadama afaanii sirreessuuf hojiin gama mootummaafi qaamolee dhimmi ilaaluun hojjatamuu xiyyeeffannoo kan barbaadudha.

Sababni isaa hojiileen akka biyya keenyaatti fayyadama afaanii waliin walqabatee hojiirra oolaa jiran kan imaammataafi labsii mootummaan raggaasifameen hojiirra oolaa kan hinjirredha.

### 2.1.2. Imaammata Afaanii

Biyya tokko keessa imaammata fayyadama afaaniifi haala qabatamaa hojiirra oolmaa isaa gidduu garaagarummaatu jira. Mootummaan osoo amantaafi fedhii uummataa hinxiinxalin imaammata fayyadama afaanii labsu hinqabu. Imaammanni fayyadama afaanii fedhiifi amantaa uummataa irratti hundaa'ee qabatamaan yoo hojiirra hinoolle, fedhiifi amantaa ummataa kan hineegne ta'ee waraqaa qofa irratti hafa. Imaammanni afaanii qajeelfama karaa seera qabeessa ta'een dhimma afaanii ilaalchisee akkaataa ittiin afaan hojiirra oolu ilaalchisee bahudha. Kanaafuu osoo imaammata fayyadama afaanii tokko hojii irra osoo hinoolchin fedhiifi amantaa uummataa xiinxaluun murteessadha. Yaada kana ilaalchisee: Milkeessaan (2015:41) Schiffman (2005) wabeeffachuun yemmuu ibsu:

> *Imaammanni afaanii imaammata hawaasummaa keessaa tokko ta'ee, garuu hiika garaagaraatu kennamaafi. Imaammanni afaanii karaa seeraan tumameen (dejure)fi karaa hinlabsamneen (defacto) wixinaa'ee hojiirra ooluu danda'a. Yaadrimeen imaammata afaanii waa'ee faayidaa, beekamtii, walqixxummaa filannoo afaan hojiifi mirgoota uummataa afaanicha dubbataniin oolaniin walqabatee, murteewwaniifi seerota bahan qajeelfamootafi kallattiwwan ka'amaniifi hojirra oolanidha.*

Akka yaada kanaatti, imaammanni fayyadama afaanii kanuma akka tasaa murteeffamu osoo hintaane fedhiifi mirgi dubbattoota afaan sanaa xiinxalamee filannoon fayyadama afaanii karaa beekkamtiifi walqixxummaa afaanota biroo eegeen akka karoorfamuufi hojiirra oolu kan agarsiisudha.

Hojiirra oolmaan imaammata fayyadama afaanii uummataan yoo xiinxalame bu'a qabeessa ta'uu danda'a. Shohamy (2006:51). Kallattii kanaan akka ibsetti namoonni imaammata afaanii bocan ilaalcha sagantaa isaanii gubbaa irraa dirqamaan gadi buusuuf qaban jiraachuu hinqabu. Shohamiin, Baladouf bu'uureffatee akka ibsetti, imaammanii fi karoorri afaanii gadii gara olii guutumatti fudhachuu dhiisuun ajandaafi yaada mataa isaanii humnaan uummata irratti fe'an. Namoonni imaammata afaanii bocan tooftaalee adda addaa fayyadamuun hojiirra oolmaa isaa

mirkaneeffachuu qabu. Shohamy (2006). Akkuma garaagarummaan fayyadama afaanii biyyaa biyyatti garaagarummaa qabaatu, imaammanni fayyadama afaaniis adda addummaa niqabata. Haala kanas muuxannoo fayyadama afaanii biyyoota afheddee ta'an keessatti kan ibsame ta'ee, Itoophiyaan biyya sabaafi sablammiin garaagaraa keessatti argamtuufi muuxannoon fayyadama afaanii irratti qabdu kan biyyoota afheddee ta'anii irraa addummaa qaba. Kunis imaammanni fayyadama afaanii Itoophiyaa moototа darban keessatti yeroo garaagaraa jijjirama amma ta'e agarsiisus bu'uura irraa yaada ifa ta'e kan agarsiisu hinturre. Haaluma kanaan imaammanni afaanii Itoophiyaa bara mootummaa Hayilesillaasee irraa jalqabee kan bahe yoo ta'u, yeroo kanatti afaan hojii mootummaa kam akka ta'e wanti addatti agarsiisu hinjiru. Haat'u malee heerichi Afaan Aamaaraatiin kan barreeffame ta'uu, (Geetachoofi Derib, 2006) niibsu. Erga mootmmaan Hayilesillaasee kufes, bifuma walfakkaatuun bara mootummaa Dargii keessatti Afaan Amaaraa, afaan hojii mootummaa ta'ee itti fufe. Imaammanni fayyadama afaanii mootonni kun lamaan hordofan kan walfakkaatudha. Sababni isaas mootummaa Hayilessillaasees ta'ee, mootummaa dargii keessatti Afaan Amaaraa afaan hojii ta'ee tajaajilaa ture. Haalli imaammata afaanii mootummaa ADWUI immoo karoora haaraa kan moototа darbanii irraa adda ta'e qabatee dhufe. Kunis bara 1994 Heerri Mootummaa Federaalaa seenaa imaammata afaanii biyyattii kan jijjiireefi walqixxummaa afaan sabaafi sablammootaa kan mirkaneessedha.

Haaluma kanaan miseensonni federeeshinii biyyatti afaan hojii naannoo isaanii fayyadamuu akka danda'anidha. Bu'uuruma kanaan, Afaan Oromoo afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'uun, labsii heera mootummaa naannoo Oromiyaa bara 1994 raggaasisuuf bahe keeyyata 5 irratti 'Afaan Oromoo Afaan Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati;kan barreeffamus qubee Afaan Oromootiin ta'a jechuun ibsee jira. Kanaaf qorannoon kun bu'uura heera mootummaa fayyadama afaanii irratti tumamee jiruufi haala fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru sakatta'uun dhimmoota gama fayyadama afaaniitiin jiran agarsiisuu kan danda'udha.

Walumaa galatti imaammanni afaanii yeroo bocamu fedhiifi dhugaa qabatamaa hawaasa keessa jiru bu'uureffachuu qaba. Sababni isaas, guddinafi hojirra oolmaa afaan Sanaa tumsuun imaammatichi akka hojiitti hiikkatuuf fudhatamummaan afaan sun hawaasa biraa argatu qixuma sanaan waan dabaluufi. Kanaaf, fedhii jiru xiinxaluufi heera kanaan dura bahan keessa deebi'anii ilaaluufi hojiitti hiikuun barbaachisaa ta'a.

## 2.2. Fayyadama Afaanii Dhimmoota Hawaasaa Keessatti

Akka Clark (1996) jedhutti, afaan kan qo'atamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiniidha. Caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjechaa, xinhimaafi xinhiika afaanichaati. Haata'u malee, fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuu salphaa miti. Kunis, fayyadama afaanii qo'achuun xinqooqa hawaasaa qo'achuu waan ta'eefi. Itti dabaluun, qo'annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu, qo'annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qo'achuudha. Dhimmoonni ijoon qabxii kana jalatti ilaalaman haala fayyadama afaanii dhimmoota hawaasaa keessatti bifa ittiin hojiirra oolaniifi ergaan isaan dabarsan hiika inni qabu xiinxaluun barbaachisaa akka ta'edha. Kana jechuun fayyadamni afaanii dhimmootaan, haalotaan, akkasumas ogummaadhaan daangeffamuu waan danda'uufi. Fayyadama afaanii keessatti dubbataan ykn barreessaan waantota eeraman kanneen bu'uureffatee ergaasaa afaaniin ykn barreeffamaan dabarsuuf Kan dirqamu ta'a. Seeronni kunneen kabajamuu dhabuun hiikni ykn ergaan qaamota odeeffannoo waliif kennan gidduutti gufachuu danda'a. Haala kanaan, Liulseged (1994), qo'annoo fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti, hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban filachuu Kan gaafatudha. Seerichis haala adda addaarratti kan hundaa'u ta'uusaafi haalootiin kunis naannoo, mataduree, bakka hojiifi kan kana fakkaataan fa'a ta'uu danda'a jedha. Gama biroon, haala fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976). Fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokkoo, haala looga, haala dubbii, seerlugaan ykn jechaan adda addummaa gidduutti uumamudha. Kana malees, qo'annoon fayyadama afaanii xiyyeeffannoo garaagarummaa xinqooqaa garee murtaawaa tokko keessatti jiru kan ilaalu yookaan haala fayyadamaarratti adda addummaa garee hedduurratti mul'atu kan ilaalu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaani iddoo adda addaa dhimmoota hawaasaa keessatti qabudha. Haala kana, Clark (1996) yoo ibsu, fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaa ta'uusaa ibsee jira. Kanaafuu, hojiin fayyadama afaaniirratti hojjetamu, garaagarummaa haala xiinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun, haala itti fayyadama afaanii hunda, adda addummaa hawaasaa, sababa afaaniin uumamu kan hammatudha. As keessatti, garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun looga garaagaraa afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu

ta'uusaati. Fakkeenyaaf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekuti, afaan tokko hojii tokkoof afaan biroo immoo hojii gara biroof fayyadamuu danda'uu kan agarsiisudha.

Fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta'uu isaa, Coulmas (1997) Labov (1972a) wabeeffachuun ibseera. Kunis, fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqisiisa. Haaluma kana fakkaatun, Clark (1996) gama isaatiin, fayyadamni afaanii waliti dhufeenya hawaasaa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa. Fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatudha. Kunis, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasaa kaamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddugaleeffachuu qaba. Fayyadamni afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatuudha. Wolff (2000) Fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif akkamitti, maaliin, eenyuuf kan kana fakkaatan gaaffilee xinqooqa hawaasaa wal-qabatan kaasuun hubachuun akka danda'amu addeessa.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu, asxaa hawaasaa (sanyii, aadaa) isa olaanaa akka ta'etti ibsa. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda'a. Kanarraa ka'uun, Columas (1997) Tabouret-Keller (1985) wabeeffachuun akka ibseetti, fayyadama afaaniirratti hundaa'uun amala afaanii namichi dubbaturraa miseensa garee kamii akka ta'e adda baasuun akka danda'u ibsaniiru. Akka ibsa hayyoota kanaati, fayyadamni afaanii amala afaanii keessaa isa guddaafi salphaatti namni tokko garee hawaasa kamii akka ta'e ittiin addaan baafannu ta'uu hubachuun nidanda'ama. Haala yaaxxina xinqooqa hawaasaa ibsuun fayyadama afaanirratti haala qabatamaa lamatu jira. Isaanis: fayyadamni afaanii haala hojiirra ooluun jijjiirama hammatamuufi hawaasni hunduu afaan akkuma dhimmichaatti garaagarummaan fayyadamuudha.

Gabaabumati, fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu osoo hinta'iin, haala qabatamaa hojii hawaasichaan kan dhugoomudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee Clark (1996) qabxiilee afur lafa kaa'e. Isaanis: fakkeenyummaa fayyadama afaanii (Instances of language use), bal'ina fayyadama afaanii (areas of language use), ta'iinsa fayyadama afaanii (assumption of language use)fi haala dhiyaannaa fayyadama afaanii (approach of Language use)ti. Fakkeenyummaa fayyadama afaanii jechuun haala hawaasni tokko afaan gargaaramuun hojii tokko hojjetuudha.

Kunis ergaa afaan waan tokko hojjechuuf kan gargaaru ta'ee, namoonni haala haasawaa guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, karooraa, falmii siyaasaafi kan kana fakkaataan itti fayyadamu jechuun nidanda'ama. Kana malees, afaan hojii guyyaa guyyaa keessatti raawwataman bashannanuu, araarsuu, amansiisufi kkf hojiira kan ooluudha.

Bal'ina fayyadama afaanii kan jedhamu ammoo iddoo namoonni afaaniin waan tokko itti hojjetanidha. Dhimmi bal'ina teessoofi dubbataa sanii kan agarsiifamudha. Gama biraan, fayyadamni afaanii gochoota adda addaa walqabsiisuuf fayyada. Afaaniiti fayyadamuuf yoo xiqqaate bakka bu'oota lama of danda'anii dhaabbatan barbaada. Bakka bu'oonni kunniin lamaan walitti dhufeenya qabaachuu qabu. Kunis, yeroofi iddoo murtaa'e keessatti qaamaan fuulaafi fuulaan walarguu yookaan walii barreessuu qabu.

Gama birootiin, qaamoleen waliin dubbii afaanii ykn barreeffamaan taasisan kunneen dhimmoota walitti isaan fidu qabaachuun walquunnamtii taasisan milkeessuu keessatti gahee guddaa qaba. Kana jechuun afaan ittiin walquunnaman ykn fayyadaman beekuu qofa osoo hintaane, aadaa, safuu hawaasichaa haalaan beekuun murteessa ta'a. Sababni isaa qaamoleen walquunnamtii taasisan lameen walii galuuf jechootaafi fayyadama afaanii kan isaan hiikkataniifi ergaasaas hubatan, hiika inni aadaa hawaasichaa keessatti qabuu xiinxaluun fudhatu waan ta'eefi. Kun hineegamne taanaan quunnamtiin jarri taasisan, ergaan hubatamuu dhabuu irraan kan ka'e gufachuu danda'a. Kana keessatti waliin dubbiin taasifamu fuula fuulatti ta'uufi barreeffamaan quunnamtii taasisuu keessatti garaagarummaan nijiraata. Kunis ka'umsi isaa, quunnamtii kallattii keessatti dubbataafi dhaggeeffataan qaamaan walilaalaa waan haasa'aniif carraan dubbii taasifamaa jiru gidduun dhaabsisanii ibsa itti gaafatan nijira.

Quunnamtii barreeffama keessatti carraan kun waan hnjirreef, fayyadama afaanii ifa ta'e, aadaa, safuufi duudhaa uummatichaa waliin beekan fayyadamuun quunnamtii taasifamu milkeessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanaaf quunnamtiin taasifamu akka hingufanneef, dhimmoonni umuriin, saalaan, naannoon, aadaan, sadarkaa barumsaan, loogaan jiran hundi karaa xiyyeeffannoo qabuun hubatamuu qabu. Yeroo hunda fayyadamni afaanii ergaa dubbataan darbu isa dhaggeeffatu biratti hiiknisaa hubatamuu qaba. Kana ta'uu baannaan, fayyadamni afaanii gatii dhabeessa ta'a. Yoomessi bu'uuraa fayyadama afaanii haasawaa fuulaafi fuulaan gaggeeffamudha. Fayyadamni afaanii yeroo baay'ee gochaa boqonnaa tokkoon ol ta'e qaba. Gochoonni afaanii kunis kan itti adda bahan, gosoota hirmaattotaan, yeroo, iddoofi gocha

raawwatamuunidha. Qo’annoon fayyadama afaanii saayinsii beekumsa hawaasaati. Saayintistoonni beekumsa (Cognitive) warra dubbataniifi dhaggeeffatan ykn barreessaniifi dubbisan haala adda addaan qoratu. Yaaxinni isaanis waa’ee yaadaafi gochaa dubbataa yookaan dhaggeeffataa akkasumas, barreessaafi dubbisaa adda addaa baasuun kan xiinxaludha. Gama biraan, qorattoonni hawaasaa, gama isaaniitiin fayyadama afaanii jalqabarratti walitti dhufeenya qaban irratti gaggeessan. Xiyyeeffannoon isaanis, haala yaadaafi gochaa namootaa otoo hinta’iin haala fayyadama afaanichaarratti kan bu’uureffatedha.

Kanaafuu, fayyadamni afaanii gosoota gocha adda addaa walqabsiisuuf yookaan walitti fiduuf kan fayyadu waan ta’eef qorannoon afaanii gama lamaaniin beekumsaafi hawaasaan qoratamuu qaba. Fayyadamni afaanii dhimmoota armaan olitti eeramaniin kan murtaa’u ta’ee, qabxiilee muraasa fayyadama afaanii keessatti hubatamuu qaban haala hariiroo hawaasaa, jireenya gamtaa keessatti qaban, taateewwan hawaasa muudataniifi ogummaawwan adda addaa keessatti bifa ittiin calaqqisu haala armaan gadiin ilaaluun nidanda’ama.

### 2.2.1. Fayyadama Afaanii Diinagdee Keessatti

Sabaafi sablammoonni naannoo keenyaa aadaafi safuu ittin jiruufi jireenya isaani gaggeessan niqabu. Bu’uuruma kanaan uummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti calaqqee aadaafi duudhaa adda ta’e kan ittiin dhaloota safuu barsiisee duudhaa Oromtichaa dhaalchisee daa’imman ittiin guddisu qaba. Dhimmoonni aadaa sabichaa keessatti calaqqisan kunneen kan aadaa hawaasa biroo keessatti hinmul’anneefi akkaataa sabni Oromoo dhimmoota aadaa isaa keessatti hiika itti kenneen kan biroof hubatamuu dhiisuu mala. Fakkeenyaaf, Uummata Oromoo biratti dhimmoota diinagdeen walqabatan ibsuuf isa qabeenya hinqabneen ‘hiyyeessa’ hinjedhamu. Qabeeya dhabuu nama kanaa agarsiisuuf ‘harkatu qal’ate’, ‘harkatu gabaabbate’ jechuun qabeenya dhabuu nama sanaa agarsiisu. Akkasuma duroomuu mul’isuufis, ‘kuma gate’, ‘garaacha uffate’ jedhu. Garuu dhimmi haalan hubatamuu qabu hiikni jechoonni fayyadama keessatti qaban kan kallattiin mul’atu osoo hintaane kan hawaasichi dhimmoota diinagdee isaa ittiin agarsiisuuf itti gargaarameefi uummatichaan qofa hubatamuu danda’udha. Kanaaf fayyadamni afaanii haala, iddoo, aadaafi safuu hawaasa keessatti dubbatamuu beekuufi dhiisuun illee akka murtaa’u yaada dhiyaate kana irraa hubachuun nidanda’ama.

Jiruufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti dhimmoonni afaan keessa hingalle kan hinjirre ta'uu beekamaadha. Raawwiilee dalagaman hunda haalaafi gocha ta'aa jiruun walqabsiisee kanneen biroof kan ifa taasisu afaani. Haalli fayyadama afaanii kunis caalatti kan hubatamu dhimma keessatti dubbatamuun ykn barreeffamuun yeroo walqabatee dhiyaatudha. Haaluma kanaan, fayyadamni afaanii daldala keessatti wantoota bittaafi gurgurtaan irratti adeemsifamuun walqabatee akka tajaajilu hubachuun barbaachisaadha. Sirni bittaafi gurgurtaa iddoodha iddootti akkasumas, wantoota bittaafi gurgurtaan irratti adeemsifamuun gargar ta'us, haalota adda addummaa qaban kanas fayyadama afaaniin kan agarsiifamu ta'uudha. Aadaa saba Oromoo biratti fayyadama afaanii keessatti jechoonniifi jechamoonni hojiirra oolan miidhagina ergaa darbuufi guddina afaanii keessatti gahee olaanaa kan qabanidha. Ergaa darbu kanas hubachuuf aadaa beekuun dhimma murteessaa ta'edha.

Ilmi namaa jiruufi jireenya isaa mijeeffachuuf guyyaadha guyyaatti wantoota haaraan walbaraa, kalaqaa walitti dhufeenya faayidaa waliinii uummachaa kan jiraatudha. Haalota walitti dhufeenya mijeessan keessaa bittaafi gurgurtaan isaan ijoodha. Kan qabu gurguree, waan hinqabne bitata. Haalota kanneen milkeessuuf fayyadamni afaanii dhimmoota bitamaniifi gurguraman keessatti hojiirra oolu walquunnamtii sirriin qaamota lamaan gidduutti akka uumamuuf gahee olaanaa qaba. Haaluma kanaan, Uummanni Oromoo aadaa beekama qabu keessaa tokko horsiisa beeyiladaati. Beeyiladoota horsiisu kanas, dhimmoota adda addaatiif kan ittigargaaramu akka ta'ee beekamaadha. Kunis nyaataaf, geejibaaf, qonnaaf akkasumas, gurguree maallaqa irraa argachuuf kan itti tajaajilamudha. Kanaaf sirna bittaafi gurgurtaa keessatti beeyilada bitamuufi gurguramu irratti hundaa'ee fayyadamni afaanii hojiirra oolu adda addummaa qaba. Fakkeenyaaf, bittaafi gurgurtaa qotiyyoo qonnaa raawwachuuf waliin dubbiin namoonni bitaniifi gurguran taasisan, kan beeyilada biroo irraa adda. Kunis, namichi bitu "qotiyyoon meeqa?" jedhee yoo gaafate inni gurguru immoo "Soddoma", jedhee yoo deebise qaamoleen lamaan kun ergaan isaan waliif dabarsan namoota aadaa sabichaa beekaniif gaaffi hinta'u. Jechuma kana namoonni hoolaa ykn re'ee walitti gurguraniifi walirraa bitan yoo itti fayyadaman hiika duraa sana hinkennu. Akkasumas, jechuma kana namoonni lukkuu walitti gurguruuf deeman yoo kan fayyadaman ta'es, hiikni inni kennu kan jijjiiramu ta'a. Kanaaf hiika jechoota kanaarraa kanhubannu fayyadamni afaanii haalaafi gocha keessatti dubbannuun kanwalqabatu ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti, hiikni fayyadama afaanii kan hubatamu aadaa

hawaasichaa beekuu, haalaafi gocha keessatti dubbatamuufi barreeffamuun walqabsiisuun kan ifu akka ta'e fakkeenya armaan olitti kenname kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Akkasumas, fayyadamni afaanii bittaafi gurgurtaa oomishaalee keessattis gahee cimaa qaba. Kanas hawaasni gosa oomishaalee gaarii ta'aniifi bakkeewwan oomishaaleef haala mijataa ta'aniin walqabsiisee sirna bittaafi gurgurtaa isaa sadarkaa fooyya'adhaan dhiyeessuuf yaala. Kunis kan hubatamu gosti oomishaalee itti qabatamee bittaafi gurgurtaan adeemsifamuufi iddoon oomishaaf mijataa ta'ee maqaa naannoo sanaatiin sirni daldalaa gaggeeffamuu kanneen oomishaalee sana bituuf barbaadaniin beekkamtii qabaachuu qaba. Fakkeenyaaf namni xaafii bitu tokko "xaafii eessaati?" jedhee yoo gaafate, kan gurguru eessayyuu haata'uu kan dafee gara sammuu isaatti dhufu, "xaafii bachoo ykn ada'aa" kan jedhudha. Kanaaf xaafii bachoo ykn ada'aa yoo jedhe namni bitu sun kan barbaadu ta'uudha. Kana keessatti dursa gaarummaan xaafii bachoofi xaafii ada'aa qaamni bitu sun beekuu qaba. Gama birootiin gaarummaa xaafii isaa ibsuuf fayyadamni afaanii inni taasisu milkaa'ina gurgurtaa isaa keessatti iddoo olaanaa akka qabu hubachuun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uun fayyadamni afaanii namni xaafii gurguratu kan taasisu namoota xaafii bituuf gaafatan gara ofitti harkisuu kan danda'udha. Kanarraa ka'uun fayyadamni afaanii jiruufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti walquunnamtii dhala namaa milkeessuu keessatti gahee olaanaa qaba.

### 2.2.2. Fayyadama Afaanii Ogummaawwan Adda Addaa Keessatti

Akkuma mata duree fayyadama afaanii jalatti ibsamuuf yaalametti qabxii adda addummaa fayyadama afaanii uuman keessaa tokko garaagarummaa gareewwan murtaa'an gidduutti jiruun akka ta'e ibsameera. Gareewwan kunneen immoo umuriin, saalaan, sadarkaa barnootaafi ogummaan kan uumamuu danda'udha. Fayyadamni afaanii gareewwan kanneen biratti mul'atu haaluma qooddii isaaniitiin gargar kan ta'aniifi dhimmoota keessatti argaman kanneeniin kan daangeffamu ta'a. Kanarraa ka'uun fayyadamni afaanii ogummaawwan keessatti hojjannuun kan walqabataniifi filannoon jechootaa ogummaa sanaan walqabsiisnee fayyadamnullee kanneen ogummicha keessa jiraniin dafee kan hubatamuufi kanneen sanaan ala ta'aniif immoo yeroo haaraa ta'uu nimul'ata. Fakkeenyaaf, jechoonni ogeessi fayyaa tokko gargaaramuufi ogeessi dirree misoomaa fayyadamuu gargar kan ta'eefi tokko kan isa tokkoo battalatti hubachuuf kan rakkisu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Yaada kanarraa kan hubannu, fayyadamni afaanii keenya haala keesa jirruufi dhimmi irraatti dubbannuun kan daangeffamu ta'uu kan nutti

agarsiisudha. Quunnamtiin bifa dubbiifi afaaniin taasifnus, kan milkaa'u fayyadama afaanii dhimma keessatti dubbannuun ykn barreessinuun kan walsimu yoo ta'edha. Fayyadamni afaanii keenya haalaafi dhimma irratti gargaaramnuun ala yoo ta'e quunnamtiin keenya gufachuu danda'a. Kanaaf, fayyadama afaanii irratti dhimmoonni ofeeggannoo barbaadan jiraachuu kan nutti agarsiisudha.

### 2.2.3. Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Keessatti

Baankiiwwan dirree daldalli keessatti adeemsifamu keessaa isaan tokko. Daldala baankiiwwan keessatti taasifamu milkeessu keessatti fayyadamni afaanii gahee olaanaa qaba. Akkuma dirreewwan ogummaa adda addaa keessatti fayyadamni afaanii walquunnamtii milkeessuu keessatti qooda qabu baankiiwwan keessattis fayyadamni afaanii sirna bittaafi gurgurtaa maallaqaafi tajaajila maraa raawwataman keessatti kan gargaarudha. Kanaaf fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru haala qabatamaa hawaasa naannoo kan giddugaleeffate ta'uu qaba. Hawaasni naannoo fayyadama afaanii aadaafi duudhaa keessa jiruufi ittiin yaada isaa haala barbaadeen ibsachuu danda'uun tajaajilamuu qaba.

> *Discourse structures create power relations in terms of how we negotiate our relative status through interaction with others. (Wareing 1999: 11-12). Gama birootiin, Commerial activity are exteremelly important to a community's facilitate the circulation of money and often serve money other roles important to the community such as public gathering and cultural events.https:// www. Reddit. Com.*

Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti sochiin uummanni daldala keessatti taasisu jiruufi jireenya hawaasa milkeessuu keessatti barbaachisaa akka ta'eefi hawaasni sochii taasisu keessatti immoo dhimmoota aadaafi walitti dhufeenya waliin qabu guddifachuu akka danda'udha. Yaada kanarraa ka'uun haalli fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru fedhiifi bu'aa qabatamaa karaa hawaasaaf buusuu danda'uun hojiirra ooluu akka qabu agarsiisa.

### 2.2.4. Fayyadama Afaanii Quunnamtii Milkeessuu keessatti

Quunnamtiin adeemsa walitti dhufeenya namoonni sochii guyya guyyaan taasisan keessatti walii galtee waliinii irra gahuuf kan itti gargaaramanidha. Karaaleen quunnamtiin ittiin gaggeeffamu

heddu ta’us, quunnamtiin jechoota walii galteen uumamanitti gargaaramuun karaa kallatti ta’een dubbii afaaniin ykn barreeffamaan yaada waljijjiiruun waliigaltee yaadaa irra gahuu danda’uudha. Qunnamtii afaaniin ykn barreeffamaan waliin taasisnuuf, hayyoonni garaa garaa hiika adda addaa kennanii jiru. “Communication is a process of interacting of ideas between the communicator and the receiver to arrive at a common understanding for a mutual benefit”. (Berlo, 1960). Akkuma yaada armaan oliirraa hubannu wal qunnamtiin adeemsa yaada wal jijjiiruu dubbataafi dhaggeeffataan hubannaa gahaa itti argataniifi qaama lachuu fayyadamaa kan taasisu ta’uu nuhubachiisa. Kana jechuun, dubbataafi dhaggeeffataan dubbatanii rakkoo tokko malee walii galteerra yoo gahan quunnamtiin jira jechuudha. Gama birootiin quunnamtiinis taasifameera jechuuf, dubbataafi dhaggeeffataan dhimma irratti dubbatan sana irratti walhubachuu yoo danda’anidha.

Gama biroon (Keyton, 2011) Walquunnamtiin adeemsa odeeffannoofi hubannoo gahaa namni tokko nama birootiif dabarsudha jechuun kaa’a. “Communication is a process of transmitting information and common understanding from one person to another” jedha.

Akka yaada kanaatti wal qunnamtiin adeemsa ergaa walii dabarsuun walii galtee faayidaa qabeessarra ykn walhubannaa gaariirra gahan ta’uu isaati. Gama biroon walquunnamtiin kallattii ergaa ittiin waliif kennaniifi walirraa fudhatani. Akkasumas, ergaa sanaaf dubbiidhaan ykn mitdubbiin hiika itti laatanidha jechuun hayyoonni yaada garaagaraa kaa’u.

Kanaafuu walquunnamtiin waliin haasawaa qofa osoo hintaane hiika itti kennuus nidabalata jechuudha. Kana jechuun kan namni tokko miira, fedhii, kaayyoo, ilaalcha fi karoora isaa sagaleewwan dubbii waliigalteef gargaaranitti fayyadamuun yaadasaa kan ittiin ibsatuufi meeshaa namoota waliin walii galuuf itti gargaaramaniidha.

Walumaagalatti, quunnamtiin adeemsa namoonni walhubannaa dhimma irratti dubbatanii ykn barreessanii argachuuf karaa ifa ta’een barreeffamanis ta’ee dubbii afaaniitiin itti gargaaraman ta’uudha. Quunnamtii keessatti walhubannaan hinjiru taanaan quunnamtiin adeemsifameera jechuun hindanda’amu. Sababni isaas quunnamtii keessatti dubbataafi dhageeffataan ykn barreessaafi dubbisaan dhimmoota walitti isaan fide irratti walii galtee faayidaa qabeessarra gahuu yoo kan danda’an ta’edha. Quunnamtii sirriin dubbataafi dhaggeeffataa gidduutti milkaa’u kunis fayyadamni afaanii sirriin iddoofi haala keessatti dubbatamuufi dhaggeeffatamuun

walsimuu yoo danda’e, quunnamtiin taasifame jechuu dandeenya. Kanaaf quunnamtiin taasifamu haala fayyadama afaanii hojiirra ooluun galma kan gahu ta’a.

### 2.3. Fayyadama Afaanii Irratti, Muuxannoo Biyyoota Alaa

Kutaa kana jalatti muuxannoowwan biyyoota alaa fayyadama afaanii irratti qabantu ilaalamu. Haaluma kanaan biyyoonni kanneen akka Naayijeeriyaa, Hindiii, Swiizarlandiinifi Afrikaan Kibbaa fayyadama afaanii irratti muuxannoo isaan qabantu ilaalama. Biyyootni kunneen kan filamaniif hariiroo isaan fayyadama afaanii irratti Itiyoophiyaa wajjiin qaban waliin ilaaluufi. Kunis, biyyoota kanneen keessatti akkuma Itoophiyaa sabaafi sablammoonni hedduun afaanota garaagaraa qaban kan keessatti argaman yoo ta’an, fayyadama afaanii akkaataan itti filatan garuu, Itoophiyaatiif muuxannoo ta’uu kan danda’udha. Itoophiyaa keessatti afaanonni hedduun jiraatanis, fayyadamni afaan hojii federaalaa ta’ee tajaajila kennaa jiru Afaan Amaaraa qofaadha. Naayijeeriyaafi Hindiin biyyoota amma guddachaa jiraniifi akkuma Itiyoophiyaa afaanonni hedduun kan keessa jiran yoo ta’u, toora fayyadama afaaniitiin garuu muuxannoon isaan qaban kan biyya keenyaa irraa addadha. Biyyootni armaan olitti maqaa dha’aman fayyadama afaanii irratti muuxannoo adda addaa kan qaban yoo ta’anis, imaammanni isaan hojiirra oolchan garuu tokko miti. Ta’us, biyyoonni kunneen rakkoo fayyadama afaanii irratti isaan muudatu haalli ittin hiikaniifi filannoon fayyadama afaanii isaan qaban kan biyya Itiyoophiyaatiif muuxannoo qooddachuuf kan dandeessisu ta’uu isaati. Itoophiyaan biyya sabaafi sablammoonni afaan adda addaa dubbatan keessatti argamtu taatee, fayyadama afaanii irratti wanti biyyoota afheddee ta’an irraa adda ishee taasisu, filannoo fayyadama afaan hojii federaalaa tokko qofaa kan qabdu ta’uu isheeti. Biyyoota afheddee ta’an keessatti filannoon fayyadama isaanii kan ilaallu yoo ta’e fakkeenyaaf, Afrikaa Kibbaan afaan hojii federaalaa 11, Naayijeeriyaan afaan bal’inaan daubbataman 3, naannootti yoo fayyadamtu, Afaan Ingilizii immoo akka afaan hojii hunda galeessa ta’ee tajaajila. Filannoo fayyadama Afaanii kan Itiyoophiyaa biyyoota afaan addaa addaa baay’een keessatti dubbatamuu irraa wanti adda taasisu afaan hojii federaalaaf fayyadamni afaanii jiru tokko ta’uu isaati. Haa ta’u malee haalli kunis heera biyyattiin fayyadama afaanii ilaalchisee tumatte ta’ee turus, haalonniifi dhugaa qabatamaan biyyatti keessa jiru dhimma kanaan kan walfaalleessu ta’uufi bu’uurarraa yaada amansiisa hintaane ta’uu kan hubatamudha. Kanuma irraa ka’uun Afaan Amaaraa yeroo dheeraaf afaan hojii Federaalaa ta’ee turuun isaa

madda walitti bu’insaafi gaaffii saboota afaan bal’inaan dubbatamuu qaban biratti yaada hinfudhatamne ta’aa akka jiruullee niibsama. Alamsagad (2004:613).

### 2.3.1. Naayijeeriyaa

Naayijeeriyaan biyyoota sabaafi sablammootni itti heddummaataniifi afaan baay’een keessaatti dubbatamudha. Kunis, kan ta’uu danda’eef biyyattiin kolanii biyyoota Awurooppaa jala waan turteefi. Biyyattiin kan ijaaramte bara 1914 akka lakkoofsa faranjiitti, biyyoota to’annaa Ingiliiz jala turan sadii walitti hidhuudhaani. Biyyootni dhuunfataman kunneen sabaafi sablammoota adda addaa kan qabaniifi afaan garaagaraa kan dubbatamanidha. Naayijeriyaa keessatti afaanota gara 400 ta’antu dubbatama. Akinaso (1991). Kanaafuu, biyyattiin haarofni ijaaramte kun filannoo fayyadama afaanii kan dhimmoota ishee walitti bu’insa tokko malee gaggeessuu dandeessisufi mirkaneessuu danda’u uummachuun irra ture. Hanga bara bilisa baate 1960, A.L.A. Afaan Ingilizii olaantummadhaan akka afaan barnootaafi afaan hojii ta’ee tajaajilaa ture. Bilisummaa booda garuu yaadni gara mirgoota afaanoota sabaafi sab-lammii kabajuu eegalame. Naayijeeriyaan fayyadama Afaan Ingilizii akka afaan hojiitti yemmuu filattu afaanotni sadeen yorba, Igbo fi Hawusaa baay’ina ummata isaanii irraa ka’uun akka afaan hojii biyyoolessaatti ramaddee. Afaanotni hafan garuu, afaan naannoo jiranitti akka hojiirra oolaniifi sabaafi sablammootni dhimma itti bahan goote. Sababni fayyadama Afaan Ingilizii afaan hojii itti ta’e, waldiddaa warra afaan olaanoo sadeen dubbatan jiddutti uumamerra kan ka’edha. Karaa biraatiin haalli afaanotni sadeen kunneen garaagarummaa hambisanii afaan waalteessaa tokko uuman waan hindanda’amneef ture.

Yaadni Kun dokumeentii imaammata barnoota biyyooleessaa Naayijeeriyaa Bara 2004 akka lakkoofsa Faranjii keessatti ibsameera. Naayijeeriyaan afaanoota hojii sabaa fi sablammoota kan hordoftuu fakkaattu illee, sadarkaan (carraan) afaanootaaf kenname gochaan yeroo ilaalamu adda. Fayyadama Afaan Ingilizii, afaan koloniin argame hundaa ol carraan afaanota sadeeniifi kanneen biraa ofjalatti bulchuu kan argatedha. Komiin ka’aa jirus, afaanotni sabaafi sablammii biyyattii ga’ee Afaan Inglizii olaantummaan taphachaa jiruu irraa kan ka’e, afaanonni biroon akka cunqurfamaa jiranidha. Karaa kanaan haallii kun carraa fayyadama afaan naannawaa gaaffii keessa kan galchudha. Bamgbose (2000). Rakkooleen imaammata fayyadama afaanii Naayijeeriyaatiin alatti warra akka Itiyoophiyaa sabaafi sablammootaafi afaanoota adda addaa qabaniif Kan gargaaruufi fakkeenya gaarii ta’uu danda’udha.

### 2.3.2 Hindii

Hindiin biyyoota fayyadama afaanii garaagaraa qaban keessaa ishee duraa kan taateefi afaanotni 1600 ta’an akka afaan hiikaatti dubbatamu. Hindiin kolonii Inglizii jala waggoota 300 turtee, Bara 1947 kan bilisoomtedha. Kanaaf, imaammatni fayyadama afaanii isaan qaban ilaalcha koloneeffattootaatiin kan walqabatudha. Bhattacharya (2007). Bara 1950 Hindiin, Afaan Hindii akka fayyadama afaan hojii gamtaatti labsite. Gama birootiin sababa mormiifi dura dhaabbanna warra afaan Hindii hindubbannen kan ka’e, Afaan Ingilizi dabalataan akka afaan hojii ta’ee labsame. Dua, (1993). Kunis ga’een isaa akka afaan gargaartuu Bara 1963ti waan ilaalammuufi.

Kanatti dabaluudhaan, Hindiin afaanoota ishee 18 sadarkaa heera biyyatti keessattii afaanoota akka mallattoo eenyummaaatti beekkamu taasifte. Imaammanni afaan barnootaa Afaan Ingiliziifi Afaan Hindii yoo ta’u, warri Hindii hindubbanne afaan isaanii akka baratan yeroo dirqaman, warri Hindi dubatan garuu, afaan biraa tokko barachuuf dirqamu. Kunis, fayyadama Afaan Ingiliziifi Hindii dabalatee jechuudha. Sadarkaa Paarlamaafi sadarkaa biyyoolessaatti, kan fayyadaman Afaan Hindii yemmuu ta’u, yoo hindanda’in, afaan itti afaan hiikkatan fayyadamuuf mirgi nikabajamaaf (Bhattacharyaa, 2007:5). Afaanotni hangi tokko Indiyaa keessatti dubbataman barnoota dabalatee hojii mootummaa ittiin gaggeessuuf kan gargaaranidha. Afaan Hindiifi Afaan Ingiliziin kanneen biroo caalaa carraa kan qabanidha. Kun Kan agarsiisu mormiin jiraatullee imaammatni afaanota hojii Indiyaa, sadarkaa biyyoolessaa haabaay’atuu, haaxiqqaatu ilaalchaa walqixxaataafi amansiisa afaanii irratti Kan hundaa’edha. Kanaaf Ilaalchi Hindiifi Naayijeeriyaa keessatti Afaan Ingiliziif kenname iddoo olaanaa qabachuu hubanna

### 2.3.3 Siwiizarlaand

Siwiizarlaandiin akka biyyatti kan hundoofte bara 1391tti walii galtee hawaasota sulula Alpaayin keessa jiraachaa turaniin. Biyyattiin Kan hammatte ummattoota miseensota garee afaanii afur ta’anii, Jarmaan (63.7%), Faransaayii (20.4%), Xaaliyaan (6.5%) fi loomaanish (0.6%) Grin, (2005:4**)**. Haa ta’uu malee warri biroo Kan godaansaan biyyattii keessa jiraataniis nijiru. Jarri kunis afaan isaanii Siwiis yookiin gareelee afaanota biroo, keessa ta’uu nidanda’u. Bayyattiin caasaan ishee Bulchinsa naannoo jedhamuun qoqqoodamte Kan argaamtu yeroo ta’u, waliigala Bulchiinsa naannoota 26tti kan qoodamte argamtudha. Seenaa siwiizarlaandi keessatti dhimmi afaanii gahee ol’aanaa kan taphatedha. Heerri bara1848 jalqabeef beekkamti kan kenneef

Roomaanishii, jaarman, Faransaayiifi Xaaliyaan akka fayyadama afaanota hojii siwiizarlaandiitti walqixummaa kennuufiidhaan cimsan. Yeroo ammaa, Federeeshiiniin siwiis mirgootaafi fayyadama afaanootaa kabajuudhaan fakkeenya baay'ee gaarii afaanoota hojii kan adda addaa ta'aniifi mirgi isaanii kabajamedha.

Heerri amma hojii irra oolaa jiru Bara (2000) irraa kaasee beekkamtii fayyadama afaanota hojiifi afaan biyyoolessummaa afaanota Jarman, Faransaayii, xaaliyaaniifi Roomanish akka afanota hojiifi afaanota biyyoolessaa siwiizarlaandii akka ta'an beekkamtii kenneera. Inni isa dhumaa Roomaanishin kan tajaajilu akka afaan hoji mootummaafi dubbattoota afaanichaa walquunamsiisuufi. Fleinler (2002:100). Sadarkaa Federaalaatti siwiizarlaandii imaammatni fayyadama afaani hinjiru. Kanaaf, naannoon fayyadama afaan hojii ofii isaa labsachuuf mirga qabaachuu danda'a. Afaan kamiyyuu fayyadama afaan hojii naanichaatiin ala ta'an hojiirraa akka hinoolle gochuuf dhiibbaa mootummaa federaalaa irraa walaba ta'uudhaan nimurteeffatu. Afaanotni biyyatti keessatti biqilan hundaaf akka afaan hojii biyyoolessaatti beekkamtiin nikennamaaf.

Kana yeroo jennu moodeeliin swiizarlaand rakkoorraa walaba jechuun hindanda'amu. Imaammanni cimaan naannoon, dhimma fayyadama afaaniirratti hordofan walitti dhufeenya uummataatiif carraan qabu laafaadha. Kunis, tokkummaa uummataa sadarkaa biyyoolessaatti dagaagsuuf gufuu ta'eera. Rakkoon biroo Imaammatni fayyadama afaanii sadarkaa naannootti jiru warra naannoo biraa irraa dhufaniifi mirga ijoolleen isaanii afaan haadhaatiin akka baratan jedhu Kan mulqudha. Haa ta'uu malee, muuxannoon swiizarlaandiin fayyadama afaan hojii biyyattii, biyyoota afaanotni garaagaraa keessatti dubbataman kanneen akka Itiyoophiyaatiif bu'a qabeessa. Haa ta'u malee, haalonni fayyadana afaanii muuxannoo swiizarlaandii keessatti mul'atu walitti dhufeenyi sabaafi sablammoota biyya tokko keessa waliin jiraatan gidduutti uumamu sababa garaagarummaa afaaniitiin laafaa ta'a. Kanaaf seeronni fayyadama afaanii ilaalchisee biyyoonni baafatan kan giddugaleessummaan uummata bal'aan dubbatamuu ta'uu qaba. Kanarraa ka'uun biyyi keenyas, muuxannoowwan fayyadama afaanii biyyoota adda addaa bu'ureffachuun dhimma afaan hojii mootummaa federaalaa sirreessuu danda'uu qabdi.

### 2.3.4. Afrikaa Kibbaa

Afrikaan Kibbaa akkuma muuxannoo biyyoota adda addaa afaanota hojii akka biyyattiitti tajaajilan hedduu qabaachuun kan beekamtudha. Afrikaa kibbaa keessa sabaafi sablammoonni hedduun kan keessa jiraataniifi afaanota garaagaraa dubbatanidha. Kanarraa ka’uun Afrikaa Kibbaa keessatti afaan hojii ta’ee kan tajaajila kennaa jiru gara afaanota 11 kan ta’udha. Sabaafi sablammiin biyyattis yoo xiqqaate, afaanota lamaa gargaaramee dubbachuu kan danda’udha. Afrikaa Kibbaa keessatti afaan bal’inaan dubbatamu Afaan ‘Isizulufi Isixhosa jedhamudha. Afaan Ingilizii lammiilee Afrikaa kibbaa 10 ta’an keessaa harka tokko kan hincaalleen dubbatama. Lammiileen Afrikaa kibbaa irra caalaan isaanii uummata gurraacha kan ta’aniifi afaan isaanitiin dubbachuu kanneen danda’anidha.’South Africa is a diverse nation with a rich language heritage.’ college images sourced from South African Tourizm.

Imaammanni fayyadama afaanii Afrikaa Kibbaa afaanota 11 biyyatti keessatti dubbatamaniif afaan hojii mootummaa ta’anii akka tajaajilaniif beekkamtii kan kenne yoo ta’u, afaanonni kunneenis: Sepedi ykn afaan Sesotho laleboa jedhamee beekamu, afaan Sesoth Setswana, Siswati, Tchivenda, Xitsonga Afrikaans, English, Isindebele, Isixhosafi afaan Isizuluti. Afrikaan kibbaa yeroo sirna kolonii biyyoota Awurooppaa jala turtetti afaan hojii biyyatti ta’ee tajaajilaa kan ture afaan Dutch, Afaan Ingiliziifi Afaan Afrikaan jedhu ture. Yeroo kanatti afaanonni afrikaa lammiilee biyyattii 80% ta’uun dubbatamuu malee carraa dhabee kan ture ta’uu isaati.

Afrikaan Kibbaa Bara 1996 seera haaraa afaanota biyyatti gurguddoo ta’aniif dawoo kennuufi afaan hojii ta’anii tajaajiluu akka danda’aniif seera tumatte. Afaanota 11 ta’aniif beekkamtiin haa kennamu malee, akka biyyattiitti afaanonni 34 ta’an kan jiran ta’uudha. Kanneen keessaa 30 kan ta’an, kan jiraniifi afaan Khoesan dabalatee, afaanonni afur gara du’uutti deemaa kanjiranidha. Isizulu Afaan hojii Afrikaa Kibbaa uummata bal’aan dubbatamuufi dubbattota 23% olqabudha. Kan biroo afaan Isixhosa yoo ta’u dubbattoota 16% kan qabudha. Afrikaan 13.5 %, English 10%, Sesothofi Xitsonga 4.5%, Siswatifi Tshivenda 2.5%, Afaan Isindebele 2% kan dubbatamudha. (Consitution of the Republic of South Africa 1996.) Muuxannoon fayyadama afaanii Afrikaa Kibbaa kan biyya keenyaa waliin walbira qabnee yoo ilaalle, biyyi keenya fayyadama afaan hojii biyyattiif waan xiyyeeffannoo kennite miti. Kunis Itoophiyaan biyya sabaafi sablammoota hedduu afaan garaagaraa dubbatan osoo qabduu, afaan hojii mootummaa tokko qofaa hojiirra oolchuun ishee kan mul’atudha. Kun immoo qajeelfama fayyadama afaaniifi dhimma

walqixxummaa afaaniif iddoon kenname xiqqaa ta'uu kan agarsiisudha. Kanaaf afaan hojii Itoophiyaa akkaataa bal'ina dubbattootaa giddu galeeffachuun afaan hojii tokkoo olfayyadamuun walqixxummaa afaanotaa mirkaneessuufi ittiin fayyadamuuf seeronni jiran irra deebi'amee ilaalamuu akka qabaniifi seeronni labsii heera mootummaa keessatti fayyadama afaanii ilaalchisee bahan hojiirra ooluu akka qaban kan namatti agarsiisudha.

### 2.3.5. Afgaanistaan

Afgaanistaan biyya saba hedduu qabduufi afaan hedduun keessatti dubbataman keessaa ishee tokko. Biyyi kun afaanota gurguddoo lamaafi afaanota shantama qabdi. Haata'u malee, baroota dheeraaf Afgaanistaan keessatti xiyyeeffannoo argachaa kan ture afaanota lama qofaadha. Afaanonni kunneenis, Paashitoofi Daarii kan jedhamanidha. Afgaanistaan keessatti imaammanni fayyadama afaanii yeroo dheeraaf tajaajile, afaanota lamadha. Bara 1936 mootiin Zaahir shah jedhamu aangoo qabatee, afaanota gurguddoo lamaan jechuunis, Afaan Pashitoofi Afaan Daarii afaan hojii biyyattii taasisuun murteesse. Afaanonni kun lamaan akka afaan dhalootaatti biyyattiitti dubbataman keessaa afaan saboota gurguddooti. Afaanonni lamaan kun afaan hojii biyyatti ta'uun akka tajaajilaniif heera mootummaa Afgaanistaan bara 1964 baherratti labsiin kan raggaasifamedha. Akka heera biyyattitti Bara 1964 keeyyata 5 irratti barreeffametti, mootummaan biyyatti itti gaafatamummaa afaanota kunneen guddisuufis ta'ee hojiirra oolchuu akka qabu ibsa.

Gama birootiin, afaanonni lamaan kun afaan hojii biyyatti akka ta'aniif heera biyyatti 1976, 1987fi 1990 bahe irratti beekkamtii argataniiru. Afaan paashitoofi Daarii biyyatti keessatti afaan barnootaa, kan miidiyaafi afaan qorannoofi qo'annoon ittiin adeemsifamu ta'ee tajaajila. Erga bulchinsi Taalibaan kufee booda heerri haaraan bara 2004tti hojiirra oolche. Heerri kunis, keeyyata 16 irratti afaanota gurguddoo biroof illee beekkamtii kan kennedha.

Walumaagalatti, haala fayyadama afaanii biyyoota adda addaafi muuxannoo biyya keenya keessa jiru walbira qabnee yoo ilaalle biyyi keenya bu'uura haqa qabeessa heerri mootummaa deeggaruun fayyadama afaanii hojiirra oolchaa akka hinjirre hubachuun nidanda'ama. Kanaaf, fayyadamni afaanii bu'uura heeraa amantaa sabaafi sablammootaa osoo hingiddu galeeffatiin hojiirra oolaa jiruuufi, dhiibbaan duraan ture hanga ammaattillee itti fufuun, fayyadama afaanii keessatti naannoleen afaan hojii naannoo isaanii akka fayyadamaniif labsiifi qajeelfamni bahus

hojiirra oolchuu keesatti hanqinni kan mul'atudha. Kanuma bu'uura godhachuun qorattuun fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruufi labsii heera mootummaa walbira qabuun muuxannoon biyyoota afheddee ta'aniis biyya Itoophiyaaf barnoota ta'uu akka danda'u agarsiisuuf yaalte.

**2.4. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii Qabanii**

Qorannoon kun mata duree Fayyadama Afaan Oromoo Baankiiwwan Aanaa Walmaraa jedhu irratti gaggeeffame. Kanaaf, xiyyeeffannaan qorannoo kanaa haala fayyadama Afaanii Baankiwwan keessatti hojiirra oolu qaaccessuun ibsuu yoo ta'u, kallattiin mata duree kanaan qorannoon gaggeeffame jiraachuu dhiisus, qorannoowwa mata duree kanaan hariiroo qaban biroon sakatta'amanii karaa gabaabaa ta'een armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

Habiib Sheekaa, (2008/2016) mata duree 'Qaacceessa Rakkoo Afaan Amaaraa Qofa Fayyadamuu Waajiraalee Mootummaa Federaalaa Itoophiyaa Keessatti Mul'atu' jedhu jalatti dhiibbaa Afaan Amaaraa qofa fayyadamuun waajiraalee mootummaa keessatti qabu ibsuun, rakkoo Afaan Amaaraa qofa fayyadamuun immoo, haala qabatamaa biyya keenyaatiin qabu kallattii labsiiwwaniitiifi afaan naannooleen fayyadamaniin walqabsiisee ibsuuf yaaleera.

Gammachiis Zawuduu, (2016) 'Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aaanaa Hidhabuu Abootee' mata duree jedhu jalatti maalummaa hasbarruufi haala fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti jedhuun walqabsiisee, haala hojiirra oolmaa Afaan Oromoo abbootii seeraa, himataafi himatamaan Afaan Oromootti fayyadamee dhimmoota seeraa keessatti tajaajilu bal'inaan kan keessatti agarsiifamedha.

Xahaa Maammaa,(2008) 'Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Agaarfaa' jedhu jalatti haala fayyadama Afaan Oromoo ittiin hojiirra ooluufi hariiroo Afaan Oromoo dhimmoota seeraa ibsuu keessatti qabu, caasaa afaanichaa, haala fayyadama afaanichaafi gahee afaanichi aangoo ibsuu keessatti qabullee qorannoo kanaan ifoomuuf kan yaalamedha.

Alamuu Argasaa, (2010) 'Qaaccessa Uunka, Qabiyyeefi Fayyadama jechootaa Qaboo Yaa'ii Waajiraalee Mootummaa Aanaa Noonnoo,' mata duree jedhu jalatti haala fayyadama jechootaafi qabiyyee qaboon yaa'ii dhimmoota adda addaa irratti barreeffamu qabu sakatta'uun rakkoolee

qaboon yaa’ii waajiraalee mootummaa kunneen gama uunkaan, qabiyyeen, hennaan, sirna tuqaaleen qaban sakatta’amanii kan agarsiifamanidha.

Karaa walfakkaatuun Daangaa Bayeechaa, ‘Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa: Magaalaa Sulultaa’ jedhu keesatti fayyadama Afaan Oromoo dhaabbilee daldalaa keessa jiru maal akka fakkaatu ibsuudhaan, fayyadamni afaanii dhaabbilee daldalaa keessatti hojiirra oolaa jiru AIfi AA akka ta’eefi dhimmoonni qajeelfamaafi labsiin karaa heera mootummaatiin bahe hojiirra oolaa akka hinjirre, hanqinni bal’aan itti fayyadama afaaniitiin walqabatee kan mul’atu ta’uu dhimmoota adda baafamanidha. Gama birootiin labsiifi qajeelfamoota bahan hordofuun gara hojiitti hiikuu keessattis xiyyeeffannoon gama mootummaafi waajira aadaafi turizimiin jiru laafaa waan ta’eef, dhimmi hordoffiifi qajeelfama raawwachiisuu gama qaamolee dhimmi ilaaluun cimuu akka qabullee waraqaa qorannoo Daangaa Bayeechaa keessatti kan agarsiifamedha.

Haaluma kanaan qorannoowwan armaan olitti sakkatta’aman hariiroon isaan mata duree qorannoo koo waliin walfakkeessuu dhimma fayyadama Afaan Oromoo dhaabbilee mootummaafi dhuunfaa keessatti hojiirra oolaa jiru yoo ta’u, dhimmoonni ijoon adda addummaa qorannoo kiyyaa kanneen irraa ittiin gargar ta’u, fayyadama afaanii sadarkaa dubbiifi barreeffama keessatti hojiirra oolaa jiru kan keessatti agarsiifamedha. Gama birootiin barreeffamoota barjaalee maqaa dhaabbilee agarsiisuuf alaan barreeffamanii jiraniifi afaan keessatti baankiiwwan tajaajilaman adda bahanii kan keessatti agarsiifamanidha. Akkasumas, dhimma hojiirra oolmaa labsii fayyadama afaaniifi hojii waajirri aadaafi turiizimii hojjate agarsiisuu adda baasuun kallattii fuula duraa kan agarsiisedha.

# Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti dhimmoonni dhiyaatan: saxaxa qorannoo, hirmaattota qorannoo, madda ragaalee, mala iddatteessuu, meeshaa funaansa ragaalee, adeemsa funaansa ragaaleefi mala qaaccessa ragaalee qorannoo kanaatu wal duraa duubaan dhiyaata.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun fayyadama afaanii baankiiwwan aanaa Walmaraa keessatti maal akka fakkaatu qaacceessuun ibsuu irratti kan xiyyeeffatudha. Kunis baankiiwwan afaan dubbiifi barreeffamaan hojiirra oolchan, labsii fayyadama afaaniifi haala qabatamaa hawaasa naannoo bira jiru, sochii waajirri aadaafi turiizimii fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti hojiirra ooluu sirreessuuf hojjate bu'uura godhachuun kan qophaa'edha. Kaayyoon qorannichaas, fayyadama afaanii baankiiwwan aanaa walmaraa keessa jiru maal akka fakkaatu qaaccessuu yoo ta'u, malli qorannoo filatamees mala ibsaatiin dhimmoota yeroo ammaa fayyadama afaaniitiin walqabtee baankiiwwan keessatti mul'atu duuka bu'uun ragaalee argaman xiinxaluun ibsuudha. Yaada kana ilaalchisee, Addunyaan (2011) Cohen, Manionfi Morrison (2005:73) wabeeffachuun yeroo ibsu: "the purposes of research determine the methodology and design of the research" jechuun kaayyoon qoratamuuf malaafi saxaxa isaa irratti murteessaa akka ta'e addeessa.

Kanaaf, qorattuun ragaalee funaanaman gosa qorannoo makaatti gargaaramuun qaaccessitee jirti. Yaada kana Addunyaan (2011:61) akka ibsetti, "malli qorannoo makoo, mala akkamtaafi ammamtaa qorannoo tokko keessatti dhimma ba'uun mala tokko qofaatti gargaaramurra malleen kanneen walmaddii fayyadamuun hubannoo cimaa uumuuf fooyyee qabaachuu ibsa. Bu'aan adeemsa kanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokkoon argamurra guulaadha" jedha. Haaluma kanaan, qorattuun kunis mala kanatti dhimma baatee bakka odeefkennitoonni jiran deemuun odeeffannoo kaayyoo qorannoo ishee deeggaran funaanteetti. Sababni malleen kun filatamaniifis, malli qorannoo akkamtaa odeeffannoo daawannaa, sakattaa'aa barruufi afgaaffiin funnaman gadii fageenyaan mala ibsuu fayyadamuun addeessuuf filatamaa kan ta'eefi malli qorannoo ammamtaa immoo odeeffannoo bifa bargaaffiin funaaname lakkoofsaan ibsuuf waan fayyaduuf lamaanuu bakka tokkootti mala makaan filatamanii jiru. Malleen kanaan qorattuun, rakkoolee jiraniifi ragaalee bifa ibsaafi bifa lakkoofsaatiin argamuu danda'an qaacceessuuf mijataadha jettee waan amanteefi.

### 3.2. Hirmaattota Qorannichaa

Hirmaattonni qorannoo kanaa jiraattota GAONF AanaaWalmaraa filataman keessaa kutaalee hawaasaa baankiiwwan aanaa kanaatti gargaaraman, hojjattoota waajira aadaafi turiizimii, hooggantootaafi hojjattoota mana hojichaa keessatti mindeeffamanii hojjatan yoo ta'an, sababni filatamaniifis, dhimmicharratti odeeffannoo bal'aafi quubsaa ta'e kennuu ni danda'u jettee qorattuun waan tilmaamteefi. Hooggantootaafi hojjattoota waajiraa hirmaachisuun immoo dhimmoonni labsiifi danbii fayyadama afaaniifi haalli hojiirra oolmaa isaa dhaabbilee gaggeessan kanneen keessatti dhimma kallattiin isaan ilaallatu waan ta'eef, ragaa qabatamaa argachuufidha. Akkasumas, waajirri aadaafi turiizimii dhimma fayyadama afanii baankiiwwa keessa jiru irratti hojiilee hojjatan addaan baasanii agarsiisuu nidanda'u jettee qorattuun waan itti amanteefi.

### 3.3. Maddaa Ragaalee

Qorannoon kun fayyadama afaanii baankiiwwan aanaa walmaraa keessatti hojiirra oolaa jiru qaaccessuuf kan kaayyeffamedha. Baankiiwwan aanaa kanaa kudha lama keessaa, baankiiwwan shan qofti kan filatamanidha. Sababni baankiiwwan kunneen filatamaniifis, fayyadamni afaanii baankiiwwan kana gara fuula alaatiin mul'atuufi tajaajilli keessatti kennan maal akka fakkaatu agarsiisuufi. Adeemsa qorannoo kanaa keessatti qorattuun, madda ragaalee qorannoo kanaaf kanneen ta'an maamiltoota adda addaa baankiiwwan Aanaa Walmaraatti tajaajilaman, hooggantoota, hojjattoota baankii, hojjattoota waajira aadaafi turiizimii, akka madda ragaa tokkoffaatti, akkasumas, barjaalee maqaa dhaabbtichaa agarsiisan, barreeffamoota qabiyyee garaagaraa qabaniifi, beeksisaa maxxanfamanii jiran akka madda raga lammaffatti gargaaramuun odeeffannoon quubsaan niargama jettee abdatti. Cohen (1994: 50) yommuu ibsu;

> *Primary datas arethose items that have had a direct physical relationship with the events being reconstructed. This cathegory would include not only the written and oral testimony provided by actual participants in or witnesses of, an event, but also the participants themselves. Documents considered as primary sources include manuscrips, characters, laws, archives of official minutes or records, files letters, recordings, and research reports. All these are, intentionally or unintentionally, capale of transmitting a first hand account of an event and are*

*therefore considered as source of primary data. Other instances of secondary sources …text books, encyclopedias…*jedha.

Haaluma kanaan, akka maddaa ragaa tokkoffaatti maamiltoota, itti gaafatamttoota hojjattoota baankiiwwaniifi waajira aadaafi turiizimii aanaa walmaraa yoo ta’an, akka madda ragaa lammaffatti immoo barreeffamoonniifi maxxansaaleen adda addaa sakatta’amaniiru.

## 3.4. Mala Iddatteessuu

Qorannoon yeroo gaggeeffamu kaayyoo qorannichaa irratti hundaa’uun iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddattoowwan qorannoo kanaas, itti gaafatamtootafi hojjattootaa baankiiwwaniifi waajira aadaafi turiizimii, akkasumas, maamiltootaa baankiiwwan kanneenitti gargaaramanidha. Kanaaf, qorattuun tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa, iddatteessuu miti carraatti gargaaramuun, iddatteessuu gaggeessitee jirti. Sababni tooftaan kun filatameefis, qaamoleen akka odeefkennitootaatti qorannoo kana keessatti hirmaatan kunneen dhimmoota fayyadama afaanii walqabatee jiru irratti odeeffannoo gahaa ta’e nikennuu jettee qorattuun waan tilmaamteefi.

Iddattoo filachuun Kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi Kan kana fakkaataan qusachuuf yaadameeti. Haala kana giddu galeeffachuun qorattuun mala iddatteessuu miti carrraa keessaa, gosa tokko kan ta’e, iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma baate. Kanaan qorattuun Kun iddattoowwa ishee haala qabatamaa jiruufi hawaasa bal’aa irrawwatama qorannichaa bakka nibu’u jettee amante iddateessuu kayyeffataan filattee jirti. Kunis mala kanaan iddattoowwan filataman, kaayyoo qorattuun Kun bu’uureffatte galmaan gahuu kanneen danda’aniifi dhimmichis kallattiin qaamota isaan ilaallatudha amantaa jedhu irraa ka’uuni. Haaluma kanaan kaayyyoon qorannoo kanaa, fayyadama afaanii baankiiwwan aanaa walmaraa keessa jiru maal akka fakkaatu, fayyadama afaanii jiru kanaan miira hawaasa sakkatta’uu, hojiirra oolmaa labsii fayyadama afaaniifi hordoffii waajirri aadaafi turiizimii taasisaa jiru addaan baasuun ibsuu irrati kan xiyyeeffatedha. Kaayyoo kana galmaan ga’uuf immoo, itti gaafatamtoota baankiiwwan kanneenii shan, hojjattoota baankiiwwa kanneen keessatti qacaramanii hojjatan keessaa tokko tokkoon namoota shan, shan, maamiltoota kutaalee hawaasaa adda addaa afurtama, itti gaafatamaafi dursaa garee aadaa waajira aadaafi turizimii irraa namootni lama filatamanii jiru.

Walumaagalatti, namoonni itti gaafatamtoota ta'an shan, hojjattoonni baankiiwwanii digdami shan, maamiltoonni afurtama, waajira aadaafi turiizimii irraa namoonni lama, walitti odeefkennitoonni torbaatami lama ta'an madda ragaa tokkoffaa ta'anii yoo filataman, dabalataanis barreeffamoonni, maxxansaaleen, beeksifni, labsiiwwanifi Kan biroo akka madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaatti fudhatamaniiru.

### 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo tokko gageessuuf, wantoota odeeffannoo ittiin funaanamanidha. Isaanis gosa odeeffannoo funaanamuufi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'un garaagara ta'uu danda'u. Qorannoon kun qorannoo makoo ta'ee meeshaa funaansa odeeffannootiif qorattuun daawwannaa, afgaaffii, bargaaffii, sakatta'a barruutti gargaaramteetti. Sababiin isaas mala qorannoo makoo keessatti ragaalee bifa sakkatta'a barruufi daawwannaan argaman mala akkamtaan ibsuufi ragaalee bifa afgaaffiifi bargaaffiin argaman immoo mala ammamtaan ibsuuf kan gargaaru ta'uu qorattuun waan itti amanteefi. Best (1981) yaada kan deggaruun yeroo ibsu:

> *Qualitative method consist of three kind of data collection: (1) in –depth, open ended enterviews, (2) direct observation and (3) written document. The data from interviews consists of direct quotations from people about their experience, opinions, feelings, and knowledge. The data from observation consists of detailed description of people activity, action the full range of interpersonal interaction and organizational processes that are part of human experience. Document analysis in qualitative inquiry yields excerpts, quotations, or intire passages from organizational clinical oprogram records; memoranda and correspondence; official publications and reports; personal diaries and open ended written response to questionaries and surveys*.

Akka yaada kanaatti, meeshaan funaansa odeeffannoo qorannoo tokkoo afgaaffiin, daawwannaafi xiinxala ragaa kanneen filatamaan akka ta'e mirkaneessanii jiru. Kunis meeshaalee funaansa ragaa afgaaffitti gargaaramuun muuxannoo odeefkennitootaa, beekumsa qabaniifi waan isaanitti dhaga'amu argachuun akka danda'amu, daawwannaa gaggeessuun ibsaafi gochoota ta'iinsota walitti dhufeenya namootaa gidduutti adeemsifamu adda baasuufi

sakkatta’a barruu gaggeessuun dhimmoota galmeeffamanii jiran, gabaasa hojii adda addaafi kanneen biroo argachuun akka danda’amudha. Gama birootiin bargaaffiin odeeffannoo bal’aafi gadifageenya qabu odeefkennitoota irraa argachuuf kan gargaarudha. Fayyadamuu maalleen kana ilaalchisee  dabalanii yeroo ibsan: “thus, good qualitative research will often include multiple method of data collection.That is triangulation of the data which permits the verification and validation of qualitative data,” jechuudhaan meeshaalee funaansa ragaa hedduu haala sirii ta’een fayyadamuun bu’a qabeessa akka ta’e waan ibsaniif qorattuun kana irraa ka’uun afgaaffiitti gargaaramtee odeeffannoo kallattiin fayyadama afaaniin walqabatee baankiiwwan keessatti jiru adda baasuun ragaa argamanis, qulqulleeffachuuf carraa bal’aa haalaa argachuu dandeessuun qorattee jirti. Gama birootiin, qorattuun bargaaffiifi sakatta’a barruu fayyadamtee ragaalee fayyadama afaaniin walqabatee jiru sakattaatee jirti.

Walumaa galatti meeshaleen olitti tuqaman funaansa ragaa qorannoo tokkootiif mijataa akka ta’e hubachuun, qorattuun meeshaaleen funaansa ragaa kunneen kaayyoo qorannoo kanaa nimilkeessu amantaa jedhuun itti gargaaramtee jirti.

### 3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan ragaa bu’uuraa qorannichaa cimsuu danda'an funaannachuuf, mala qaamaan argamuun yoomessa uumamaa keessatti hirmaachaa odeeffannoo funaannataniidha. Yaada kana Dastaan (2009) irratti akka ibseetti, “daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordafaa waan arge tokko ragaa akka sassaabatu kan taasisudha.” jedha.

Haaluma kanaan qorattuunis, meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu qaamaan baankii Aanaa Walmaraa qorannoon kun irratti gaggeeffamee keessatti argamuun yeroo hojjattoonniifi maamiltoonni tajaajila kennaniifi tajaajilaman, haalota fayyadama afaanii dubbiifi barreeffamaa keessatti isaan gargaaraman daawwachuun odeeffannoo funaannatteetti. Adeemsa kana keessattis, qorattuun gara dhaabbilee kanneenitti ji’a Guraandhalaa hanga Caamsaatti   yeroo yeroon daawwachuun ragaa itti fayyadama Afaan Oromoo dubbiifi barreeffama keessatti tajaajilaman irratti ragaa walitti qabachuuf dandeesseetti. Ragaaleen bifa daawwannaatiin funaanaman kunis, haala fayyadama afaanii baankiiwwan

waraqaaleefi dhimmoota hojii gaggeessan keessatti hangam akka hojiirra oolu addaan baasuuf, unki waraqaalee maallaqni ittiin bahiifi galii ta'uu, beeksifnii, barruuwwan maxxansaa adda addaa kanneen suura kaasuuf eeyyamamaa ta'an suura isanii kaasuun ragaan walitti qabameera. Gama birootiin fayyadamni afaanii sadarkaa dubbiitti jiru, akkasumas, haala maamiltoota bira jiru addaan baasuuf daawwannaan gaggeeffameera. Dhimmoota daawwannaa keessatti mul'atanis, afgaaffii qophaa'e keessatti qulqulleeffachuun dhugummaa ragaa argamee haala ittiin mirkanaa'uu danda'uun kan qophaa'edha.

Walumaagalatti, qorattuun gaaffilee mirkaneeffannaa qabxiiwwan shan qopheeffachuun wayita daawwannaaf dhaabbilee kanneen seentu haala qabatamaa jiru ittiin daawwachuun mirkaneeffatteetti. Daawwannaa taasifame keessatti fayyadamni afaanii gama dubbiin jiruufi barreeffamaan hojiirra oolu gidduutti garaagarummaan akka jiru hubachuun danda'ameera. Kunis, baankiiwwan daawwataman keessaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaan alatti kanneen hafan bifa walfakkaatuun dhimmoonni barreeffamaan walqabatan hundi kan keessummeeffaman Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziin yoo ta'u, sadarkaa dubbiitti namoonni Afaan Oromoo dubbatanii maamiltoota keessummeesanis nijiru. Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa keessatti dhimmi adda ta'u waraqaaleen maallaqni bahiifi galii ittiin ta'us, Afaan Oromoon kan maxxanfamaniifi tajaajilli baankii kana keesatti kennamuufi barreeffamni barjaa maqaa dhaabbatichaa agarsiisullee Afaan Oromoon barreeffamee jiraachuu daawwannaa qorattuun taasisfteen hubachuun danda'ameera.

### 3.5.2. Sakatta'a Dookumantii

Sakatta'insi barruu ragaalee qabatamaan bifa barreeffamaatiin kuufamanii jiran yoo ta'u, dhimmoota fayyadama afaaniitiin walqabatee baankiiwwan keessa jiru hubachuuf ragaalee sakatta'uun barbaachisaadha. Kanaaf, qorattuun haqummaa qorannichaaf jecha maloota itti gargaaramte keessaa tokko sakkatta'a barruuti. Odeeffannoo dabalataa dhimmoota ragaa argame cimsan argachuuf gargaaran akkasumas, wantoota mata duree kanaan wal qabatu wanta barreeffamee ka'ame dubbisuun barbaachisaadha. Barruulee, waraqaa beeksisa, maxxansaalee adda addaa, barreeffamoota garaagaraa argachuun akka danda'amu eerameera. Haaluma kanaan Fayyadama Afaan Oromoo Baankiiwwan keessatti maal akka fakkaatu ilaaluun qorattuun odeeffannoo argaman walitti qabachuun danda'ameera. Ragaaleen walitti qabamanis baankiiwwan xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'an qofa irratti kan xiyyeeffatudha. Kanaaf

baankiiwwan kunneen, malleen xiinxala ragaa irratti hundaa’uun kan qorattuun qaamaan argamuun odeeffannoo barbaachisaa ta’e kan walitti funaannattedha. Ibsa Kanarraa wanti hubannu xiinxalli ragaalee Kan qorattuun qaamaan dhihaachuun odeeffannoo barbaaddu osoo deebii kennitoonni hinbarbaachisiin ofuma isheetiin Kan qaacceeffatte ta’uu isaati. Barreeffama Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa sadarkaa hundarratti argaman tokko tokkoon sakatta’uun waan hindanda’amneef mala iddatteessuu itti yaadeetiin barreeffamootaafi maxxansaalee adda addaa baankiiwwan kanneen keessatti argaman keessaa Kan Bara 2010 asjiran qorannoo kanaaf kan xiyyeeffannoon kennameefidha. Sakatta’insa gaggeeffame keessatti ragaaleen bifa kuufamaatiin jiraniifi beeksifni heddun Afaan Amaariffaan kan barreeffaman ta’ee maxxansaaleen adda addaa darbee darbee Afaan Oromootiinis maxxanfamanii kan jiranidha. Dhimma kanaafis suuraan ragaalee argamanii kaafamuun qinda’anii kan jiran ta’uudha.

### 3.5.3. Afgaaffii

Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaaname keessaa tokko afgaaffiidha. Kaayyoon qorattuun afgaaffiitti fayyadamteef, qorattuufi deebii kennitoonni qaamaan walarganii yaada isaanii bal’inaan walii ibsaa, odeeffannoo barbaadamu argachuun waan danda’amuufi. Meeshaan funaansa ragaa kun odeeffannoon baay’ee murteessaa bifa gaaffii banaafi cufaatiin qophaa’an itti gaafatamtoota baankiiwwaniifi maamiltoota sadarkaa adda adda irra jiran irraa fayyadama afaanii baankiiwwanii ilaalchisee rakkoo jiru furmaata isaa wajjiin sakatta’uuf gargaara. Dastaa (2002:84) gaarummaa mala kanaa yommuu ibsu, “Odeeffannoon afgaaffiin dhiyaatu yoo ifa hinta’in qorataan keessa deebi’ee fooyyessuu danda’uufi waan hingaliniif gaafachuuf carraa qabaachuun meeshaa kana filatamaa taasisa.” jedha.

Kanaaf qorattuun iddattoo akkaayyoo gargaaramuudhaan maamiltoota baankiiwwan shanan filatamanii hirmaattota afgaaffii kanaa taasistee kan filatte yoo ta`u, isaanis: itti gaafatamtootaafi hojjattoota baankiiwwanii, hojjattootaa waajira aadaafi turizimiifi maamiltootaaf gaaffileen haala fayyadama afaaniin walqabatee jiru, hojirra oolmaan isaa dhaabbilee kanneen keessatti maal akka fakkaatuufi fayyadama afaanii jiru kanaan tajaajila barbaadan irratti ciminaafi rakkoolee jiran, labsii fayyadama afaaniin walqabatee dhimmoota jiran, akkasumas, hojiilee gama waajira aadaafi turiizimiitiin hojjataman addaan baafachuuf gaaffiin dhiyaatee kan jiru yoo ta’u, gaaffileen kunis, itti gaafatamtoota baankiiwwanii shaniif, gaaffiileen kudhan kanneen haala fayyadama afaanii baankiiwwanii irratti xiyyeeffatan kan qophaa’anidha.

Afgaaffiin kunis haala qabatamaa fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruufi labsii heera mootummaa waliin walsimachuu danda'uufi dhabuu isaa kan agarsiisudha. Gama birootiin hojjattoota baankiiwwan shanan keessaa iddattoota shan, shan kanneen digdami shan ta'aniif gaaffileen sagal kan dhiyaatan yoo ta'u, gaaffileen kunneenis, haala fayyadama afaaniifi rakkoolee fayyadama afaaniin walqabatee maamiltoota keessummeessuu keessatti isaan quunnaman adda baasee agarsiisuu kanneen danda'an yoo ta'u, bifuma walfakkaatuun gaaffileen sadet maamiltoota afurtama ta'aniif dhiyaatanii, yaadni fayyadama afaanii baankiiwwanii ilaalchisee jiru maal akka fakkaatu, akkasumas, rakkoolee fayyadama afaaniin walqabatee maaltoota quunnamaa jiru addaan baasuuf kan qophaa'anidha. Akkasumas, afgaaffiin shan itti gaafatamtuu waajira aadaafi turiizimiitiif kan qophaa'e yoo ta'u, qabiyyeen gaaffilee kanaas, dhimma fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruufi labsii heera mootummaa waliin maal akka fakkaatu adda baasuufi agarsiisuu irratti kan xiyyeeffatedha.

Walumaa galatti, afgaaffiin qophaa'an kunneen AO kan barreeffameefi namoota baratanis ta'ee, kan hinbaranneelle kan hirmaachisedha. Haala jireenya isaanitiin kanneen baadiyyaafi magaala jiraatan kan hammatudha. Ragaa amansiisaa argachuuf kaayyoon qorannoo kanaa odeefkennitoota filataman kanaaf kan ibsameefi eenyummaa qorattuullee akka beekan taasifameera. Afgaaffii dhiyaate kana irraas ragaa odeefkennitootaan dhimmoonni fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiraniifi labsiin heera mootummaa, akkasumas, hordoffii hojiirra oolmaa fayyadama afaanii waajirri aadaafi turiizimiitii taasisaa jiru adda baasuuf danda'ameera. Dabalaatanis, odeeffannoon maamiltoota dhaabbilee kanneen irraa funaaname quubsaa akka ta'uuf irra deebi'uun gaafachuun odeeffannoon qulqulluu ta'e argameera.

### 3.5.4. Bargaaffii

Bargaaffiin ragaa baay'ee bal'aa ta'e tokko, gaaffilee barreeffamaan qopheessuun odeefkennitoota irraa odeeffannoo funaanuuf gargaarudha. Haaluma kanaan qorattuun bargaaffii adda addaa qopheessuun iddattoowwan filamaniif raabsuun, odeeffannoo bal'aa ta'e walitti qabuuf dandeesseetti.Yaada kana ilaalchisee Dastaan (2002: 95) yemmuu ibsu,

> *Bar-gaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi Kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'ee argama. Kanaaf sababa ta'uu Kan danda'us: yeroofi humna qusata, eenyummaa odeef*-kennitootaa waan hinibsineef

*odeeffannoo sirrii argachuuf, odeef-kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiheessuuf, bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'uufi qorataafi odeef-kennaa gidduu waliin dubbiin murteessaa miti* jedha.

Kanumarraa ka'uun qorattuun meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma bahuun odeeffannoo barbaachisu itti gaafatamtoota baankiiwwanii, hojjattoota baankiiwwaniifi maamiltoota barnoota qaban/baratan, irraa kan funaannattee bargaaffiitti gargaaramuuni. Tooftaan kunis kan filatmeef iddattoowwan filataman kanneen biraa gahanii odeeffannoo funaanachuun ulfaataa waan ta'eef, qorattuun kun karaa salphaa ta'een yaada isaan haala fayyadama Afaanii baankiiwwan keessatti maal akka fakkaatu, karaan ibsuu danda'an bargaaffii ta'uu waan amanteefi. Haaluma kanaan bargaaffiin dhiyaate kutaalee sadii kan qabu yoo ta'u, kunis, kutaa yaada waliigalaa, kutaa odeeffannoo dhuunfaafi kutaa gaaffilee dhiyaataniiti. Bargaaffiin kudhan ta'u kan dhiyaate itti gaafatamtootaafi hojjattoota baankiiwwanii shanan keessaa iddattoo ta'anii filataman soddomaaf yoo ta'u, qabiyyeen bargaaffii kanas, haala fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru agarsiisuu kanneen danda'anidha. Gaaffileen funaansa odeeffannoof itti gaafatamtootaafi hojjattoota baankiiwwaniif dhiyaatan kudhan bifa banaafi cufaa ta'een Kan qophaa'anidha. Gama birootiin gaaffileen biroo kudhan, maamiltoota baankiiwwanii afurtama ta'aniif kan qophaa'e yoo ta'u, bargaaffii kana irraas ragaan haala fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti hojiirra oolu agarsiisuu danda'an walitti qabamaniiru. Dhumarrattis odeeffannoon bargaaffiin itti gaafatamtootaafi hojjattoota baankiiwwanii irraa argameefi maamiltoota baankiiwwanii irraa argaman guutumaan guutuutti irraa funaanamee xiinxalamee dhiyaateera.

### 3.6. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kana galmaan gahuuf qorattuun Kun itti gargaaramte odeeffannoo madda ragaa duraa irraa funaanameefi ragaalee bifa maxxansaatiin jiran sakatta'uunidha. Adeemsa kana raawwachuuf dhiyeenyaan irraawwatamtoota dubbisuun, kitaabota biyya keessaafi biyya alaa adda addaa sakatta'uun, yaada hayyootaan dhugoomsuun saayinsawaa taasisuudha. Akkasumas, qorannoowwan mataduree kanan hariiroo qaban birootu sakatta'ame. Walumaagalatti, adeemsi funaansa ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf kitaabni dhimma fayyadama afaanii irratti hayyoota adda addaan barreeffamaniifi, qorannichaa cimsuuf kallattii mata duree qorannicha ilaallatuun deeggaruu danda'an ilaalamaniiru.

### 3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun Fayyadama Afaan Oromoo Baankiiwwan Aanaa Walmaraa kan jedhu yoo ta'u, qorattuun kun ragaalee meeshaalee funaansa ragaa adda addaa armaan olitti ibsamaniin funaanaman haala armaan gadiitiin qaaceessuuf karoorfateetti. Ragaaleen argaman kunis itti gaafatamtootaa, hojjattota dhaabbilee kanneeniifi maamiltootaa sadarkaa adda addaarra jiranirraa funaanname haala walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin akaakuu akaakuun nigurmaa'u. Sana booda, ragaaleen argaman jechootaafi lakkoofsaan, qindaa'anii, ragaaleen bifa ibsaatiin argaman, mala qulqulleeffataatiin, kanneen bifa lakkofsaatiin argaman ammo, mala safarataatiin niqaacceffamu. Kunis, Qorannoon Qulqulleeffataafi Qorannoon Safarataa walitti dhufeenyas waan qabaniif lamaanuu mala saayinsaawaa fayyadamanii rakkoo tokkof furmaata barbaaduuf kan gargaaran waan ta'eefi. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti ragaalee bifa daawwannaa, afgaaffiifi sakatta'a barruun argaman mala qulqulleeffataan, ragaaleen bifa bargaaffiin argaman mala safarataan haala walfakkeenya isaaniitiin bakka tokkotti dhufun qaacceffamaniiru. Dhuma irratti odeeffannoon karaa hundaan madda adda addaarraa argaman walitti qabamanii, kanneen irra deddeebii qaban keessa hir'ifamuun kanneen kaayyoo qorannoo kanaa nimilkeessuu jedhamanii fudhataman, haala walfakkeenya isaaniitiin walitti fiduun ibsi itti kennamee jira.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti ibsaafi xiinxala ragaalee Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa ilaalchisee madda odeeffannoo tokkoffarraa argaman jechuunis daawwannaa, bargaaffiifi afgaaffiin funaanaman akkasumas, odeeffannoo bifa sakkatta'a barruun, maxxansaaleefi barjaalee adda addaa irraa argaman haala armaan gadii kanaan qaacceffamanii dhiyaataniiru.

## 4.1. Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Mootummaafi Dhuunfaa keessatti

Akka heera mootummaa biyya keenyaatti labsiin fayyadama afaanii erga bahee umurii dheeraa lakkoofsiseera. Labsi kana keessatti mootummaan naannolee afaan hojii isaanii fayyadamuu akka danda'aniifi afaan hojii federaalaa Afaan Amaaraa akka ta'e kan agarsiisudha. Haaluma kanaan mootummaan naannoo Oromiyaas labsii fayyadama afaanii naannichaa ibsu, baase keessatti afaan hojii naannoo Oromiyaa afaan Oromoo akka ta'eefi kan barreeffamus qubee laatiniitiin akka ta'u kan agarsiisudha. Labsii kana keessatti afaan hojii naannichaa ta'ee akka tajaajiluuf kan ibsame Afaan Oromoo ta'uu isaati.

Dirreewwan fayyadamni afaanii hojiirra oolan keessaa dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa isaan tokko. Haaluma kanaan baankiiwwan mootummaafi mitimootummaa aanaa walmaraa keessatti fayyadamni afaanii gama dubbii afaaniifi barreeffamaan jiru maal akka fakkaatu, fayyadama afaanii kana immoo qajeelchuufi sirreessuuf kaka'umsi dhimmamtoota bira jiru maal akka fakkaatu hubachuuf ragaan bifa sakatta'a barruufi daawwannan argaman haala armaan gadiin qaacceffamanii dhiyaataniiru.

Baankiiwwan dhaabbata hawaasni dhimma maallaqaan walqabatan irratti tajaajila argachuuf gara baankii kan dhaqu yoo ta'u, dhimmoota barbaadu kana immoo milkeessuuf afaanitti gargaarama. Haalli fayyadama afaanii baankiiwwan aanaa walmaraa keessatti gama dubbiifi barreeffaman waraqaalee maallaqni ittiin bahiifi galii ta'an irratti mul'atu, beeksifniifi maxxansaaleen adda addaa barreeffamanii kan jiran Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiinidha. Labsiin heera mootummaa naannoo Oromiyaa afaan hojii naannichaa Afaan Oromoo akka ta'e kan agarsiisudha. Kunis, akka Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.46/1994 fooyya'ee bahe keeyyata 5 jalatti ragga'een, Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati;kan barreeffamus qubee laatiniitiin ta'a, jedha.  Kana jechuun akka labsichaatti

fayyadama afaanii ilaalchisee, dhaabbanni mootummaafi dhuunfaa jedhee, wanti adda baasu kan hinmul'annedha. Kanaaf dhaabbileen mootummaafi mitimootummaa naannicha keessa jiran Afaan Oromoon tajaajiluu akka qaban kan agarsiisudha.

Haata'u malee, fayyadamni afaanii baankiiwwan qorannoon kun irratti adeemsifame keessatti hojiirra oolaa jiru ragaa sakatta'insaafi daawwannaan gaggeeffamee keessaatti mul'atuun, Baankii Daldala Itoophiyaa, Baankii Awaash, Baankii Iternaashinaalii Oromiyaafi Baankii Nibii keessatti jiru labsii heera mootummaatiin kan walfakkaatu miti.

Kunis fayyadamni afaanii baankiiwwan kunneen keessatti, unkaalee maallaqa galii ykn baasii gochuuf guutaman irratti barreeffamanii kan jiran Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziiti. Gama birootiin Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa keessatti fayyadamni afaanii gama dubbiitiinis ta'ee barreeffamaan waraqaalee maallaqni ittiin bahiifi galii ta'u irratti jalqaba Afaan Oromoo barreeffamee kan jirudha. Kanaaf baankiiwwan kunneen naannoo Oromiyaa keessatti kan argaman ta'anis, haalli hojiirra oolmaa fayyadama afaanii BHGOtiin alatti jiran, labsii heera naannichaa kan hinkabajne ta'uu agarsiisa.

Gama birootiin akka ragaan afgaaffiifi bargaaffii irraa argametti, baankiiwwan, tajaajila Kennan hunda keessatti maamilli kan keessummeeffamu unkoota barreeffamaan walqabatan afaanota kanneen lamaaniin alatti yoo guute fudhatama akka hinqabnedha. Kunis dhaabbilee kanneen keessatti Afaan Amaaraa afaan hojii federaalaa ta'uufi Afaan Ingiliziii immoo akka qaama hunda waliin quunnamtii uumuuf isaan dandeessisutti yaaduun nimul'ata. Karaa biraatiin hubannoon fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti ittiin tajaajilli kennamu adda bahee jiraachuu dhabuufi qaamni hubannoo fayyadama afaanii irratti baankiiwwan keessatti jiru qajeelchuuf itti deeme kan hinjirredha.


Ragaa argame kana bu'uura godhachuun haalli fayyadama afaanii baankiiwwanii maamiltoota biratti maal akka fakkaatu hubachuuf afgaaffiifi bargaaffiin maamiltootaaf dhiyaateera. Haaluma kanaan, maamiltoonni keessumaa gandoota baadiyyaa aanichaa keessa dhufaniifi dargaggoonni sirna barnoota ammaa keessatti baratan dandeettiin isaan Afaan Amaaraatiin dubbachuufi barreessuuf qaban laafaa akka ta'e agarsiisa. Kunis, maamiltoota kanaaf afaan dhalootaa Afaan Oromoo ta'uufi naannoo jiraatanittis kan dubbatan AO akka ta'edha. Gama barreeffamaatinis, dargaggoonni baay'een sirna barnoota ammaa keessatti baratan xiyyeeffannoon afaan kanaaf

kennamee ittiin dandeettii afaanichaa akka gonfataniif baratan hanqina qaba. Gama birootiin ilaalchi olaantummaa afaan kanaaf sirnoota darban keessatti kennamee ture, dhaloota yeroo ammaa carraa afaan isaatiin baratee aadaa isaa akka guddifatuuf kallattiin agarsiifame biratti jiru dandeettii afaanichaa gonfatanii ittiin tajaajilamuuf fedha kan dhabsiisedha.

Kanarraa ka'uun fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru ilaalchisee, hojii akka waajira aadaafi turiizimiitti hojjatame hubachuuf afgaaffii itti gaafatamtu waajira aadaafi turiizimii irraa ragaan fudhatameera. Haaluma kanaan, fayyadama afaanii ilaalchisee baankiiwwan keessatti barjaaleen alatti maxxanfaman bu'uura qajeelfama mootummaan naannoo Oromiyaa baaseen jalqaba AOtiin akka barreeffamu qabu qajeelfama jedhu irraa ka'uun hordoffii taasifameen AOtiin akka barreessan kan taasifamedha. Dhimmoota fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti gama barreeffamaan jiru irratti hojiin hojjatame kan hinjirre ta'uu agarsiisa. Kanarraa ka'uun baankiiwwan keessatti afaan hojii ta'ee tajaajilaa kan jiru AAfi AIti. Akka labsii heera mootummaa naannoo Oromiyaatti immoo dhaabbileen mootummaafi miti mootummaa naannicha jalatti bulan Afaan Oromoo fayyadamuu akka qaban agarsiisa. Haa ta'u malee baankiiwwan keessatti dhimmi kun barjaa maqaa dhaabbataa ibsu qofa irratti daanggeffamee kan jirudha. Dhimma kana qajeelchuufis, hojiin hubannoo uumuu gama waajira aadaafi turiizimiitiin kenname kan hinjirree ta'uu, ragaan afgaaffii ittigaafatamtuu waajirichaa niagarsiisa. Hojiin akka waajira aadaafi turiizimiitti hojjatame, barjaa maqaa dhaabbilee agarsiisu jalqaba Afaan Oromoon akka barreeffamuuf hordoffii taasifameen dhaabbileen kunneen AO barreessuu akka danda'an kan jedhudha.

Haalli kun Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatiin alatti baankiiwwan hafan biroo keessatti kan mul'atu ta'ee, BHGO keessatti haalli fayyadama afaanii jiru, afaan sadiin tajaajila kan kennan ta'uu ragaa bargaaffiifi afgaaffii itti gaafatamaan dhaabbatichaa kennan irraa hubachuun danda'ameera. Baankii kana keessatti waraqaaleen maallaqni ittiin bahiifi galii ta'u jalqaba kan ittiin barreeffamanii jiran, akkasumas, maxxansaaleen adda addaa baankii kana keessatti argaman jalqaba Afaan Oromootiin kan barreeffaman ta'uu sakatta'a barruufi daawwannaa gaggeeffameenis dhimma adda bahedha. Sadarkaa dubbii afaaniitins hojjattoonni baankii kana keessatti qacaramanii hojjachaa jiran hundi Afaan Oromoo dubbachuu kan danda'an ta'uu ragaan hojii gaggeessaa dhaabbatichaa irraa bifa afgaaffiitiin argame niagarsiisa.




Suura 2. Unka waraqaalee maallaqni ittiin bahiifi galii ta’u, BHGO keessatti jalqaba Afaan Oromoon itti aansee Afaan Amaaraatiin barreeffame kan agarsiisu.

Ragaa argame kana irraa akka hubachuun danda’amutti baankii hojii gamtaa Oromiyaa keessatti fayyadamni afaanii akkaataa labsii qajeelfama mootummaatti hojiirra oolaa kan jirudha. Kunis baankicha keessatti fayyadamni afaanii gama barreeffamaan jiru jalqaba Afaan Oromoon akka ta’eefi sadarkaa dubbii afaaniitinis, hojjattoonni dhaabbatichaa hundi Afaan Oromoo dubbachuu kan danda’anidha. Haala fayyadama afaanii baankii kana keessatti jiruun walqabatee ragaan afgaaffii itti gaafatamaa dhaabbatichaa irraa argame akka agarsiisutti, hordoffii qaamni biraa taasiseen osoo hintaane, hubannoon hojjattoonniifi itti gaafatamtoonni qaban fooyyee ta’uu irraa kan ka’e, labsiin fayyadama afaanii hojiirra kan oole ta’uu mul’isa. Haaluma kanaan maamilli baankii kanatti tajaajila argachuuf dhufu kamuu afaan sadeeninuu yoo guute dhaabbatichi kan keessummeessuu ta’uus afgaaffii odeefkennitoota hojjattoota baankii kanaa irraa hubachuun danda’ameera.

Kanarraa ka’uun baankiiwwan kanneen biroo caalaa maamilli baankii hojii gamtaa Oromiyaa dabalaa akka jiru, ragaa afgaaffiifi bargaaffii hojjattoota baankiiwwanii irraa hubachuun danda’ameera. Sababni isaas, hawaasni baay’een AO kan danda’uufi itti fayyadamni afaanii baankii kana keessa jirus, namoota AO dubbatan qofaaf osoo hintaane maamiltoota afaan biroo dubbatanis, sadarkaa dubbii afaaniitinis ta’ee barreeffaman tajaajjilli kennan mijaataa waan ta’eefi.

Baankii kana keessatti itti fayyadamni afaanii haala labsii mootummaa kabajeefi fedhii maamilaa giddugaleeffachuun kennamuun dhiibbaa qaama kamiyyuu osoo hintaane kaka’umsiifi fedhiin afaaniifi aadaa hawaasa kabajuun tajaajilu akka jiru afgaaffiin itti gaafatamaa baankichaaf taasifame kan agarsiisudha.

## 4.2. Fayyadama Afaan Baankiiwwanii, Barjaalee Agarsiisuu keessatti

Baankiiwwan keessatti haalli fayyadama afaanii dhaabbilee kanneen biroo irraa waan adda isa taasisu qaba. Akka ragaan daawwannaafi sakatta'a barruu baankiiwwan keessatti taasifamee irraa mul'atutti baankiiwwan qorannoon kun irratti adeemsifame hunda keessatti barjaan maqaa dhaabbatichaa agarsiisuuf barreeffame hundi jalqaba AOtiin, ittiaansee AA'n dhuma irratti AI'n barreeffamee kan jirudha. Haalli kun qajeelfama waajirri aadaafi turiizimii naannoo Oromiyaa bara 2009 baaseen akka ibsutti, beeksifniifi barjaaleen wantoonni kallattii agarsiisan naannicha keessatti dhaabbatan jalqaba qubee AO'n, seera afaanichaa eegee barreeffamuu akka qabu agarsiisa.

Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu dhaabbileen naannicha keessatti tajaajila adda addaa kennuuf dhaabbatan akkaataa aadaafi afaan hawaasa naannichaa kabajuufi hojiirra oolchuun tajaajjilli kennamuu fayyadamtoota biratti akka hubatamu ibsuufi. Kana keessatti tajaajjilli gama hundaan kennamus AO akka ta'e kan agarsiisudha. Kunis, hawaasni tajaajila dhaabbanni kennu jalqaba kan hubatu ibsaafi beeksisa dhaabbatichi ofbeeksisuuf taasisu irraa hubachuu tajaajila barbaadu sana milkeeffachuu danda'a. Gama birootiin qajeelfamni kun labsii fayyadama afaanii bahe hojiirra akka ooluuf kan eeru ta'uu isaati.

Dhimmoota qajeelfama akka waajira aadaafi turiizimii naannoo Oromiyaatti jiru hordofanii raawwachiisuun gahee waajira aadaafi turiizimii ta'us, qajeelfamni addatti fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru bifa kanaan akka qajeelchaniif kennameef kan hinjirre ta'uu ragaan afgaaffii itti gaafatamtuu waajira aadaafi turiizimii irraa argame nimul'isa. Gama birootiin akka afgaaffii itti gaafatamtuu WAT irraa argameetti, fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti barjaaleen maqaa dhaabbataa agarsiisan jalqaba AO'n akka barreessaniif yeroo adda addaatti hordoffiifi tarkaanfiin fudhatamee jijiiramni kun kan dhufe ta'uudha.

Akka ragaan sakatta'a barruu irraa argame agarsiisutti, fayyadamni afaanii barreeffama barjaalee irratti mul'atuufi tajaajilli keessatti kennamu kan walhinfakkaannedha. Kunis fayyadamni afaanii BHGOtiin alatti jiru kan fuula alaan mul'atuun kan walfaallessudha. Baankiiwwan hafan kanneen keessatti beeksifni, waraqaaleen maallaqni ittin bahiifi galii ta'u, walii galteewwan adda addaa gama barreeffamaatiin jiran hundi barreeffamanii jiran Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiini.




Suura 3. Barjaa Baankii Daldala Itoophiyaafi Baankii Awaash irraa fudhatame.

Akkuma barjaalee baankiiwwan kanneenii irraa hubachuun danda’amutti maqaaleen dhaabbaticha, dhaabbata biroo irraa adda baasee mul’isuuf barreeffamee jiru, jalqaba AOtiin kan barreeffamedha. Kunis, akka qajeelfama labsii mootummaa naannoo Oromiyaatti sirrii ta’us, fayyadamni afaanii baankiiwwan kanneen keessatti hojiirra oolu barjaa qofaa irratti kan daangeffamedha. Akka qajeelfamaatti waraqaaleen beeksisaa, barjaaleen maqaa dhaabbilee agarsiisan dirqama AOtiin barreeffamuu akka qabu agarsiisa.

Haalli kun baankiiwwan keessatti hojiirra ooluun walqabatee hordoffii waajirri aadaafi turiizimii taasiseen AOtiin kan barreeffame ta’uu afgaaffii hojjattootaa irraa hubachuun kan danda’amedha. Itti fayyadama afaanii baankiiwwan kanneen keessatti jiru hordofuun walqabatee hojiin tajaajila keessaa sirreessuuf hojjatame kan hinjirre ta’uu afgaaffii itti gaafatamtu WAT ni agarsiisa. Akka labsii heera mootummaa federaalaatti jirun immoo, fayyadama afaanii ilaalchisee naannoleen afaan hojii naannoo isaanii fayyadamuu akka danda’an ibsuun alatti, labsiin addatti baankiiwwaniif, ykn barreeffamoota maqaa dhaabbilee alaan mul’atan qofa kan jedhu miti.

Akka yaada labsii heera Mootummaa Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa bara 1994 baaseefi bara 1995 irraa eegalee hojii irra oolfame irratti barreeffamee jiruun, Keyyanni 5 akka ibsutti, waa’ee afaanootaa ilaalchisee, Afaanootni Itiyoophiyaa hundinuu beekkamti walqixa ta’e qabu. Afaan Amaaraa Afaan hojii Motummaa Federaalaa ta’u isaafi Miseensotni Federeeshinii afaan hojii ofii isaanii fayyadamu danda’un heeraan kan murtaa’eedha.

Akka yaada labsii kanaatti miseensotni federeeshinii naannoolee yoo ta'an, naannooleen kunneen immoo afaan hojii ofii isaanii fayyadmuu akka danda'an kan agarsiisudha. Labsicha keessatti dhimmi addatti bahee, dhaabbileen adda addaa ykn baankiiwwan afaan hojii federaalaa fayyadamuu qabu jedhu labsicha keessatti hinagarsiifamne.

Haata'u malee akka bargaaffiifi afgaaffii itti gaafatamtoota baankiiwwanii irraa argametti ilaalchi Afaan Amaaraa afaan hojii federaalaa waan ta'eef, baankiiwwan immoo itti waamamni isaanii mootummaa federaalaatiifi jedhu, BDI keessatti bal'inaan mul'ata. Akka qajeelfama mootummaa naannoo Oromiyaatti immoo afaan hojii afaan naannichaa Afaan Oromoo akka ta'e agarsiisa. Gama birootiin fayyadamni afaanii baankiiwwan dhuunfaa keessa jirus muuxannoo walfakkaatu kan qaban yoo ta'u, qaamni dhimmi ilaalu, hordofee qajeelfamaafi labsii heera mootummaatiin tumame baankiiwwan akka hojiirra oolchaniif hojjate kan hinjirre ta'uufi baankiiwwanis, qajeelfamoota kana irratti hubannoon qaban laafaa ta'uu afgaaffiifi bargaaffii hojjattoota baankiiwwanii keesatti kan adda bahedha. Kanaaf, fayyadama afaanii qajeelchuuf hordoffiin gama waajira aadaafi turiizimii naannootiinis ta'ee bulchinsa magaalaan jiru laafaa ta'uu agarsiisa.

### 4.3. Itti Fayyadama Afaanii Waraqaalee Maxxansaa Adda Addaa Keessatti

Baankiiwwan keessatti waraqaaleen herregni ittiin bahiifi galii ta'u, beeksifnii, adda addaa daddabarsa maallaqaan walqabataniifi kanneen biroo daawwannaafi sakatta'a barruu baankiiwwan keessatti adeemsifamee irraa akka hubatametti, fayyadamni afaanii jiru, Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatiin alatti, Kan barreeffamanii argaman Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiini. Akka qajeelfama mootummaa naannoo Oromiyaatti immoo dhimmoonni eeraman kunneen Afaan Oromootiin akka barreeffamuu qaban agarsiisa.

Akka ragaan bargaaffii odeefkennitoota irra argame mul'isuttis, itti fayyadamni afaanii baankiiwwan kanneen keessatti ittin hojiin gaggeeffamu Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii akka ta'e kan mul'isudha. Kana jechuun baankiiwwan fayyadama afaanii ilaalchisee qajeelfama mootummaan baase hojiirra oolchuuf xiyyeeffannoon isaan Kennan laafaa ta'uu agarsiisa.

Kanumaan walqabatee waraqaaleen maallaqni ittiin bahiifi galii ta’u, unki isaanii jalqaba Afaan Amaaraatiin, itti aansee Afaan Ingiliziitiin kan qophaa’edha. Akka sakatta’a barruufi daawwannaa irraa mul’atutti barreeffamoonni fuula alaa baankiiwwanii agarsiisan barreeffamanii kan jiran jalqaba Afaan Oromootini. Haalli kun gara keessaatti faallaadha. Fayyadamni afaanii barreeffamaan maamilli unkaalee kanneen irratti guutu marti ittiin barreessuuf kan eeyyamame Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii qofaadha. Fayyadama afaanii kanaan walqabatee, dhimmoonni dubbii afaaniitiin maamilliifi hojjattoonni taasisanis irra caalaan isaa Afaan Amaaraati. Baankiiwwan qorannoon kun keessatti adeemsifame keessatti hojjattoonni Afaan Oromoo dubbachuu hindandeenye jiraachuu ragaa afgaaffii irraa argameen hubachuun danda’ameera. Haalli kun baankii HGO tiin alatti kanneen hafan keessatti walfakkaatadha. Walsimannaa dhabuu barjaalee alaan jiraniifi waraqaalee maallaqni ittiin bahiifi galii ta’an irratti mul’atu, akkasumas, tajaajila keessatti kennamu hubachuuf bargaaffiifi afgaaffii hojjattoota dhaabbilee kanneeni irraa ragaan jiru kan agarsiisu afaan ittiin tajaajila kennan Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii akka ta’eefi afaanota kanaan tajaajilli yeroo dheeraaf kennamaa kan ture waan ta’eefi, yaada jedhuun alatti dhimmi akka isaan afaan hojii naannichaa hojiirra hinoolchinneef isaan dhorke kan hinjirre ta’uudha.






Suura 4. Barjaa BIO alaan Afaan Oromoon barreeffamee jiruufi waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u.

Akka suuraa kana irraa hubatamutti maqaan alaan dhaabbilee ibsuuf barreeffamee jiru jalqaba AOtiin Kan barreeffame yoo ta’u, waraqaan ittiin maallaqni bahiifi galii ta’u immoo Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin barreeffamanii Kan jiranidha. Kanaaf haalli fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru faallaa ta’uu Kan agarsiisudha. Haala kanarraa kan hubatamus, qaamni

dhimmi ilaalu, xiyyeeffanno kennee fayyadama afaanii waliin walqabatee hanqinaalee mul'atan sirreessuufi dhaabbileen aanicha keessa jiran afaan hojii naannichaan akka hawaasa tajaajilaniif, sochiin taasifame laafaa ta'uu agarsiisa.

Karaa biraatiin akka ragaan daawwannaafi sakatta'a barruu Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa keessa jiru agarsiisuun, baankii kana keessatti waraqaaleen maallaqni ittiin bahiifi galii ta'u akkasumas, barreeffamoonni adda addaa Afaan Oromootiin kan barreeffamu ta'ee, maamilli gara baankii kanaa dhufu kamiyyuu afaan danda'uun akka tajaajilamu bargaaffiifi afgaaffii irraa hubachuun danda'ameera.

Haala fayyadama afaanii baankii kanaa ilaalchisee ragaan afgaaffii itti gaafatamaa dhaabbatichaa irraa argame akka agarsiisutti, baankiin kun hundeeffama isaarra jalqabee bu'uura uummatichaa kan qabu ta'uufi uummata naannichaa afaan isaatiin tajaajila barbaadu akka argatuuf kan hojjatu ta'uudha. Kanaaf, uummaticha afaan inni beekuufi danda'uun tajaajiluun labsii heera mootummaan fayyadama afaanii irratti baasee jirus kabajuun barbaachisaa ta'uu kan agarsiisudha. Kanaaf yaada kana irraa kan hubatamu, baankiin kun eeggattummaa qaama kamiin alatti aadaafi afaan hawaasichaa kabajee karaa fedhiin maamilaa guutuu danda'uun tajaajilaa akka jiru kan agarsiisudha.








Suura 5. Barjaa BHGO alaan mul'atuufi maxxansaalee AO tiin barreeffaman.

Akka suuraa irraa hubachuun danda'amutti unki waraqaa maallaqni ittiin bahiifi galii ta'uu, barjaan alatti mul'atuufi beeksifni baankii kana keessatti mul'atu, jalqaba kan barreeffame jiru Afaan Oromootiin, itti aansee Afaan Amaaraatiin barreeffamuu agarsiisa. Akka ragaan afgaaffii hojjattoota baankii kana irraa argame agarsiisutti, maamilli afaanota sadeeninuu yoo gargaarame kan keessummeessan ta'uudha. Haalli kun maamiltootaaf carraa bal'aa kan kenneefi hawaasni

tajaajila argachuu barbaade keessatti gama dubbiitinis ta'ee barreeffamaan karaa bilisa ta'een akka gargaaramuu danda'u agarsiisa.

Gama birootiin, haala fayyadama afaanii baankiiwwan biroo hafan keessatti mul'atuun walqabatee ragaan daawwannaa irraa argameen fayyadama afaanii jiruun walqabatee maamilli dhuunfaan unka guuttachuuf yeroo rakkatu, ofitti amanee dubbachuu dhabuufi dogoggora caasaa afaanichaa cabsuun bal'inaan kan mul'atudha. Akka ragaa bargaaffii fayyadamni afaanii namoota hubannoo afaanota kanaa hinqabne irratti dhiibbaa inni qabu hubachuuf dhiyaateen, maamilli dandeettii Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin barreessu hindandeenye gama ogeeyyii dhaabbaticha keessatti qacaramanii jiraniin kan deeggaraman ta'uu agarsiisa. Yaada kanarraa kan hubatamu baankiiwwan tajaajila kennan afaan hawaasni danda'uufi labsiin mootummaa eeyyamuun hojiirra oolchuu caalaa humna dabalataa maamiltoota afaan kanaan unka barbaachisaa ta'e guuttachuu hindandeenye deeggaruuf qacaramanii kan jiran ta'uu agarsiisa.






Suura 6. 1. Maamila BDI keessatti jiru.          2. Maamila BHGO keessatti jiru.


Akka suuraa irraa hubachuun danda'amutti maamilli tajaajila argachuuf unka maallaqni ittiin bahiifi galii ta'u guuttachuuf qaama deeggarsa kennun tajaajilamaa kan jiru ta'uu agarsiisa. Suuraan 6.2. irratti mul'atu maamilli unka maallaqni ittiin bahiifi galii ta'uu dhuunfaan guuttatee tajaajila barbaadu yeroo argatu kan agarsiisudha. Haalli fayyadama afaanii baankiiwwan kanneen keessatti mul'atu afaan hawaasichaa kan hingiddu galeeffanneefi labsii fayyadama afaanii naannichaa kan cabsedha. WAT ta'ee qaamni baankiiwwan kanneen abbummaan

gaggeessu hanqina fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru sirreessuuf sochiin taasisan kan hinmul'anne ta'uudha.

Gama birootiin bargaaffii hojjattootaaf taasifame keessatti hubannoon dhimma fayyadama afaaniin walqabatee jiru laafaa ta'uufi hordoffiin kan hinjirre ta'uu mul'isa. Yaada kanarraa wanti hubatamu hojjattoonni baankiiwwan keessatti qacaramanii hojjatan afaan ittiin baratanis ta'ee, qoramanii gara baankiiwwanii ittiin seenan Afaan Ingilizii ta'uu isaafi sadarkaa hojii keessatti dhaabbileen mootummaafi mitimootummaa naannicha keessa jiran hawaasa naannichaa afaan kamiin tajaajiluu akka qaban irratti hubannoon gama dhaabbatichaanis ta'ee karaa WAT tiin kenname kan hinjirre ta'uu agarsiisa.

Karaa birootiin ragaan baankii HGOtiin alatti, karaa bargaaffii hojjattoota baankiiwwan kanneenii akka agarsiisutti, fayyadama afaanii jiruun maamiltoonni baay'een gara baankiiwwan kanneen dhufuu caalaa gara Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa deemaa akka jiraniifi baankiiwwan hafan kana keessatti tajaajilli kennamu quubsaa akka hintaane kan agarsiisudha. Yaada kana irraa hubachuun akka danda'ametti, baankii hojii gamtaa oromiyaa keessatti fayyadamni afaanii jiru Kan fedhii hawaasaa giddu galeeffateefi labsii mootummaa naannoo oromiyaas kan eegedha. Kanarraa ka'uun maamilli iddoo ofii isaatiif tajaajila barbaadu dhiphinaafi deeggarsa qaama biroo malee argatutti deemaa jiraachuun, baankiiwwan hafan caalaa maamilli isaa baay'achaa akka jiru Kan agarsisudha.

Karaa birootiin daawwannaafi sakatta'a barruu gaggeeffameen, dhimmi baankiiwwan keessatti bifa beeksisaatiin maxxanfamanii hawaasni tajaajila akka irraa argatuuf keenyaa manaafi gabatee beeksisaa irratti maxxanfamanii jiran, ergaan isaan dabarsaniifi maamillis xiyyeeffannoon yeroon ilaalu akka hinjirredha. Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti beeksifniifi maxxansaaleen adda addaa AOtiin barreeffamuu akka qaban qajeelfama biroon aadaafi turizimii oromiyaa baase Kan hineegne ta'uudha. Yaada kanaan walqabatee baankiiwwan keessatti beeksifniifi maxxansaaleen adda addaa Afaan Amaaraafi afaanota biroon maxxanfamanii Kan jiran ta'uudha.



Surra 7. Beeksisaafi waraqaalee maxxansaa adda addaa kan Afaan Amaaraan barreeffame irraa suura kaasuun fudhatame.

Suuraa mul’atu kana irraa hubachuun kan danda’amu, baankiiwwan keessatti waraqaaleen beeksisaafi maxxansaaleen adda addaa kan barreeffaman Afaan Amaaraan akka ta’e kan agarsiisudha. Yaada kana irraa hubachuun kan danda’amu baankiiwwan xiyyeeffannoon isaan fayyadama afaaniitiif kennan laafaa ta’uufi qaamni dhaabbilee kanneen hordofee sirreessuu akka danda’an taasisu kan hinjirre ta’uu hubachuun nidanda’ama.

Gama birootiin dhimmoonni hariiroo daddabarsa maallaqaa baankiiwwan addunyaa biroo waliin qaban beeksisuuf maxxanfamanii jiran hiika isaanii hubachuun ulfaataadha. Kunis rakkoo fayyadama afaanii keessatti hiika jechootaa wallaaluufi ergaan akka darbu barbaadame akka hinhubatamne gochuu keessatti gahee olaanaa qaba. Akka yaada kanaatti jechoonni Afaan Arabaatiin barreeffaman, akkasumas beeksifni garaagaraa baankiiwwan keessatti maxxanfamanii jiran achuma turanii umurii lakkoofsisuu irraa Kan hafe kaayyoo maxxanfamaniif Kan hinmilkeessine ta’uu hubachuun nidanda’ama.







Suura 8. Maxxansaalee daddabarsa maallaqaa agarsiisu, BDI irraa fudhatame.

Gama birootiin akka ragaan daawwannaafi sakatta’a barruu irraa argame akka agarsiisutti barjaaleen alaan mul’atan jalqaba barreeffamanii kan jiran Afaan Oromoo ta’uufi dhimmoonni baankiiwwan keessatti raawwataman biroon Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii akka ta’e agarsiisu. Haala kanas, unka maallaqni ittiin bahiifi galii ta’u irraa akka mul’atutti BHGOtiin alatti afaan itiin barreeffamanii jiran Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziiti.








Surra 9. BDTtti waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u.      BHGOtti waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u.

Suuraa kana irraa kan hubatamu baankii daldala Itoophiyaa keessatti hojiileen baankicha keessatti gaggeeffaman Afaan Amaaraan akka ta’eefi BHGO keessatti akkuma barjaan maqaa dhaabbatichaa jalqaba Afaan Oromoon barreeffamee jirutti hojiileen keessatti raawwatamanis Afaan Oromoon akka ta’e hubachuun nidanda’ama.







Suura 10.  BA waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u.          BIN waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u.

Akka suuraa armaan olii irraa hubachuun danda’amutti baankiiwwan qorannoon kun keessatti gaggeeffame shanan keessaa BHGOtiin alatti fayyadamni afaanii jiru walfakkaataa ta’uu hubachuun nidanda’ama. Kunis waraqaaleen maallaqni ittiin bahiifi galii ta’an, kanneen Baankii Awaashiifi Baankii Nibii keessa jiru Afaan Amaaraatiin kan barreeffamanidha. Yaada kanarraas kan hubatamu barjaa maqaa dhaabbilee kanneenii agarsiisuuf kan jalqaba Afaan Oromoon barreeffameen alatti hojiileen biroo kan raaawwataman Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziin akka ta’e hubachuun nidanda’ama.

Karaa birootiin sakatta’a gaggeeffameen baankiiwwan qorannoon Kun keessatti adeemsifame keessaa, waraqaaleen maallaqani ittiin bahiifi galii ta’an, beeksifni, walii galteen adda addaa barreeffamanii kan jiran Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitini. BHGOtiin alatti fayyadamni afaanii unkoota kanneen irratti mul’atu walfakkaataadha. Kunis baankiiwwan kunneen xiyyeeffannoon isaan fayyadama afaaniif kennan laafaa ta’uu kan garsiisudha. Gama birootiin hordoffiin gama waajira aadaafi turiizimiitiin jiru laafaa ta’uu mul’isa. Kana jechuun WAT qajeelfama Biiroon Aadaafi Turiizimii Oromiyaa baaseefi labsii fayyadama afaanii mootummaa naannoo Oromiyaa hojiitti hiikuuf sochiin kan hinjirre ta’uudha. Suuraan adda addaa fayyadama afaanii baankiiwwan hafanii agarsiisu, dabalee irratti Kan agarsiifamu ta’a.

### 4.4. Dhiibbaa Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Keessatti

Ragaan bifa bargaaffiifi afgaaffiin baankiiwwan qorannoon Kun irratti adeemsifame keessaa, baankii, HGOtiin alatti jiran, maamiltoota tajaajiluuf itti fayyadamni afaanii Gama barreeffamaan jiru Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii akka ta’e mul’isa. Yaada kanarraa Kan hubatamu dhaabbileewwan kanneen keessatti maamilli tajaajila argachuuf dandeettii afaanota kanneenii qabachuun dirqama akka ta’u kan agarsiisudha.

Dabalataanis, ragaan sakatta'a barruu irraa argame akka mul'isutti unkoonni adda addaa mallaqa galii ykn bahii gochuuf guutaman afaanota lamaan kanaan qofa Kan qophaa'anidha. Akka Heera Mootummaa Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa Bara 1994 baaseefi bara 1995 irraa eegalee hojii irra oolfame irratti waa'ee walqixxumaa fayyadama afaaniifi hojiirra oolmaa sadarkaa naannoleefi biyyaatti qabu, keayyata shan jalatti akka ibsutti,

Afaanootni Itiyoophiyaa hundinuu beekkamti walqixa ta'e qabu; Afaan Amaaraa Afaan hojii Mootummaa Federaalaa ta'u isaafi, Miseensotni Federeeshinii afaan hojii ofii isaanii fayyadamu danda'un heeraan kan murtaa'edha. Kana jechuun akka heera mootummaa biyya keenyaatti labsii fayyadama afaanii ilaalchisee naannooleen afaan hojii dhuunfaa isaaniitiin gargaaramuu akka danda'an agarsiisa. Kana jechuun naannooleen biyyatti hundi afaan hojii dhuunfaa isaanii kan sabaafi sablammoonni naannicha keessa jiran itti gargaaramaniifi afaan dhalootaa hojiirra akka ooluuf kan jajjabeessudha.

Bifuma walfakkaatuun, akka heera mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.46/1994 fooyya'ee bahe keeyyata 5 jalatti ragga'een, Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati;kan barreeffamus qubee laatiniitiin ta'a, jedha. Haaluma kanaan heerri mootummaa naannoo Oromiyaas, afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo akka ta'eefi kan barreeffamus qubee laatiniitiin akka ta'uu, labsiin kan raggaasifamedha. Haa ta'u malee, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessatti hojiirra oolaa jiru Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii qofa. Haaluma kanaan dhiibbaa fayyadamni afaanii baankiiwwan keessatti geessisaa jiru addaan baasuuf, daawwannaan, afgaaffiinfi bargaaffiin odeefkennitoota irraa argame akka mil'isutti, maamilli tajaajila argachuuf afaanota kanneen danda'uun dirqama akka ta'e agarsiisa. Kunis fayyadamni afaanii afaanota kanneen lamaan qofa irratti daangeeffamuun carraan inni maamiltoota Afaan Oromoo danda'aniif qabu xiqqaa akka ta'edha.

Fayyadama afaanii ilaalchisee akka ragaan bargaaffii hojjattootaafi maamiltootaa irraa argame mul'isutti, fayyadamni afaanii sadarkaa dubbii afaanitti jirus, maamiltoota naannoo baadiyyaa irraa dhufaniif rakkoo ta'uu kan agarsiisudha. Akka yaada kanaatti maamilli hedduun gandoota baadiyyaa irraa kan dhufaniifi dandeettiin isaan Afaan Amaaraa dubbachuu irratti qaban xiqqaa akka ta'edha. Gama birootiin, ragaan daawwannaa irraa argame akka ibsutti, unkoota guutaman guuttachuu irratti maamilli afaan kanaan barreessuuf yeroo rakkatu ni mul'ata.

Yaada kanarraa Kan hubatamu, unki guutamu afaanota lamaan qofaan qophaa'uun, maamilli Afaan Oromoo danda'u, Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin alatti dhaabbatichi Kan hinkeessummeesine ta'uu agarsiisa. Haalli Kun baankiiwwan qorannoon Kun irratti adeemsifame keessaa BHGO hindabalatu. Sababni isaa baankii kana keessatti carraan maamilli afaan danda'uun tajaajila akka argatuuf kenname bal'aa ta'uu kan agarsiisudha.

Gabaabumatti ragaa kanarraa kan hubannu, naannoo Oromiyaa keessa fayyadamni afaanii jiruufi fedhiin sabni bal'aan afaan isaatti gargaaramee tajaajila barbaadu argachuuf, mirgi labsiin heera mootummaan isaaf kenne hojiirra akka hinoolle agarsiisa. Dabalataan, akka ragaan afgaaffii itti gaafatamtuu WAT irraa argame agarsiisutti, rakkooleen fayyadama afaaniin walqabatee dhaabbilee mootummaafi mitimootummaa keessa jiru beekamaa ta'uufi rakkinicha dhabamsiisuuf aangoon raawwachisuu sadarkaa aanaatti kan hinkennamne ta'uu agarsiisa.

Karaa biraatiin labsiin qajeelfama fayyadama afaanii MFDI tti jiruufi kan naannoo Oromiyaas, aangoo naannoleen afaan hojii naannoo isaaniitiin akka fayyadamuu danda'an agarsiisa. Dabalataanis, qajeelfamni BATOtiin bahes, naannoo Oromiyaa keessatti barreeffamoonni, beeksifni, maxxansaaleen adda addaa naannicha keessatti jalqaba Afaan Oromootiin barreeffamuu akka qaban agarsiisa.

Haata'u malee qaamni mootummaafi hooggansi baankiiwwanii qajeelfamaafi labsii fayyadma afaanii sadarkaa adda addaatti jiru sirreessuuf xiyyeeffannoon kenname laafaa ta'uu kan agarsiisudha. Haata'u malee, baankii hojii gamtaa oromiyaa keessatti qajeelfamni mootummaa akkaataa eeyyamuun hojiirra ooluun, baankii sanaafis ta'ee, fedhii maamiltootaa guutee, maamilli baankiiwwan biroo caalaa baankicha akka filannoo jalqabatti akka ilaalamu taasisaa jiraachuu ragaan afgaaffii irraa argame nimul'isa. Baankii kana keessatti qajeelfama fayyadama afaanii haaraan addatti bahee osoo hintaane kanuma jiru hojiirra akka oolchaan ragaan afgaaffii itti gaafatmaa baankichaa irraa argame niagarsiisa. Akka yaada kanatti dhimmamtoonni hojiirra oolmaa fayyadma afaaniif xiyyeeffannoo kennuun qajeelfamicha raawwachisuu irratti kutannoon cimaan kan jiru ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru ilaalchisee, afgaaffiin itti gaafatamtootaa, hojjattootaafi maamiltootaaf kan qophaa'edha. Haaluma kanaan ragaa I/Gfi hojjattootaa gaaffilee afgaaffiif dhiyaatan keessaa kanneen yaada walfakkaataa qaban walitti cuunfuun kan ibsamedha.

Fayyadamni afaanii akka walii galatti baankiiwwan keessa jiruufi tajaajila maamiltootni argatan waliin walqabatee haalli jiru, afaan barreeffamaan hojiirra oolu afaan Amaaraafi afaan Ingilizii ta'uufi, dubbii afaaniin taasifamu keessatti namoota AO danda'aniin akka tajaajilaman agarsiisa. Kana keessatti maamiltoonni dandeettii afaanichaa qaban unkoota barbaachisaa ofiif kan guuttatan yoo ta'u, kanneen dandeettii hinqabneef immoo dhaabbaticha keessatti deeggarsa kennuuf namoonni qacaraman kan jiru ta'uu isaati. Yaadni kun hojjattoota baankiiwwanii hedduun kan kennameefi daawwannaa dhaabbilee kanneen keessatti taasifame irraas ragaa walfakkaataan jiraachuudha.

Ragaan Kun baankiiwwan iddattoo qorannoo kanaa ta'an arfan keessatti kan mul'atu ta'ee Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa keessatti fayyadamni afaanii jiru banaa kan ta'eefi, barreeffamoonnifi unkaaleen maallaqni ittiin bahiifi galii ta'anis kanuma mirkaneessu. Dubbii keessattis hojjattoonni AO dubbachuu hindandeenye kan hinjirre ta'uu ragaan argame nimul'isa. Baankiiwwan biroo hafan keessatti rakkoon fayyadama afaaniin walqabatee, hojjattoonni Afaan Oromoo dubbachuu hindandeenye kan jiran ta'uufi maamiltoota waliin waliigaluuf waan rakkataniif, gara namoota afaanicha danda'aniitiin tajaajila akka kennamuuf ragaan argame niagarsiisa. Gama birootiin, barreeffamaa keessatti maamiltoonni hedduun unkoota guutaman afaan Oromootiin ykn walkeessa butanii akka guutaniifi, haalli Kun immoo fayyadama afaanii baankiiwwanii keessatti hojiirra waan hinoolleef, maamiltoonni dogoggoraaf saaxilamaa jiraachuu ragaa argame keessatti hubachuun danda'ameera.

Akka ragaan hojjattoota irraa argame agarsiisutti, rakkoo kana hiikuuf baankiiwwan afaan hojii naannoo gargaaramuu caalaa, hojjattoota deeggarsa gochuu danda'an qacaramanii hojjachaa kan jiran ta'uudha. Yaada kanarraa kan hubatamu qaamni baankiiwwan kana hordofee akka fayyadama afaanii naannoo hojiirra oolchaniif hubannoos ta'ee tarkaanfii fudhatu kan hinjirre ta'uudha.

Kanarraa ka'uun, maamiltoonni baay'een haala fayyadama afaanii jiruun tajaajilamuu hindandeenye, deeggarsa namoota qacaramanii jiraniin tajaajila barbaadan sana akka argatan ragaan argame nimul'isa. Yaada kana irratti wanti qabatamaan jiru hawaasni naannoo kana hedduun kan dubbatan Afaan Oromoo ta'uufi fayyadama afaaniin walqabatee tajaajila barbaadan argachuu keessatti rakkoo bal'aan kan jiruufi maamiltoonni dhuunfaan ofdanda'anii unkoota

guutaman, guutuuf yeroo rakkatan daawwannaa gaggeeffame keessattis haalli walfakkaataan jiraachuu agarsiisa.

Qajeelfama fayyadama afaanii hojiirra oolchuu keessatti sochii akka baankiitti jiru adda baasuuf gaafannoo dhiyaatee ilaalchisee, ragaan argame akka mul'isutti, baankiiwwan keessatti fayyadamni afaanii yeroo dheeraaf jiru Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii akka ta'eefi, afaan hojii federaalaa hojiirra oolchuuf akka ta'een alatti ragaa quubsaan afaanota kana qofaan tajaajila akka kennaniif dirqamsiisuu kan hinjirre ta'uudha. Maqaa dhaabbatichaa ibsuuf barreeffamni ala jiru garuu, Afaan Oromoon barreeffamee akka jiru ragaa daawwannaan argame keessatti Kan mul'atudha.

Yaada kanarraa Kan hubannu, waajirri aadaafi turiizimii dhaabbileen mootummaafi mitimootummaa naannicha keessa jiran barjaa maqaa dhaabbata isaanii ibsu jalqaba AO'n akka barreessaniif kallattiin waan kennameef akka ta'e ragaan argame nimul'isa. Akka yaada kanaatti, dhaabbileen fayyadama afaanii walii gala, Kan naannoon Oromiyaa labsiin baase hordofanii bifa walfakkaatuun raawwachiisuu keessatti hanqinni jiraachuu Kan agarsiisudha. Dabalataan, barjaan maqaa dhaabbilee mul'isu karaa BATO bahee tarkaanfiin akka fudhatamee sirreeffamni maqaaa dhaabbataa agarsiisu jalqaba, Afaan Oromoon akka barreeffamuu qabu waan akka dirqamaatti waajirri aadaafi turiizimii hordofeef akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Dhimmoonni kallattii adda addaan bifa barreeffamaatiin gara baankiiwwanii dhufan hundi Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin kan keessummeeffamanidha. Yaada kanaan walqabatee ragaalee baankiiwwan keessa jiraniifi ragaan afgaaffii irraa argames kanuma mirkaneessu. Akka ragaa odeefkennitoota irraa hubachuun danda'amutti, tajaajilli baankiiwwan kennan walitti hidhaminsa dhaabbilee iddoo garaagaraa waliin waan walquunnamuuf Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitti akka gargaaramanidha. Akka yaada kanaatti dhaabbileen kunneen naannoo Oromiyaa keessatti tajaajilaa osoo jiranuu fayyadama afaanii naannoo biroo waliin hariiroo uumuuf jecha afaan hojii mootummaa naannolee biroofi afaan hojii mootummaa federaalaa hojiirra oolchuuf hojjataa akka jiran ta'uu agarsiisa.

Yaada kanarraa kan hubatamu fayyadama afaanii ilaalchisee xiyyeeffannoon mootummaafi sadarkaa aanaatti qaamota dhimma kana hordofanii rakkoolee kanneen sirreessuuf hojjatan biratti laafaa akka ta'e kan mul'isudha. Gama birootiin, Baankiin Daldala Itoophiyaa qaama mootummaa federaalaatiin waan hoogganamuuf Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitti dhimma

akka bahan ragaan hojjattootaafi itti gaafatamtoota baankiiwwanii irraa bifa afgaaaffiin gaafa 8/9/2011 taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

Baankiiwwan qorannoon kun irratti adeemsifame keessaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaan alatti kanneen biroo keessatti haalli jiru hundi walfakkaata. Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa keessatti unki maallaqni ittiin bahiifi galii ta'u, akkasumas barreeffamoonni adda addaafi ibsi maqaa dhaabbatichaa agarsiisullee afaan Oromootiin barreeffamee kan jirudha. Kanarraa ka'uun itti quufinsa maamilaa baankii kana keessatti, kanneen biroo caalaa gaarii akka ta'e ragaan afgaaffii irraa argame nimirkaneessa.

Fayyadama afaaniin walqabatee haala jiruufi baankiiwwan keessatti rakkoolee maamiltoota quunnaman hubachuuf, bargaaffii irraa ragaan argame, baankiiwwan keessatti gama barreeffamaatiin tajaajilli kennamaa jiru Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii akka ta'e hubachuun danda'ameera. Sadarkaa dubbii afaaniitti, haalli Afaan Oromootiinis tajaajilaman nijira. Haa ta'u malee fayyadama afaaniin walqabatee rakkooleen caasaa afaanichaa beekuu dhabuu, dandeettiin afaanicha irratti qaban kan daangeffame ta'uu, hojjattoonni tajaajila kennan Afaan Amaaraa qofa kan beekan jiraachuun, maamiltoonni waan dubbachuuf barbaadan sana Afaan Oromootiin ibsachuuf yeroo rakkatan ragaa daawwannaan keessattis kan mul'atedha.

Yaada kana ilaalchisee ragaan karaa afgaaffii itti gaafatamtuu waajira aadaafi turiizimii irraa argame akka agarsiisutti hojjattoonni AO hindandeenye dhaabbilee mootummaafi mitimootummaa aanichaa keessatti qacaramanii jiraachuufi, qaamni hojjattoota kana qacaruu sadarkaa naannoo akka ta'ee agarsiisa. Kana jechuun naannoo oromiyaa keessatti hojjattoonni iddoo garaagaraa keessatti qacaramanii hojjachuuf dandeettiiwwan afaanii qabachuufi dhiisuu ilaalchisee ulaagaan addatti bahe kan hinjirree ta'uu agarsiisa. Gama birootiin fayyadama afaanii mootummaan naannoleef kenneefi naannoon Oromiyaas, labsi fayyadama afaan hojii naannichaa akka hojiirra ooluuf hojjachuu keessatti hanqinni bal'aan jiraachuu kan agarsiisudha. Gama birootiin hojiin gama waajira aadaafi turiizimiitiin hojjatames guutuu akka hintaane ragaaleen niagarsiisu.

Akka ragaan bargaaffiin maamiltootaafi hojjattoota baankiiwwanii irraa argame agarsiisutti, fayyadama afaaniin walqabatee rakkoon jiraachuufi haalli fayyadama afaanii mijataa akka hintaane, hubachuun nidanda'ama. Kanaan walqabatee odeefkennitoonni Baankii Daldala

Itoophiyaa bargaaffii dhiyaateef keessatti fayyadamni afaanii dhaabbata isaanii keessa jiru mijataa ta'uu dhabuu irraan kan ka'e, maamilli baay'een gara Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa deemaa akka jiru agarsiisa.

Akka bargaaffii maamiltootaa irraa hubachuun danda'amutti, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessatti jiru Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii ta'uu irraa kan ka'e, rakkoolee garaagaraaf saaxilamuu kan agarsiisudha. Rakkoolee kunis, jechoota qixaan barreessuu dhabuu, caasaa eeganii barreessuu dhabuu, sadarkaa dubbii afaaniittis, qixaan dubbachuu dadhabuu, sodaafi kkf. rakkoolee fayyadama afaaniin walqabatee maamiltoota irratti mul'atu akka ta'e, ragaa daawwannaafi afgaaffii keessatti karaa walfakkaatuun kan mul'atudha. Akka yaada kanaatti maamiltoonni dandeetti Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii hinqabne, unka barbaadan dhuunfaan guutuuf waan hindandeenyeef, deeggarsaan tajaajila barbaadan argatu.

Rakkoo dandeettii afaaniin walqabatuun dhimmoota waraqalee herrega sochoosuuf guutaman irra jiru, iddoo isaa malee akka guutaan ragaan dawwannaa irraa argame nimirkaneessa. Dabalataanis, maamiltoonni baay'een sodaa kana irraa kan ka'e deeggarsa gaafatanii tajaajilamu. Maamiltootni unka irratti dogoggoran baay'een jechoonni Afaan Amaariffaan 'yelaakiwu sawu sim' ykn 'yetelakelet sawu sim' fi gaaleewwan biroo bifa kanaan barreeffaman hubachuufi adda baasuu irratti akka rakkatan ragaan argame nimul'isa.

Akka ragaan afgaaffii itti gaafatamtoota baankiiwwanii irraa argame mul'isutti rakkooleen kun jiraachuufi maamilli tajaajila barbaadu akka argatuuf namoonni afaan Oromoo danda'an, unkootaa guutamaniifi yaada isaanii hubatee ergaa barbaadan dabarsuuf jiraachuu agarsiisa. Yaada kanarraa kan hubatamuu itti gaafatamtoonni baankiiwwanii fayyadama afaan hojii naannoo irratti hubannoo dhabuufi qaamni leenjiis ta'ee deeggarsa kennuu kan hinjirre ta'uudha.

Dabalataanis, itti gaafatamtoonni kun rakkoo fayyadama afaaniin walqabatee mul'atu, sirreessuu caalaa yeroo sabaafi sablammiin kamiyyuu mirga afaan ofii fayyadamee tajaajila barbaadu argatuuf carraan mijatetti, baankiiwwan keessatti hawaasni afaan hojii naannichaan fayyadamuu dhabee akkuma sirnoota darban keessatti ta'aa turetti turjumaan tajaajilamuun nimul'ata. Walumaagalatti fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru irratti waajia aadaafi turiizimii Oromiyaas ta'ee, qaama dhimmi ilaaluun xiyyeeffannoon kennamee hojjatamaa kan hinjirre ta'uu, ragaaleen kallattii adda addaan odeefkennitoota irraa argaman nimirkaneessu.

4.1 Ragaaleee Bargaaffii I/Gfi Hojjattootaa Haala Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Keessa Jiru Ilaalchisee, odeefkennitoota irraa argaman akkuma jirutti ka'uu caalaa haala walitti dhiyeenya ragaalee argamaniin qindaa'anii kan dhiyaatanidh.

Gabatee 1. Haala Itti Fayyadama Afaanii

| Lakk. | Gaaffilee dhiyaatan | Deebii Kennitoota | % |
|---|---|---|---|
| 1 | Maamiltoota gara baankii keessanii dhufan afaan kamiin keessummeessitu? | 25 | |
| A | Afaan Oromoo | 13 | 52 |
| B | Afaan Amaaraa | 24 | 96 |
| C | Afaan Ingilizii | 8 | 32 |
| 2 | Baankii keessan keessatti afaan akka dirqamaatti ittiin tajaajila kennitan jiraa? | | |
| A | Eeyyee | 19 | 76 |
| B | Lakki | 6 | 24 |
| 3 | Haala itti fayyadama afaanii baankii keessan keessa jiru akkamittiin madaaltu? | | |
| A | Baay'ee mijataa | 2 | 8 |
| B | Mijataa | 5 | 20 |
| C | Giddugaleessa | 8 | 32 |
| D | Rakkisaa | 8 | 32 |
| 4 | Tajaajila kennitan keessatti rakkoon itti fayyadama afaaniitiin walqabatee isiin mudate jiraa? | Deebii kennitoota | % |
| A | Eeyyee | 17 | 68 |
| B | Lakki | 8 | 32 |
| 5 | Fayyadamni afaanii baankii keessanii tajaajila kennitan nidaangessaa | | |
| A | Eeyyee | 12 | 48 |
| B | Lakki | 13 | 52 |
| 6 | Dhimma fayyadama afaanii irratti labsiin heera mootummaa jedhuufi kan mana hojii keessanii walsimataadhaa? | | |
| A | Eeyyee | 6 | 24 |
| B | Lakki | 21 | 84 |

Akka gabatee(1) irraa hubachuun danda'amutti I/G 5fi hojjattoonni 20 ta'an baankiiwwanii qorannoo kana irratti odeefkennitoota ta'anii hirmaatan keessaa fayyadamni afaanii ittiin maamiltootaa tajaajilan afaan kamiin akka ta'e gaafatamani Afaan Oromoo kan jedhan namoota 13, 52%, Afaan Amaaraa kan jedhan 24, 96% fi Afaan Ingilizii kan jedhan immoo 8, 32% kan ta'edha.

Gabatee kana irraa wanti hubatamu fayyadamni afaanii baankiiwwan keessatti hojiirra oolaa jiru Afaan Amaaraa akka ta'e lakkoofsa odeefkennitootaa irraa hubachuun nidanda'ama. Kana jechuun immoo akka haala qabatamaa aanaa kanaatti sabaafi sablammoota jiran keessaa irra caalaan uummata Oromooti. Uummanni kunis, bal'inaan Kan jiraatan gandoota baadiyyaa keessa. Kun immoo tajaajila argachuu fedhaniin walqabatee dhiibbaan fayyadama afaanii akka irra gahu hubachuun nidanda'ama. Dhimmi guddaan hubatamuu qabu fayyadamni afaanii qabxii kana irratti jiru sadarkaa dubbii afaaanis ta'ee kan barreeffamaa kan dabalatudha. Dhimmoonni hawaasni baankiiwwan kana irraa barbaadu immoo maallaqa bahiifi galii gochuu, herrega baankii haaraa baasuuf, liqii adda addaa gaafachuuf kan gara baankiiwwanii dhufudha. Tajaajiloota kanneen argachuuf keessumaa hawaasni baadiyyaa dhiphachaa, dogoggora unkaa uumaa ykn darbee gargaarsa dabalataa gaafatee akka tajaajilamu agarsiisa.

Akka gabatee lakkoofsa(1) 2[ffaa] tti fayyadamni afaanii bifa dirqamaan baankiiwwan keessatti hojiirra oolu jiraachuu mirkaneeffachuuf gaafannoo dhiyaateef keessatti, odeefkennitoonni 19, 76% ta'an eeyyee yoo jedhan, odeefkennitoonni 6, 24% ta'an immoo lakkii jedhaniiru. Yaada kanarraa wanti hubatamu baankiiwwan keessatti afaan dirqamaan ittiin tajaajila kennan akka jiru hubachuun nidanda'ama. Gaaffii qulqulleeffannaa dhiyaate keessatti yaada odeefkennittootaa irraa akka hubachuun danda'amutti baankiiwwan mootummaa Federaalaa jalatti bulu waan ta'eef, afaan hojii federaalaa fayyadamuun dirqama akka ta'etti hubachuun nimul'ata.

Gama birootiin baankiiwwan mootummaa federaalaa jalatti hinbulle illee Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatiin alatti, afaanuma kana gargaaramuu.

Akka ragaan baankiiwwan kannneen irraa argamu agarsisuttis, kanuma baankii daldala Itoophiyaa akka hordofan agarsiisa. Gama birootiin ragaan hojjattoota biraa argame akka agarsiisutti, hubannoon fayyadama afaanii naannoo Oromiiyaa Afaan Oromoo akka ta'eefi

baankiiwwan keessatti AAfi AI akka labsiin kennameef godhanii ilaaluun raga afgaaffii keessattis dhimma adda bahee mul’atedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, sirni fayyadama afaanii caaseffamaan karaa walfakkaatuun hawaasni irraa tajaajila barbaadu akka argatuuf karoorfamee tajaajiala kennaa jiru akka hinjirreefi naannoo Oromiyaa keessatti dhaabbileen mootummaafi mitimootummaa fedhiifi ilaalcha itti fakkaate yeroo tarkaanfachiisan qaamni hordofee tarkaanfii fudhatu kan hinjirre ta’uu agarsiisa. Kanarraa ka’uudhaan gabatee (1) 3[ffaa] irratti madaalli mijaa’ina fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruu ilaalchisee gaafannoo dhiyaateef, ilaalchisuun odeefkennitoota 23 hirmaatan keessaa fayyadamni afaanii jiru baay’ee mijataadha kan jedhan 2, 8%, mijataa kan jedhan 5, 20%, giddugaleessa kan jedhan, 8, 32% rakkisaa kan jedhan 8, 32% kan ta’anidha.

Ragaa argame kanarraa, fayyadamni afaanii jiru tajaajila Kennan keessatti milkaa’ina hojii isaaniif, mijataa akka hin taane hubachuun nidanda’ama. Kunis, mijachuu dhabuu fayyadama afaanii sadarkaa giddu galeesaafi rakkisaatti namoonni madaalan lakkoofsa guddaa Kan qabatanidha. Karaa walfakkaatuun baay’ee mijataadha kanneen jedhaniifi mijataa Kan jedhan lakkoofsaan xiqqaadha. Gaaffii qulqulleeffannaa namoota giddugaleessa jedhaniifi rakkisaadha, jedhan irraa akka hubatametti fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruun rakkoon Kan irra gahaa jiru maamila qofaa osoo hintaane, hojjattoonni baay’een illee afaan kanaan dubbachuufi caasaa afaanichaa eeganii qixa sirrii ta’een barreessuu keessatti akka isaan rakkisu daawwannaafi afgaaffii keessatti mul’ateera.

Gabatee (1) lakk.4 jalatti rakkoo qabatamaa fayyadama afaaniin walqabatee isaan muudatee jiraachuu hubachuuf gaafannoo dhiyaate ilaalchisee, namoonni 12, 48% ta’an eeyyee yoo jedhan namoonni 13, 52% kan ta’an immoo lakki jedhaniiru. Qabxii kana irraa wanti hubatamuu eeyyee warren jedhan irra caalaan isaanii namoota afaan amaaraa irratti dandeetti cimaa hinqabne yoo ta’an, warri lakki jedhan dhuunfaan dandeettii afaanichaa qabaatanii osoo hin taane bakka isaan rakkatanitti keessummeessitootaan deeggaramanii tajaajila barbaadan kennuu/argachuu waan danda’aniifi. Qabxiidhuma kana jalatti namoonni gaaffii qulqulleeffannaa irratti yaada kennaniin, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru maamiltoota isaanii illee si’aayinaan gara baankiiwwanii akka hindhufne taasisaa jiraachuu ragaan argame nimul’sa.

Dabalataa, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru tajaajila kennuu qaban akka daangessuu illee hubachuun nidanda'ama. Sababnin isaa maamiltoonni hedduun gara Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa deemaa akka jiran ragaalee bifa afgaaffii irraa hubachuun nidanda'ama.

Gabatee (1) lakk.6 irratti gaafannoo dhiyaateef, ilaalchisuun dhimmi fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruufi labsiin fayyadama afaanii ilaalchisee jiru walfakkaata, dhimma jedhu irratti odeefkennitoota jiran keessaa 6, 24% kan ta'an eeyyee jedhanii yoo deebisan, 21, 84% kan ta'an immoo lakki jedhaniiru. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'ametti, namoonni eeyyeen jedhan afaan amaaraa afaan hojii federaalaati, yaada jedhurraa kan maddedha. Kana jechuun maamiltootas ta'ee hojjattoonni baankiiwwanii baay'een waa'ee labsii fayyadama afaanii irratti hubannoon qaban baay'ee laafaadha. Dhimma kana ilaalchisuun qorattuun bargaaffiifi afgaaffii odeefkennitoota irraa hubachuuf dandeesseetti. Gama birootiin namoonni 21, 84% ta'an lakki jechuun labsiii fayyadama afaanii ilaalchisee heerri mootummaa kan jedhu irratti hubannoo waan qabaniifi fayyadamni afaanii jiru immoo maamiltootaafi hojjattoota baankiiwwanii irratti rakkoo uumaa waan jiruuf, afaan maamilli baay'een danda'uufi labsiin mootummaa naannoo jedhuun tajaajila kennamuu akka qabu agrsiisa.

Kutaa kana jalatti yaada I/Gfi hojjattoonni fayyadama afaaniin walqabatee jiru ilaalchisee, fedhii hawaasni fayyadama afaanii irratti qabuun xiinxalanii beekuun walqabatee, namoonni baay'een yeroo herrega isaanii sochoosan Afaan Oromootiin unka akka guutan agarsiisa. Yaada kanarraa hubachuun Kan danda'amu maamilli baay'een gara baankii dhufu Kan AO danda'u ta'uu agarsiisa. Haata'u malee maamilli Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin alatti yoo fayyadame fudhatama hinqabu. Sababni isaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatiin alatti baankiiwwan hunda keessatti afaan hojii ta'ee Kan tajaajilu Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziiti.

Akka ragaan daawwannaa irraa argame agarsiisuttis, maamiltoonni dogoggora unkaafi caasaa afaanii osoo hin eegiin yeroon barreessanis nimul'atu. Kunis akka baankiiwwanitti fudhatama hinqabu. Karaa birootiin maamiltoonni afaan lamaafi sanaa ol walkeessa fuudhanii unka tokko irratti barreessanis nimul'ata. Kanarraa ka'uudhaan fayyadamni afaanii jiru maamiltoota kan giddu galeeffate akka hintaane ragaa argame irraa hubachuun nidanda'ama. Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti fayyadamni afaanii baankiiwwa keessa jiru, akkaataa hawaasa naannoof tajaajila kennu danda'uun hojiirra ooluu dhabuufi karoorri fayyadama afaanii bifa

walfakkaatuun baankiiwwaan keessa jiraachuu dhabuun rakkoolee baankiiwwan keessatti mul’atanidha.

Dabalataan akka ragaan bargaaffii hojjattootaa irraa argame agarsiisutti, rakkoolee fayyadama afaanii waliin walqabatee, baankiiwwan keessatti mul’atuuf, baankiiwwan afaan hojii sadii hojiirra oolchuun rakkoolee fayyadma afaaniin walqabatee mul’atu xiqqeessuu akka danda’u agarsiisa. Yaada kanarraa hubachuun akka danda’amutti, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru, maamlitoota qofa osoo hintaane hojjattoota Afaan Amaaraa sirritti hindandeenye irrattis, dhiibbaa akka qabu agarsiisa.

Gama birootiin ragaan bargaaffii itti gaafatamtootaafi hojjattootaa irraa argame akka agarsiisutti, labsii heera mootummaafi fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruu kan walhinsimne ta’uu agarsiisa. Yaada kanarraa hubachuun akka danda’amutti, labsiin heera mootummaa akka agarsiisutti, naannooleen afaan hojii naannoo isaanii fayyadamuu akka danda’an agarsiisa. Dabalataanis, heerri mootummaa naannoo Oromiyaas, dhaabbileen mootummaafi mitimootummaa naannicha keessatti tajaajilan afaan Oromiyaatiin tajaajila kennuu akka qaban agarsiisa.

Gama birootiin bargaaffii itti gaafatamtootaaf afaan hojii naannichaa hojiirra oolchuun walqabatee sochii jiru ilaalchisee, ragaan argame akka agarsiisutti, baankiiwwan keessatti afaan Oromoon tajaajila kennuuf, fedhiin kan jiru ta’uufi fuulduratti tajaajila kennan keessatti Afaan Oromoo dabalataan akka hojiirra oolchan ragaa argame irraa hubachuun nidanda’ama. Dhimma kana ilaaalchisee, labsiin fayyadma afaanii naannoo Oromiyaa afaan naannichaan hojiin kamiyyuu gaggeeffamu akka qabu agarsiisuun alattii dhaabbileen bifa isaanii mijatuun afaan akka bocataniif Kan eeru hinmul’atu.

Ragaalee bargaaffii maamiltootaa hawaasaa kutaalee adda addaa irraa haala fayyadama afaanii baankiiwwan ilaalchisee argame haala walitti dhiyeenya yaadolee argamaniin bifa armaan gadiin qaacceffamanii kan dhiyaatedha.

Gabatee 2 haala itti fayyadama afaanii baankiiwwan keeaastti

| La kk. | Gaaffilee dhiyaatan | Deebii Kennitoota | % |
|---|---|---|---|
| 1 | Gara baankiiwwanii yeroo dhuftan afaan kamiin tajaajila argattu? | 40 | |
| A | Afaan Oromoo | 11 | 27.5 |
| B | Afaan Amaaraa | 24 | 60 |
| C | Afaan Ingilizii | 8 | 20 |
| 2 | Baankii keessatti afaan akka dirqamtani itti gargaaramtan jiraa? | | |
| A | Eeyyee | 34 | 85 |
| B | Lakki | 6 | 15 |
| 3 | Haala itti fayyadama afaanii baankii keessan keessa jiru akkamittiin madaaltu? | | |
| A | Baay’ee mijataa | 4 | 10 |
| B | Mijataa | 5 | 12.5 |
| C | Giddugaleessa | 13 | 32.5 |
| D | Rakkisaa | 18 | 45 |
| 4 | Tajaajila argachuu barbaaddan keessatti rakkoon itti fayyadama afaaniitiin walqabatee isiin mudate jiraa? | | |
| A | Eeyyee | 24 | 60 |
| B | Lakki | 16 | 40 |
| 5 | Fayyadamni afaanii baankiiwwanii keessatti jechoonni ykn gaaleewwan adda addaa tajaajila argachuu feetan daangessu jiraa? | | |
| A | Eeyyee | 23 | 57.5 |
| B | Lakki | 17 | 42.5 |

Akka ragaan gabatee lakk.1 irraa hubachuun danda'amutti maamiltoonni kutaalee hawaasaa adda addaa irraa filataman 40 ta'an akka odeefkennitootaatti hirmaatan keessaa fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru ilaalchisee, ragaan argame akka mul'isutti, baankiiwwan keessatti afaan ittiin tajaajila argatan, afaan Oromoo kan jedhan namoota 11, 27.5%, Afaan Amaaraa kan jedhan 24, 60% fi Afaan Ingilizii kan jedhan immoo 8, 20% ta'uu agarsiisa.

Ragaa argame kana irraa wanti hubatamuu, afaan baankiiwwan keessatti hawaasni ittiin tajaajila argachaa jiru Afaan Amaaraa akka ta'e mul'isa. Kunis ragaan jiru akka mul'isutti, afaan ittiin tajaajilli kennamu keessatti lakkoofsa raga argame kanaa akka mul'isutti, baankiiwwan keessatti afaan barreeffamaafi dubbii keessatti hojiirra oolu Afaan Amaaraa ta'uu agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun, ragaan afgaaffii irraa argames kanuma mirkaneessa.

Ragaan gabatee lakkoofsa (2) 2ffaa akka mul'isutti, fayyadamni afaanii bifa dirqamaan baankiiwwan keessatti maamiltoonni akka itti gargaaraman jiraachuu ilaalchisee ragaan odeefkennitootaa akka agarsiisutti, baankiiwwan qorannoo kun irratti adeemsifame keessaa baankii HGOtiin alatti waraqaaleen maallaqni ittiin bahiifi galii ta'u, tajaajilli biroon baankiiwwan kanneen keessatti jiru marti kan adeemsifamu Afaan Amaaraatiin akka ta'e daawwannaa keessattis kan mul'atedha. Haaluma kanaan odeefkennitoonni, 34, 85% ta'an eeyyee yoo jedhan, odeefkennitoonni 6, 15% ta'an immoo lakkii jedhaniiru. Yaada kanarraa wanti hubatamu baankiiwwan keessatti afaan dirqamaan ittiin tajaajila argatan akka jiru hubachuun nidanda'ama. Dabalataan, ragaan daawwannaa irraa argameen, baankiiwwan mootummaafi dhuunfaa keessatti fayyadamni afaanii jiru irra caalaan Afaan Amaaraa akka ta'eefi bifa barbaadameen yaada isaanii ibsatanii tajaajilamuuf akka rakkatan ta'uu agarsiisa.

Gama birootiin, gabatee (2) 3ffaa irratti madaalli mijaa'ina fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruu ilaalchisee, odeefkennitoota 23 hirmaatan keessaa fayyadamni afaanii jiru baay'ee mijataadha kan jedhan 2, 8%, mijataa kan jedhan 5, 20%, giddugaleessa kan jedhan, 8, 32% rakkisaa kan jedhan 8, 32% kan ta'anidha.

Ragaa argame kanarraa qabxiin guddaan hubatamuu qabu, fayyadamni afaanii jiru tajaajila kennan keessatti milkaa'ina hojii isaaniif, mijataa akka hin taane hubachuun nidanda'ama. Kunis, mijachuu dhabuu fayyadama afaanii sadarkaa giddu galeesaafi rakkisaatti namoonni madaalan lakkoofsa guddaa kan qabatanidha. Karaa walfakkaatuun baay'ee mijataadha kanneen

jedhaniifi mijataa kan jedhan lakkoofsaan xiqqaadha. Dabalataan ragaa argame kanarraa, odeefkennitoonni giddugaleessafi rakkisaadha, jedhan fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruun rakkoon kan irra gahaa jiru maamila qofaa osoo hintaane, hojjattoonni baay'een illee afaan kanaan dubbachuufi caasaa afaanichaa eeganii qixa sirrii ta'een barreessuu keessatt akka isaan rakkisu, ragaan daawwannaa taasifamee niagarsiisa.

Gabatee (2) lakk.4 jalatti rakkoo qabatamaa fayyadama afaaniin walqabatee maamiltoota muudatee jiraachuu mirkaneessuuf ragaan bargaaffii ilaalchisee, namoonni 24, 60% ta'an eeyyee yoo jedhan namoonni 16, 40% Kan ta'an immoo lakki jedhaniiru. Yaada kanarraa wanti hubatamuu eeyyee warren jedhan irra caalaan isaanii namoota Afaan Amaaraa irratti dandeetti cimaa hinqabne yoo ta'an, warri lakki jedhan dhuunfaan dandeettii afaanichaa qabaatanii osoo hin taane bakka isaan rakkatanitti keessummeessitootaan deeggaramanii tajaajila barbaadan waan argataniifi. Qabxiidhuma kana jalatti namoonni ragaa afgaaffii irraa akka hubatamutti, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru rakkoo ta'uu irraa kan ka'e ofitti amananii gara baankiiwwanii dhaquuf akka sodaatan agarsiisa. Maamiltoonni yeroo gara baankii dhufan namoonni isaan deeggaran jiraatanillee yaada isaanii ibsachuuf sodaan akka jiru daawwannaa keessatti dhimma adda bahedha.

Gabatee (2) lakk.5 jalatti fayyadama afaanii baankiiwwanii keessatti jechoonni ykn gaaleewwan adda addaa tajaajila barbaadamu daangessu jiraachuun walqabtee, ragaan argame akka agarsiisutti, odeefkennitoonni, 23, 57.5% ta'an eeyyee yoo jedhan, 17, 42.5% kan ta'an immoo lakki jedhaniiru. Yaada kanarraa wanti hubatamu jiraattonni naannoo magaalaa jiraatan rakkoon isaan dandeetti Afaan Amaaraa irratti qaban fooyyee kan qabuufi kanneen dandeettii cimaa hinqabnellee deeggarsa gaafachuuf sodaa hinqaban. Haata'u malee, namoonni baadiyyaa irraa dhufaniifi sadarkaan barnoota isaanillee xiqqaa ta'e, afaan amaaraatiinis ta'ee afaan ingiliziitiin unka adda addaa guutuuf yeroo rakkatan afgaaffii keessattis ragaan walfakkaatan jiraachuu garsiisa. Gama birootiin namoonni hinbarannes, tajaajila argachuuf gara dhaabbilee kanneenii yeroo dhufan, deeggarsuma namoota dhaabbilee kanneen keessatti qacaramanii jiraniin deeggaramee tajaajila barbaadu sana argata.

Akka ragaan argame mul'isutti fedhii fayyadama afaanii baankiiwwaniin walqabtee, odeefkennitoonni, baay'een tajaajilli kennamu Afaan Oromootiin akka ta'uuf, ragaan walfakkaatu afgaaffii irraa argame yaaduma kana mirkaneessa. Akka yaada kanaatti

maamiltoonni baay'een Afaan Oromoo kan beekaniifi, naannicha keessatti Afaan Oromoo afaan dhalootaa maamiltootaa, ta'uu isaafi afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta'uu agarsiisa. Gama birootiin akka ragaan lakkoofsa uummata Itoophiyaa 1997 gaggeeffame ibsutti sabaafi sablammoota biyya kanaa keessaa uummanni Oromoo baay'inaan sadarkaa tokkooffaa irra jira. Haaluma walfakkaatuun akka naannoo qorannoon kun irratti adeemsifameettis harki caalaan uummata Oromoo baadiyyaa jiraatudha. Haata'u malee fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiruu yaada kanaaf faallaadha. Gama birootiin odeefkennitoonni fayyadamni afaanii baankiiwwan keessatti afaan sadiin akka kennamu barbaadan jiraachuunis ragaa argameen dhimma adda bahedha. Akka yaada kanaatti maamiltoonni gara baankiiwwanii yeroo dhufan, afaan danda'aniin filatanii tajaajila argachuu barbaadan filannoon taasisuu akka danda'aniifi. Akka yaada kanaatti fayyadamni afaanii filannoo hedduu dhiyyeessun BHGO keessatti qabatamaan hojiirra oolaa kan jirudha. Kanumaan walqabatee kenninsi afaanii amma jiru karaa guutuu ta'een fedhii maamiltootaa waan hineegneef, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru hanqina qabaachuu ragaan jiru niagarsiisa.

Dabalataanis, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessatti afaanota lamatti daangeffamuun walqabatee, rakkoon fayyadama afaanii maamiltootaaf qofa osoo hintaane hojjatanis dhaabbilee kanneen keessatti qacaramee hojjatuuf rakkoo ta'uu ragaan afgaaffii irraa argame nimul'isa. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, fayyadamni afaanii dhaabbilee keessa jiru tajaajilamaa qofa osoo hin taane hojjataafis rakkoo ta'uu agarsiisa. Kanarraa ka'uun fayyadamni afaanii baankiiwwanii kan sabaafi sablammoota hinhammanne, akkasumas afaan hojii mootummaa naannoo kan hinkabaje ta'uu ragaan bargaaffii irraa argame nimul'isa.

Walumagalatti boqonna kana jalatti Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa keessatti maal akka fakkaattu Bargaaffii, Afgaaffii, Daawwannaafi Sakatta'a barruu gaggeefamee, ragaalee argaman qaacceessuuf yaalameera. Haaluma kanaan fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru kan Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatiin alatti rakkoolee heddu akka qabu beekuun danda'ameera. Ragaalee funaanaman kana irraa dhimmoota akka rakkootti ka'an kanaaf yaada furmaataa ta'uu danda'a jedhamee yaadames kenname jira. Akka qorattuun daawwannaafi sakkatta'a barruu irraa hubachuuf dandeesseetti maamiltoonni baay'een dandeettiin isaan afaan amaaraas ta'ee afaan ingilizii irratti qaban laafaa waan ta'eef yeroo rakkatan nimul'atu. Kun immoo baankiiwwan keessatti xiyyeeffannoon fayyadama afaaniif kenname laafaa ta'uu namatti

agarsiisa. Hojiilee gaggeessinu keessatti quunnamtii sirriin gama afaan dubbiitiinis ta'ee karaa barreeffamaatiin jiru kan milkaa'u fayyadama afaanii taasifnuuni. Kunis daawwannaafi sakatta'a barruu taasifameen hubachuun danda'ameera. Fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru kanneen waajiraalee naannicha keessa jiraniin adda. Kunis waajiraaleen kun barjaa maqaa dhaabbata isaanii agarsiisu irratti jalqaba Afaan Oromoon barreessanii tajaajilli isaan keesatti kennan immoo afaan amaaraafi afaan ingiliziiti. Baankiiwwan qorannoon kun keessatti gaggeeffame keessaa Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaatiin alatti kaawwan keessatti barreeffamni alaan maqaa dhaabbatichaa ibsu Afaan Oromoon barreeffamee tajaajilli keessatti kennamu Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii akka ta'e daawwannaafi sakatta'a barruu qorattuun gaggeessite irraa hubachuun nidanda'ama.

Afgaaffiifi bargaaffii hojjattootaafi maamiltoota baankiiwwan kanneenif dhiyaateenis, fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru qaamolee lamaaniifu mijataa akka hintaane qaaccessa yaada odeefkennitoonni Kennan irraa hubachuun nidanda'ama. Kunis fedhiin fayyadamtootaafi dhaabbilee gidduu jiru haala qabatamaa keessa jiruun walsimachuu dhabuun, akkasumas, itti quufinsi tajaajilaa akka hinjirre afgaaffiifi bargaaffii irraa hubachuun danda'ameera. Gama birootiin waajirri aadaafi turiizimii aanichaas rakkoolee mul'atan kanaaf, labsii heera mootummaa hordoffee labsichi bifa walfakkaatuun dhaabbilee baankiiwwanii keessatti raawwachiisuuf sochiin taasisan laafaa ta'uu ragaa argame irraa hubachuun nidanda'ama.

Gama birootiin, ragaaleen meeshaa funaansa ragaalee qorattuun dhimma itti baate hunda keessatti fayyadama afaaniin walqabatee odeeffannoon maamiltootaafi hojjattoota baankiiwwanii irraa walitti qabaman akka agarsiisutti baankiiwwan fayyadama afaaniitiif xiyyeeffannoo akka hin kennineefi fayyadamni afaanii jirus, danbiifi qajeelfama mootummaan fayyadama afaanii irratti baase Kan hineegnedha. Karaa biraatiin tajaajilli hawaasni bal'aan baankiiwwan kanneen irraa barbaadu haala fedhiifi beekumsa hawaasaa hinbu'uureffanne ta'uun illee Kan mul'atudha. Yaada kanaan walqabatee BHGO keessatti Kan jiru maamilli fedhiifi beekumsa isaatti gargaaramee tajaajila argachuun baankiiwwan kanneen biroo caalaa baankii kana akka filannoo jalqabaatti fudhachiisu bira darbee, baankiin Kun guddina afaanichaaf illee gahee isaa bahaa akka jiru kan namatti agarsiisudha.

## Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu meeshaalee funaansa ragaa gosa adda addaatiin walitti qabamantu cuunfamee dhiyaata. Kuniis, hojii qorannichaa irratti hundaa'uniifi yaadoota ka'an bu'uureeffachuun kan raawwatamu ta'a. Kana malees, haaloonni sirna fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru maal akka fakkaatu, adeemsa qorannichi keessa darbe cuunfaa keessatti ibsama. Itti aansuun argannoofi yaboon qorannichaa duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

### 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa haala 'fayyadama afaanii baankiiwwan Aanaa Walmaraa' keessa jiru maal akka fakkaatu qaacceessudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf rakkoo fayyadama afaaniin walqabatee hojjattoota baankiiwwaniifi maamiltoota mudatan adda baasuu irratti kan xiyyeefatu ta'ee, rakkooleen kunneen gama barreeffamaafi dubbiitiin ta'uus adda bahanii ilaalamanii jiru. Haaluma kanaan odeeffannoon barbaachisaan dhimmoota kana deeggaruu danda'an, qorannoon walfakkaataan fayyadama afaanii irratti xiyyeeffataniifi ragaaleen adda addaa funaanamanii jiru. Odeeffannoon funaanaman kunis, bargaaffii, afgaaffii, daawwannaafi sakattaa'a barruutiin kan qindaa'edha. Odeeffannoon funaanamanii qindaa'an kunneen xiinxalamuun mala qulqulleeffataafi safarataa fayyadamuun qaacceeffamanii dhiyaatanii jiru.

Haaluma kanaan, hanqinoonni fayyadama afaanii baankiiwwan aanaa walmaraa keessatti mul'atan addaan ba'anii jiru. Rakkooleen kunninis, baankiiwwan keessatti afaanonni hojiif itti garagaaraman Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii ta'uun, maamiltoonniifi hojjattoonni caasaa afaanicha qixa sirrii ta'een wallaaluu irraa kan ka'e rakkoof saaxilamuun kan adda ba'e ta'uudha. Kanarraa kan ka'e, seera fayyadama afaanichaa eeguu dhabuun, dhiphachuun, sodaan, hiika jechootaa hubachuu dhabuun akkasumas, dhiibbaa xiinsammuuf saaxilamuunillee kan mul'atudha. Kunis ka'umsi isaa Afaan Amaaraas ta'ee Afaan Ingilizii irratti beekumsa gahaa dhabuu, hawaasni bal'aan Afaan Oromoo qofa kan beekan ta'uun, filannoon fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiru carraa bal'aa kan hinqabneefi xiyyeeffannoon baankiiwwan itti fayyadama afaaniif kennan laafaa ta'uun rakkoolee adda bahanidha.

Walumaagalatti, barreeffamaanis ta'ee dubbiin ergaa barbaadamu tokko dabarfachuufi quunnamtii sirrii uumuu keessatti fayyadama afaanii sirriin kan ergaa dabarsuuf barbaanne sana

galmaan gahu jiraachuun barbaachisaadha. Sababni isaa qaamonni lama quunnamtii taasisan, quunnamtii gaggeessaniiru jechuuf gidduu isaanitti walhubannaan hiika qabeessa ta'e yoo gaggeeffamedha. Kanaaf baankiiwwan keessatti fayyadamni afaanii jiru dhimmoota ka'an kanneen hinmilkeessine taanaan tajaajilli kennamus guutuu ta'uu hindanda'u. Kanarraa ka'uun dhaabbileen kunneen rakkoo fayyadama afaaniitiin walqabatee mul'atu kana maqsuuf yaada furmaata kaa'ame hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

### 5.2 Argannoo Qorannichaa

Haala fayyadama afaanii baankiiwwan aanaa walmaraa keessatti hojiirra oolaa jiru sakkata'uun ibsuuf ragaaleen malleen funaansa odeeffannoo kanneen akka afgaaffii, bargaaaffii, daawwannaafi sakattaa'a barruu irraa argaman bu'uura godhachuun argannoowwan qorannichaa akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

- Fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiru labsiifi imaammata fayyadama afaanii naannoo Oromiyaa kan hineegne ta'uun adda baheera. Kunis akka Heera Mootummaa Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa Bara 1994 baaseefi Bara 1995 irraa eegalee hojii irra oolfame irratti akka mul'atutti naannoleen afaan hojii isaanii fayyadamuu akka danda'an eera. Haata'u malee labsiin kun BHGOtiin alatti baankiiwwan hafan kanneen qorannoon kun irratti adeemsifame keessatti hojiirra kan hinoolle ta'uu bira gahameera.

- Baankiiwwan keessatti barreeffamoonni maqaa dhaabbatichaa agarsiisuuf alatti barreeffamanii jiraniifi ragaaleen adda addaafi unki waraqaalee maallaqni ittiin bahiifi galii ta'uu Kan walhinfakkaanne ta'uu hubachuun danda'ameera.

- Fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti mul'atu hubatee, Waajirri Aadaafi Turiizimiis ta'ee, qaamoleen dhimmichi isaan ilaallatu xiyyeeffannoo Kan hinkennine ta'uu adda baheera.

- Haala fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruun walqabatee maamiltonnifi hojjattoonni baankiiwwanii itti quufinsa tajaajilaa akka hinqabne bira gahameera.

- Barreeffamoonniifi beeksifni dhimmoota daddabarsa maallaqaan walqabatanii jiran, hiikni isaanii kan hinhubatamneefi afaanota biroo irraa fudhatamuun maamiltootaan xiyyeeffannoon itti kennamee ergasaa hubachuun danqaa ta'uu bira gahameera.

- Fayyadamni afaanii baankiiwwanii, afaan amma tajaajila kennuun alatti AO akka dabalamuuf maamiltotaafi hojjattoota bira fedhiin jiraachuu hubatameera.

- Baankiiwwan keessatti hojjattoonni qacaramanii hojjachuuf, afaan hojii naannichaa beekuun ulaagaa qacarrii akka hintaaneefi hojjattoonni AO dubbachuu hindandeenye BHGOtiin alatti qacaramanii jiraachuun hubatameera.

### 5.3 Yaboo Qorannichaa

Argannoowwan gurguddoo qorannichaa irratti hundaa'uun haala fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa ilaalchisee hanqinaalee mul'ataniif yaboowwan ta'uu malan akka armaan gadiitti qophaa'anii jiru.

- Itti fayyadama afaanii baankiiwwanii ilaalcisee, BHGOtiin alatti labsii heera mootummaa waan hineegneef, mootummaan labsii fayyadama afaaniitiif xiyyeeffannoo kennee hojii hubannoo uumuun barbaachisaadha. Mootummaan naannoos, akkaataa isaan hojiirra oola jiran sakatta'uun furmaata kennuuf osoo hojjatamee

- Baankiiwwan barreeffama ibsa maqaa dhaabbatichaa agarsiisu jalqaba afaan Oromoon itti aansuun Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziin barreessan, unka daddabarsa maallaqaan walqabatanii barreeffamaniifi tajaajila Kennan bifuma walfakkaatuun afaan sadeeniin kennuu barbaachisaadha. Haalli kun BHGO keessatti qofa kan mul'atuufi qaamni dhimmi kun ilaalu hojiirra oolmaa fayyadama afaaniif furmaata kunnuun osoo danda'ame.

- Itti fayyadama afaanii baankiiwwanii sirreessuufi hojii hubannoo uumuu kennuuf, waajirri aadaafi turiizimii xiyyeeffannoon osoo hojjatanii.

- Fayyadamni afaanii baankiiwwan keessa jiruu, fedhii maamiltootaafi hojjattoota kan hinguunne waan ta'eef, dhimma kana hubachuun itti quufinsa kenna tajaajilaa mana hojii isaanii sirreessuun barbaachisaadha.

- Jechoonni daddabarsaa mallaqaan walqabatanii barreeffamanii jiran hiika isaanii hubachuun waan hindanda’amneef ergaan isaan dabarsuuf barbaadames qaama bira gahuu qabu biratti akka hubatamuuf afaan walteessuufi hiika jechootaa mooggaasuun hayyoonni xiinqooqaa qooda isaanii bahuu barbaachisaadha.
- Baankiiwwan tajaajila barbaachisaa ta’e hawaasaaf kennuuf duraan dursee fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruufi akkaataa hawaasni karaa salphaa ta’een tajaajila barbaadu argatuuf afaan hawaasni naannoo fayyadamu hojiirra oolchuun barbaachisaadha.
- Hojjattoonni dhaabbilee baankiiwwaniifi naannicha keessatti qacaramanii hojjatan afaan hojii naannichaa beekuun ulaagaa ta’ee bakka hundatti hojiirra ooluu osoo danda’amee gaariidha.

# Wabiilee


Abebe Keno. (2006). "*Case Makers in Oromo"* in Ethiopian Language Research Center.AAU.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo*: *Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadirmee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Efficiency Printing press.

Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Semmoo: Bu"uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Alamuu Argasaa. (2010). "Qaaccessa Uunka, Qabiyyeefi Fayyadama jechootaa Qaboo Yaa'ii Waajiraalee Mootummaa Aanaa Noonnoo." Waraaqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA), Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxafamne.

Alemseged. (2004). *Diversity and state-building in Ethiopia*. African Affairs, 103(413), pp. 593-614.

Akinnaso, F. (1991). *towards the development of a multilingual language policy in Nigeria*. Applied Linguistics, 12(1), pp. 29-61.

Bamgbose, A. (2000) *Language and exclusion: the consequences of language policies In Africa.* Hamburg, LIT VERLAG Munster.

Berlo's, (1960). *Model of Communication.https.//www.researchgate.net*

Best, J. (1981). *Research in Education*. New Delhi. Prentice Hall Inc.

Bhattacharya, H. (2007) *Federalism in India: Institutional Strategies and Political Accommodation of Identity*. NP, University of Heidelberg. Blackledge,

Caffee Oromiyaa. (1994). *Seera Mootummaa Naannoo Oromiyaa*.Finfinnee: Mana Maxxansaa Gutenbergi.

Chiu, C. (1994). *Bases of categorization and person cognition. Doctoral dissertation,* Columbia University

Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Cohen, L, Manion, L. (1994). *Research methods in education* (4th Ed.). London: Routledge.

Cooper, R. (1976). *The Study of Language Use*. In M.L. Bender, J.D. Brown, R.

Cook, G. (2010). ? *The Discourse of Advertising*. London: Penguin Books

Coulmas, F. (1997).*The Handbook of Sociolinguistics*. UK: Blackwell Publishers

Coulmas, F. (1998). Introduction. In F. Coulmas (Ed.), the handbook of Sociolinguistics (pp. 1-11). Carlton: Blackwell.

Daangaa Bayeechaa. (2010) "Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa: Magaalaa Sulultaa" Waraaqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA), Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxafamne.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee:Far East Trading PLc.

Dastaa Dassaaleny. (2009). *Bu'uura Qorannoo.* Addis Ababaa: mana maxxansaa Boolee.

Dua, H. (1993). *the national language and the ex-colonial language as rivals*: the case Of India. International Political Science Review, 14 (293), pp.293-308.

Fleiner, T. (2002). recent developments of Swiss federalism. Publius: The Journal of Federalism, 32(2), PP. 97-123.

Gadaa Melbaa (1988). *Oromia: An Introduction. Sudan*: Khartoum.

Gammachiis Zawuduu. (2008). "XiinxalaHasbarruu Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee" Waraaqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA), Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxafamne.

Getachew and Derib. (2006). *Language policy in Ethiopia*: history and current Trends. Ethiopian Journal of Education and Sciences, 2(1), pp. 37-62.

Goldman-Rakic. (1998). *The prefrontal Landscape: Implications of Functional Architecture for understanding Humanmention and the centeral Executive. In A.c. Roberts, W. T.*

*Robbins et al. (eds), The prefrontal cortex: Excutive and (pp. 87-102).* New York: Oxford University Press.

Goshgarian, G. (Ed.). (2001). *Exploring Language*, 9th Ed. New York: Addison Wesley Educational Publishers, Inc.

Gragg, G. (1976). "Oromo of Wollega." *In The Non Semantic Language of Ethiopia,* ed. M.L. Bender, pp. 166-195. East Lansing. Michigan: Michigan State University Press.

Grin, F. (2005) Linguistic human rights as a source of policy guidelines: a criticalAssessment. Journa l of Sociolinguistics, 9(3), 448-460.

Habiib Sheekaa. (2008). "Dhiibbaa Fayyadama Afaan Amaaraa qofa ta'uun waajiiraalee mootummaa federaala Itiyoophiyaa: Godina Harargee Lixa, Magaala Ciroo qaacceessu" Waraaqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA), Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxafamne.

Halliday, M, A, K. (1994). *An Introduction to Functional Grammar (2nd edn)* London Arnold.

Heera Mootummaa Naannoo Oroniyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak, 46/1994, (2008). Finfinnee:

Hodge, B. and Kress, G. (1993).*Language as Ideology (2nd ed.).* London and New York: Routledge.

Keyton, (2011). Communication and Organzational Culture: A key to Understanding Work Experiences, 2 ed. Sage Publishing Inc.

Liulseged Erikum. (1994). Language *Use in Resettlement Sites*. *The Case of Angerguttin, Dimtu, Ilu Aba Bora and Gambela*. In Bahiru Zewude etal (eds.) Preceding of the Eleventh International Conference of Ethiopian Studies. Addis Ababa: Institute of Ethiopian Studies.

Makuria Bulch (1994). Onesmos Nasib‟s Pioneering Contribution to Oromo Writing. Sweden. Uppsala Unpublished.

Mana Maree Federeeshinii (1987). *Heera Mootummaa Federaalaa*. Finfinnee: mana Maxansaa Biraanifi Salaam.

Milkeessaa Midhaagaa. (2015).*Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa* 1855-2015.Finfinne, Oromiyaa.

Shohamy, E. (2006). *Language policy: Hidden agendas and new approaches*. New York:Routledge.

Stockwell, P. (2002). *Sociolinguistics*: *A Resource book for Students*. London and New York: Routledge.

Teubert, W. (2010). *Meaning*,*Discourse and Society*. Newyork: Cambridge University Press.

Wareing, Sh. and Thomas, L. (1999). *Language*, *Society and Power*. *An Introduction*. London: Routledge.

Wiley, T. G. (2000). *Continuity and change in the function of language ideologiesIn the United States.* In T. Ricento, (Ed.), Ideology, politics, and languagePolicies: Focus on English (pp. 67-85). Amsterdam: John Benjamins.

Wolff,E.(2000).”*Language and Society”*In Heine,B.and Nurse,D.(eds.)*African Languages:An Introduction*.Cambridge University Press.

Xaahaa Maammaa. (2008) “Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Agaarfaa” Waraaqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA), Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxafamne.

Young. (1998) *Regionalism and democracy in Ethiopia*. Third World Quarterly, 19(2), pp. 1991-204

# Dabaleewwan

## Dabalee - A

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii**

**Afgaaffii I/G Baankiiwwan Aanaa Walmaraaf Qophaa'e.**

Gaaffileen afgaaffii fayyadama Afaanii barreeffamaafi dubbii keessatti baankiiwwanii Aanaa Walmaraa keessa jiru maal akka fakkaatu qaaccessuuf kan qophaa'edha.

**Kutaa 1.Haala Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa Keessatti**

1. Fayyadamni afaanii baankiiwwan keessatti maal fakkaata?

2. Hojjattoonnifi maamiltoonni afaan kamiin walii galu?

3. Afaan baankiiwwan ittiin tajaajila kennaa jiran maamiltoonni akkamitti ilaalu?

4. Baankiiwwan afaanota adda addaa gargaaramuun maamiltootaaf bu'aa maalii qaba?

5. Afaan baankiiwwan ittiin tajaajilaniifi hubannoon itti fayyadamtootaa bira jiru maal fakkaata?

6. Rakkoon fayyadama afaaniin walqabatee maamiltoota muudate jiraa?

7. Waraqaaleen herregni ittiin bahiifi galii ta'u, afaan kamiin barreeffamanii jiru?

8. Barreeffamni maqaa dhaabbataa ibsuufi barreeffamoonni adda addaa afaan kamiin barreeffamanii jiru?

9. Baankiiwwan labsii dhimma fayyadma afaanii ilaalchisee hubannoon qaban maal fakkaata?

10. Ciminniifi hanqinaaleen fayyadama afaaniin walqabatee baankiiwwan keessatti mul'ate maali?

**Dabalee - B**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii**

**Kutaa 1. Afgaaffii, Hojjattoota Baankiiwwan Aanaa Walmaraaf Qophaa'e.**

Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatan kunneen dhimma itti fayyadama Afaanii, barreeffamaafi dubbii keessatti tajaajilu ilaalchisee, hojjattootniifi maamiltoota keessummeessuf baankiiwwan Aanaa Walmaraa keessatti ittiin gargaaraman maal akka fakkaatu qaaccessuuf kan qophaa'edha.

**Odeeffannoo Waliigalaa Iddoo Isin Ilaallatutti Mallattoo** /×/ **kana kaa'a.**

Maqaa Mana Hojii-----------------------------------Saala Dhi □ Du □

Umurii 20 gadi □ 20-25 □ 26-35 □ 36-50 □ 50 ol □

Ganda/ Baadiyyaa □ Magaala □ Gahee Hojii I/Gaafatamaa □ Hojjataa □

Sadarkaa Barnootaa Dip□ Dig□ MA/MSC□ Kan Biroo □

Daandeettii Afaanii:

Afaan Oromoo □ Afaan Amaaraa □ Afaan Ingilizii □ Kan Biroo ______________

**Kutaa 2. Haala Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa Ilaalchisee Afgaaffii I/Gfi Hojjattootaaf Dhiyaate**

1. Maamiltoota tajaajilaaf gara baankii keessanii dhufan afaan kamiin tajaajiltu?

2. Fayyadama afaanii barreeffamaafi dubbii keessatti karaa walqixa ta'een gargaaramtuu?

3. Fayyadama afaaniin walqabatee rakkoon isin muudate jiraa?

4. Maamiltoota fayyadama afaanii irratti hubannoo hinqabne akkamittiin deeggartu?

5. Akka mana hojii keessaniitti qajeelfamni fayyadama afaaniin walqabatee hojiirra oolchitan jiraa?

6. Imaammatni fayyadama afaaniifi raawwiin akka baankii keessaniitti jiru maal fakkaata?

7. Walsimannaa dhabuun fayyadama afaanii maqaa dhaabbataa ibsuufi keessatti barreeffamu irratti mul'atu maal irraa ka'eeti?

8. Maamiltoota gara keessan dhufaniif odeeffannoowwan barreeffaman kan guutu eenyu?

9. Itti fayyadama afaanii baankiiwwanii sirreessuuf akka WATtti hojiin hojjatame jiraa?

Deebii naaf kennitaniif galatoomaa.

**Yuunivarsiitii Addis Ababa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii**

**Kutaa1. Afgaaffii Maamiltoota Baankiiwwan Aanaa Walmaraaf Qophaa'e.**

Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatan kunneen dhimma itti fayyadama Afaanii, barreeffamaafi dubbii keessatti tajaajilu ilaalchisee maamiltoonni baankiiwwanii Aanaa Walmaraa keessatti ittiin gargaaraman maal akka fakkaatu qaaccessuuf kan qophaa'edha.

**Odeeffannoo Waliigalaa Iddoo Isin Ilaallatutti Mallattoo** /×/ **kana kaa'a.**

Maqaa Mana Hojii-----------------------------------Saala Dhi □ Du □

Umurii 20 gadi □ 20-25 □ 26-35 □ 36-50 □ 50 ol □

Ganda/ Baadiyyaa □ Magaala □ Gahee Hojii--------------------

Sadarkaa Barnootaa Dip□ Dig□ MA/MSC□ Kan Biroo □

Daandeettii Afaanii:

Afaan Oromoo □ Afaan Amaaraa □ Afaan Ingilizii □ Kan Biroo ______________

**Haala Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aanaa Walmaraa Ilaalchisee Afgaaffii Maamiltootaaf Dhiyaate**

1. Gara baankii yeroo dhuftan afaan kamiin tajaajila argataa jirtu?
2. Baankiiwwan kunneen osoo afaan kamiin isin keessummeessee feetu?
3. Rakkoon fayyadama afaaniitiin walqabatee isin quunname jiraa?
4. Unkaawwan herrega sochoosuuf gargaaramtan dhuunfaan niguuttuu?
5. Fayyadama afaanii baankiiwwanii ilaalchisee yaada maal qabdu?
6. Hubannoon isiin qabdaniif afaan baankiiwwan gargaaraman walmadaalaa?
7. Baankiiwwan osoo afaan kamiin isin tajaajilee feetu?
8. Rakkoon hiika barreeffamoonni waraqaalee dabarsaniin walqabatee isin muudate jiraa?

Deebii naaf kennitaniif galatoomaa!

**Dabalee - C**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii**

**Kutaa1. Bargaaffii Kutaa Yaada Waligalaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii qorannoo Fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aaanaa Walmaraa qaaccessuuf kan qophaa'anidha. Kaayyoon qorannichaas, qorannoo itti guuta digirii lammaffaaf kan wixineeffame ta'ee, argannoon qorannichaa immoo haala Fayyadama Afaanii Baankiiwwan keessatti maal akka fakkaatu hubachiisuun yoo hanqinni mul'ate yaada furmaataa kennuufiidha. Qorattuunis, deebii isin laattan hundaaf duraan dursitee isin galateeffachaa, deebiin isin laattan kamiyyuu akka dogoggorraatti akka hin ilaalamne isin hubachiisuun barbaada. Kanaaf, deebiin isin amanamummaan kennitan bakka ga'umsa qorannoo kanaatiif iddoo guddaa qaba. Deebii keessan irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.

Galatoomaa!

**Odeeffannoo Waliigalaa**

Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatan kunneen dhimma itti fayyadama Afaanii, barreeffamaafi dubbii keessatti tajaajilu ilaalchisee I/G, hojjattootni baankiiwwan Aanaa Walmaraa keessatti ittiin gargaaraman maal akka fakkaatu qaaccessuuf kan qophaa'edha. Kanaaf haala qabatamaa keessa jirtan irratti hundaa'uun mallattoo /x/ kana iddoo barbaachisetti kaa'a.

Maqaa Mana Hojii----------------------------------Saala Dhi □ Du □

Umurii 20 gadi □ 20-25 □ 26-35 □ 36-50 □ 50 ol □

Ganda/ Baadiyyaa □ Magaala □ Gahee Hojii---------------------

Sadarkaa Barnootaa Dip□ Dig□ MA/MSC□ Kan Biroo □

Daandeettii Afaanii:

Afaan Oromoo □ Afaan Amaaraa □ Afaan Ingilizii □ Kan Biroo _______________

**Kutaa 1. Bargaaffii**

**A.**Gaaffiwwan armaan gadii haala itti fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti hojiirra oolaa jiru kan ilaallatudha. Kanaaf, gaaffilee armaan gaditti isiniif dhiyaatan bu'uura godhachuun haala deebii keessan kennaa.

1. Maamiltoota gara baankii keessanii dhufan afaan kamiin keessummeessitu?

Afaan Oromo □ Afaan Amaaraa □ Afaan Ingiliii □ Kan biroo □

2. Maamiltoonni keessanoo afaan kamiin yaada isaanii ibsatu?

__________________________Maaliif isinitti fakkaaata?

_________________________________

______________________________________________

3. Baankii keessan keessatti Afaan akka dirqamaatti ittiin tajaajila kennitan nijiraa?

Eeyyee □ Lakki □

4. Haala itti fayyadama afaanii mana hojii keessanii akkamitti madaaltu?

Baay'ee mijataadha □ Mijaataadha □ Giddugaleessa □ Rakkisaadha□

5. Tajaajila kennitan keessatti rakkoon itti fayyadama afaaniin walqabatee isin muudate jiraa?

Eeyyee □ Lakki □

6. Deebiin keessan gaaffii lakkoofsa 5ffaa irratti kennitan 'eeyyee' yoo ta'e, rakkina isin muudate haala kamiin hiiktan? ______________________________________________________________

___________________________________________

7. Fayyadamni afaanii mana hojii keessanii tajaajila kennitan nidaangessaa?

Eeyyee □ Lakki □

8. Deebiin keessan eeyyee yoo ta'e, bifa kamiin kan daangessu isinitti fakkaata?

____________________________________________________________________________

9. Dhimmootni labsii heera mootummaafi fayyadamni afaanii mana hojii keessanii walsimaa?

Eeyyee □ Lakki □

10. Fayyadama afaanii ilaalchisee labsii heera mootummaa irratti barreeffamee jiru hojiirra oolchuun isin biratti maal fakkaata?

___________________________________________________

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanoota, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiittii Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi fookloorii**

**Bargaaffii Kutaa 2.Yaada Waligalaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii qorannoo Itti fayyadama Afaanii Baankiiwwan Aaanaa Walmaraa qaaccessuuf kan qophaa'anidha. Kaayyoon qorannichaas, qorannoo itti guuta digirii lammaffaaf kan wixineeffame ta'ee, argannoon qorannichaa immoo haala fayyadama Afaanii Baankiiwwan keessatti maal akka fakkaatu hubachiisuun yoo hanqinni mul'ate yaada furmaataa kennuufiidha. Qorattuunis, deebii isin laattan hundaaf duraan dursitee isin galateeffachaa, deebiin isin laattan kamiyyuu akka dogoggorraatti akka hin ilaalamne isin hubachiisuun barbaada. Kanaaf, deebiin isin amanamummaan laattan bakka ga'umsa qorannoo kanaatiif iddoo guddaa qaba. Deebii keessan irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.

**Odeeffannoo Waliigalaa**

Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatan kunneen dhimma itti fayyadama Afaanii, barreeffamaafi dubbii keessatti tajaajilu ilaalchisee Maamiltootni baankiiwwan Aanaa Walmaraa keessatti itti gargaaraman maal akka fakkaatu qaaccessuuf kan qophaa'edha. Kanaaf haala qabatamaa keessa jirtan irratti hundaa'uun mallattoo /x/ kana iddoo barbaachisetti kaa'a.

Maqaa Mana Hojii----------------------------------Saala Dhi □ Du □

Umurii 20 gadi □ 20-25 □ 26-35 □ 36-50 □ 50 ol □

Ganda/ Baadiyyaa □ Magaala □ Gahee Hojii----------------------

Sadarkaa Barnootaa Dip□ Dig□ MA/MSC□ Kan Biroo □

Daandeettii Afaanii:

Afaan Oromoo □ Afaan Amaaraa □ Afaan Ingilizii □ Kan Biroo _______________

**1. Bargaaffii**

**A.**Gaaffiwwan armaan gadii haala itti fayyadama afaanii baankiiwwan keessatti hojiirra oolaa jiru kan ilaallatudha. Kanaaf, gaaffilee armaan gaditti isiniif dhiyaatan bu'uura godhachuun deebii keessan kennaa.

1. Gara baankiiwwanii yeroo dhuftan afaan kamiin tajaajila argattu?
2. Afaan Oromoo □ Afaan Amaaraa □ Afaan Ingilizii □ Kan biroo □

2. Afaan kamiin osoo tajaajilli isiniif kennamee feetu? Sababa keessan ibsaa.________________

__________________________________________________________

3. Baankiiwwan keessatti afaan isin dirqamtanii itti gargaaramtan jiraa?

Eeyyee □ Lakki □

4. Haala fayyadama afaanii baankiiwwan keessa jiruu akkamitti madaaltu?

Baay'ee gaarii □ Gaarii □ Giddugaleessa □ Hanqina qaba □

5. Deebiin keessa lakkoofsa 4ffaa irratti kennitan 'hanqina qaba' kan jedhu yoo ta'e maaltu fooyya'uu qaba? ____________________________________________________________________

______________________________________________

6. Tajaajila argachuu barbaaddan keessatti rakkoon fayyadamaa afaaniin walqabatee isin quunname jiraa?

Eeyyee □ Lakki □

7. Deebiin keessan lakkoofsa 6ffaa irratti kennitan 'eeyyee' yoo ta'e rakkina isin muudate haala kamiin furtan?

____________________________________________________________________________

______________________________________________________

8. Fayyadama afaanii keessatti jechoonni ykn gaaleewwan adda addaa tajaajila argachuu feetan daangessan jiruu?

Eeyyee □ Lakki □

9. Rakkooleen hiika jechootaa ykn gaaleewwaniin walqabatanii yoo isin quunnaman tooftaa maal gargaaramtu?

____________________________________________________________________

_________________________________________


10. Baankiiwwan keessatti dhimmoonni fayyadama afaaniin walqabatee fooyya'uu qaba jettanii yaaddan maali?

______________________________________________________________________________

## DABALEE-D

Kutaa kana jalatti suuraawwan adda addaa baankiiwwan keessatti haala fayyadama afaanii jiru kanneen agarsiisanidha.




Suuraa barjaa BDI Afaan Oromoon barreeffamee, alaan mul’atuufi waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u kan Afaan Amaaraatiin barreeffame.






Suuraa barjaa BIO irraa kan fudhatameefi waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u kan Afaan Amaaraan barreeffame.








Suuraa barjaa BHGO Afaan Oromoon barreeffameefi waraqaa mallaqni ittiin bahii ta’u, kan AO’n barreeffame.






Suuraa barjaa BA fuula alaan jalqaba AO’n barreeffameefi Waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u kan AAfi AItiin barreeffame.







Suuraa barjaa BIN fuula alaan jalqaba AO’n barreeffameefi Waraqaa maallaqni ittiin bahii ta’u kan AAfi AItiin barreeffame.















Maxxansaalee adda addaafi beeksisaa Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitiin barreeffaman.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoo koo armaan gaditti eerame, qorannoo kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu____________________________

Mallattoo______________________

Guyyaa________________________